# Biiroo Bulchinsa fi Itti Fayyadama Lafa Baadiyyaa Oromiyaa

## Maanuwaali Sirna Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa (MSBLB)

**Maanuwaalli Kun Gargaarsa Sagantaa LIFT (Land Investment for Transformation) tiin Qophaa'e**

**Sadaasa,2009**

**Finfinnee**

## Baafata

1. seensa ........................................................................ - 4 -

2. Yaada Waliigalaa waa'ee Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa ........................ 14

**2.1 Seenaa Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa ........................ 14**

**2.2 Haala Caaseeffamaa (Institutional framework) ........................ 15**

**2.2.1. Lafa Fi Heera Biyyaa Keeenyaa** ........................ 15

**2.2.2 Imaammatoota Lafa Waliin Walqabatan** ........................ 15

**2.2.3 Seerota fi Danbiiwwan Lafaa** ........................ 16

**2.2.4. Karoora Agarsiistuu Tarsiimawaa (SRM) Sirna Bulchiinsa fi Ittifayyadama** ........................ 17

**Lafa  Baadiyyaa Biyyaalessaa** ........................ 17

**2.3. Dhaabbilee Bulchiinsa Lafaa ........................ 18**

**2.3.1. Sadarkaa Naannoo** ........................ 18

**2.3.2. Sadarkaa Godinaa** ........................ 18

**2.3.3. Sadarkaa Aanaatti** ........................ 19

**2.3.4. Sadarkaa Gandaatti** ........................ 19

**2.4. Qabiinsa Lafa, Bulchiinsa Lafaa fi Mirga Qabiyyee Lafaa ........................ 21**

**2.5. Haala Arganaa Lafa Baadiyyaa ........................ 23**

**2.5.1 Qabiyye Dhuunfaa (Lafa Dhuunfaa)** ........................ 23

**2.5.2 Qabiyyee/Lafa Waliinii** ........................ 24

**2.5.3. Lafa Mootummaa** ........................ 24

**2.6. Galmee Lafaa fi Kaadaastara ........................ 24**

**2.6.1 Galmee Lafaa** ........................ 24

**2.6.2 Kaadaastara** ........................ 24

**2.7. Sirna Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa ........................ 25**

**2.7.1. Odeeffannoo Lafaa fi Sirna Odeeffannoo Lafaa** ........................ 26

**2.8. Sirna Odeeffannoo Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Biyyaalessaa (SOBLBB) ........................ 28**

**2.8.1. Galmee waliigalaa (Mass Registration)** ........................ 28

**2.8.2. Galmee Lafaa Haaromsuu** ........................ 29

**2.8.3. Osoo Waraqaan Ragaa Qabiyyee Lafaa Sad. 2ffaa Kennamaa Jiruu Dabarsa Mirga Lafaa Galmeessuu** ........................ 30

**2.9. Gosoota Dabarsa Mirga Lafa Baadiyyaa ........................ 30**

**1.9.1. Mirgoota Qabiyyee Lafaa Dabarsuuf Kan Raawwatamu** ........................ 31

**2.9.2 Haala Mirgi Dabarsa Mirga Lafaa Ittiin Daangaa'u** ........................ 33

**2.9.3 Daangaa/boca Maasii Sirreessuu fi waraqaa Ragaa Jijjiiruu** ........................ 33

**2.9.4.Sirreeffamoota Boca Maasii Ilaalchisee Raawwataman Keessaa** ........................ 34

**2.10. Qajeeltooowwan Bu'uuraa Adeemsa Dabarsa Mirga Lafa Baadiyyaa ........................ 34**

**2.10.1 Waraqaa Ragaa Qabiyyee Lafaa** ....35
**2.10.2 Qaqqabamummaa (Availability and Accessibility) Odeeffannoo Lafaa** ....36
**2.11. Ibsa Adeemsa Dabarsa Lafa Baadiyyaa .... 36**
3. Adeemsa dabarsaa Mirga Lafaa Tokkoo Tokkoon ....41
**3.1. Adeemsa Mirgi Lafaa Dhaalaan Ittii Darbu .... 42**
**3.1.1. Dhaamsa Dhaalaa Irratti Hundaa'uun Mirga Qabiyyee Dabarsuu** ....42
**3.1.2. Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Dhaamsa Dhaalaa Malee (Inheritence without Will)** ....49
**3.2.Adeemsa Jijjiirama Mirga Abbaa qabiyyummaa Lafaa sababa diigamuu gaa'ilaatiin .... 55**
**3.3. Adeemsa Mirga Lafaa Kennaadhaan Dabarsuu .... 61**
**3.4. Adeemsa Wal-jijiirraan Maasii Ittiin Raawwatamu .... 66**
**3.5. Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Yeroo Mootummaan Misooma Hawaasaaf .... 72**
**Qabiyyeen fudhatamu .... 72**
**3.6.Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Yeroo Lafti Hiramu (Reallocation) Raawwatamu .... 77**
**3.7. *Hojimaata Raawwii Dabarsa Mirga Lafaa Haala Addaatiin* .... 83**
**3.8. Dabarsa Mirga Lafaa Daangaa (restrictions) Qabu .... 89**
**3.8.1Adeemsa Dabarsa Lafaa Kiraa/Liizii** ....89
**3.8.2. Hojimaata Dabarsa Mirga Lafaa Karaa Darbaa (Servitudes/Easement)** ....95
**3.8.3. Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Daangaawwan Birootiin** ....100
**3.9. Adeemsa jijjiirama galmee boca maasii fi kan biroo sirreessuuf taasifamu .... 105**
**3.9.1. Adeemsi Galmee Jijjiirama Maasii Waliti aanfachuun Uumame** ....105
**3.9.2. Hojimaata Sirreefamni daangaa maasii ittiin raawwatu** ....111
**( .... 111**
**3.9.3. Hojimaata Sirreeffama Salphaa Ilaallatu** ....116
**3.10. Adeemsa Waraqaa Ragaa Qabiyyee Lafaa Jijjiiruu .... 121**
4. Referances....126

## 1. SEENSA

Dhimmi lafaa dhiima diinagdee, hawaasummaa, siyaasa fi aadaa waliin walqabatu waan ta'eef walxaxaa ta'uun isaa beekamaa dha. Haabitaat Ajandaa keewwata 75, namoonni haala seera qabeessa ta'een lafa akka argatan gochuun baadiyyaa fi magaalaa keessatti rakkoo mana jireenyaa hiikuuf akkasumas qubannaan fooyya'aan akka jiraatu gochuu keessatti dhimma murteessaa ta'uu isaa ni ibsa.
''Lafti baadiyyaa fi magaalaa imaammataa fi bulchiinsa sirrii ta'een hoogganamuu baannaan hiyyummaan akka hammaatu akkasumas namoota gidduutti fayyadamummaan haqa qabeessa ta'e akka hin jiraanne gochuu ni danda'a.''(UN- Habitate 2003 ALA).Kana malees lafti mana jireenyaa, oomiishtummaa fi sochii dinagdee hundaaf bu'uura.

Kanaafis mirga lafatti fayyadamuu lammiilee mirkaneessuun sochii misoomaa fi walqixa fayyadamummaa hawaasaa waan ariifachisuuf hiyyummaa hir'isuu keessatti gahee olaanaa qaba.Kana malees abbootiin qabiyyee lafa isaanii haalaan kunuunsuun humna guutuun akka misoomsan, tajaajilawwan hawaasummaa addaddaa salphaatti akka argatan akkasumas carraa liqii maallaqaa ittiin argachuu danda'an waan uumuuf dhimmichi gama hundaan faayidaa guddaa kan qabuudha.

Akkaataan lafa bulchuu, misoomsuufi mirgi ittifayyadama lafaa ittiin mirkanaa'u haala qabatamaa naannoo fi hawaasummaa irratti hundaa'ee bakkaa bakkatti garaagarummaa kan qabu ta'us dhimicha haala sirrii ta'ee fi haqa qabeessa ta'een raawwachuuf imaammanni sirriin jiraachuu qaba.Kana qofa osoo hin ta'in seeronnii fi qajeelfamoonni akkasumas sirni buchiinsa lafaa imaammata kana haalaan hojiitti jijjiiruuf gargaaru jiraachuu qaba.

Bulchiinsa lafaa jechuun odeeffannoo lafa waliin walqabatu kan akka mirga ittifayyaama lafaa, gatii lafaa (Value) akkasumas qabeenyawwan lafa waliin walqabatanii jiran galmeessuu fi tamsaasuu jechuu yoo ta'u kunis lafa qawwissuu, ragaa ykn odeeffannoo lafaa qindeessanii qabachuu fi ittifayyadamuu ofkeessatti kan qabatuudha.
Hojiin bulchiinsa lafaa fi mirga ittifayyadama lafaa mirkaneessuu(Tenure security) akkasumas ragaa lafaa qindeessuu yeroo tokkotti hojjatamee kan xumuramu osoo hin ta'in akkuma fedhiin fi haalli ittifayyadama lafaa jijjiiramaa deemuun walittifufinsan fooya'aa fi sirreeffamaa deemuu kan qabuudha.Haaluma kanaan sirni bulchiinsa lafaa fi ragaan dhimma


lafaa waliin walqabatus haala qabatamaa jiru irratti hundaa'ee yeroodha yerootti fooyya'aa fi haaromsamaa (Updated ) deemuu qaba.

Maanuwaaliin (Maanuwaalli Sirna Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa) kun sirna bulchiinsa lafa baadiyyaa qofa irratti kan xiyyeeffatuudha.Kanarraa ka'uudhanis maanuwaalichi dhimmoota:-

- Fedhii ittifayyadama lafaa fi daddabarsa (Transaction) lafaa yeroodhaa yerootti uumamu waliin walqabatee adeemsa ragaan lafaa haaromsamu (Updating) irratti xiyyeeffata (keessumaa kenna waraqaa ragaa qabiyyee lafaatiin kan walqabatee).
- Kana malees maanuwaalichi ragaa lafaa misooma biyyaa keessatti akka galteetti fayyadus ni kenna

Sirnni bulchiinsa lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa(SBLBNO)sirna Koompitaraa 'Sirna Odeeffannoo Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Biyyaalessaa'(NLAIS) jedhamuun kan deeggarmu dha.Gama biraatiin 'Sirni Odeeffannoo Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Biyyaalessaa' kun haala sirna bulchinsa lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa waliin walsimu fi qindaa'een kan qophaa'eedha.Kana malees sirna 'sooftii weerii' waliigalaa dhimmoota galmee lafaa(Mass Registration) fi ragaa lafaa fooyyeessuu (Updating of land Register) ofkeessatti kan qabatee fi akkaataa haala qabatamaa naannolee(Regions)irratti hundaa'uun kan fooyya'uu fi hojiirra ooluu ta'a.

Haata'u malee naannoolee gidduu akkasumas naannoolee fi mootummaa Fedaraalaa gidduu haala salphaa ta'een ragaa waliirraa fudhachuu (waljijjiiruu) akka danda'amu gochuuf ,naannooleen hundi sirna odeeffannoo kana yeroo qopheessan ykn fooyyeessan moodela odeeffannoo waliigalaa (Common Data Model) fi safartuulee (set of standards) jiran irratti hundaa'uu qabu.




**Fakki.1 Moodela Waliigalaa Sirna Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa**

Maanuwaalii Sirna Bulchinsa Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa dookumeentii bifa adda ta'een qophaa'e kun daddabarsa lafaa (Land Transaction) haala qindaa'e fi iftoomina qabuun raawwachuuf sirna ykn hojimaatawwan hojiin kun ittiin raawwatamuu qabu, ragaalee akkasumas wantoota tajaajilamtoota irraa eegaman ifatti kan kaa'udha.Kana malees maanuwaalichi naannoolee biyya keenyaa keessatti argaman hunda keessatti haala walfakkaatuun akka qophaa'u ta'ee jira.

Gama biraatiin ammo bifa haala qabatamaa naannolee fi garaagarummaa seerota lafaa isaanii waliin deemuu (keessummeessuu) danda'uun kan qophaa'ee fi hojiirra ooluudha.Gama

biraatiin maanuwaalichi uunkaalee adda addaa fedhii ykn gaaffii daddabarsa lafaa kamiyyuu keessummeesuuf nama dandeessisan ofkeessatti hammatee jira.

**Wantoota Maanuwaalii kun Irratti Hundaa'e (Bu'ureeffate) Qophaa'e:**

- Caaseeffama dhaabbilee (Institutions) bulchiinsa lafaa naannoo keenyaa (Seerota fi dambiiwwan naannoo Oromiyaa),
- Ragaalee fi muuxannoowwn hojii Daareekterootii Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Ministeera Qonnaa Feedaraalaa, eejansiiwwan bulchiinsa lafa baadiyyaa naannoo keenyaa akkasumas piroojaktoota yaalii kanaan dura naannoo keenya keessatti hojjataman (Regional Pilot Projects) kan akka ELTAP/ELAP fi REILA,
- Xiinxala Maanuwaalii hojii dabarsa lafaa fi qabannaa ragaa piroojaktii ELAP,

Gama biraatiin maanuwaalii sirna bulchiinsa lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa muuxannoowwan fi adeemsa hojii bulchiinsa lafaa kanaan dura ittiin hojjatamaa ture bu'ura godhachuun hojicha bifa qindaa'aa fi haala salphaa ta'een raawwachuuf nama dandeessisuun kan qophaa'ee dha.

***<u>Hubachiisa:-</u>***

Maanuwwaaliin kun:

1. Aanaalee naanniichaa hunda keessatti Sirna Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa bu'aa qabeessa fi fooyya'aa ta'e hojiirra oolchuuf ni gargaara.Ogeessota fi qaamolee hojiin bulchiinsa lafaa kallattiin isaan ilaallatu leenjisuufis ni fayyada.Kana malees, abbotiin qabiyyee lafaa tajaajila dabarsa lafaa barbaadan hojimaata fi adeemsa tajaajilli kun ittiin kennamu fi ragaalee isaan irraa barbaachisan salphaatti akka hubatan ni gargaara.
2. Sirni Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa haala qabatamaa yeroo (dhimmoota Caaseeffama, dhaabbilee bulchiinsa lafaa, dinagdee) irratti hundaa'uu yeroo yeroon irra deebi'amee faayya'aa kan deemu ta'a.Haaluma kanaanis maanuwaalichi jijjiirama sirna bulchiinsa lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa ilaalchisee uumamu irratti hundaa'ee yeroo yeroon fooyya'aa fi walittifufiinsaan hojiirra kan oolu ta'a.

**Jechoota Gabaajee**

| | |
|---|---|
| AFDB | Baankii Misooma Afrikaa |
| AILAA | Eejansii Bulchiinsa Lafa Invastiimantii Qonnaa |
| AU | Gamtaa Afriikaa |
| ECA | Koomiishinii Diinagdee Afriikaa |
| DFID | Muummee Misooma Idil-addunyaa |
| FAO | Dhaabbata Nyaataa fi Qonnaa Biyyoota Gamtoomanii |
| ELAO | Sagantaa Cimsachuu Bulchiinsa Lafaa Itiiyoophiyaa |
| ELTAP | Sagantaa Cimsachuu Mirga Qabiyyee Lafa fi Bulchiinsa Lafaa Itiiyoophiyaa |
| FIG | FeedareeshiniiQiyyaastota Idil-addunyaa |
| GIS | Sirna Odeeffannoo Lafaa |
| GIZ | Dhaabbata Walgargaarsaa Biyya Jarman |
| GLTN | Saaphana Odeeffannoo Idil-addunyaa |
| GOE | Mootummaa Itiiyoophiyaa |
| ISO | Dhaabbata Sadarkaa Idil-addunyaa |
| KLAC | Koree Bulchiinsa Lafaa Gandaa |
| LADM | Moodela Qabiyyee Lafaa |
| LAND | Bulchiinsa Lafaa Misooma Deeggaru |
| LAUD | Muummee Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafaa |
| LIFT | Sagantaa Invastiimantii Lafaa Tiraansfoormeehiniif |
| LIS | Sirna Odeeffannoo Lafaa |
| MoA | Ministeera Qonnaa |
| M4P | Misooma Gabaa Qonnaan Bultoota Harka Qalleeyyiif |
| NGO | Dhaabbilee Mit-mootummaa |
| NRLAIS | Sirna Odeeffannoo Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Biyyaalessaa |
| REILA | Bulchiinsa Lafaa Fooyya’aa |
| RLAS | Sirna Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa |
| SARDP | ‘SIDA’ Sagantaa Misooma Baadiyyaa Amaaraa |
| SIDA | Eejansii Walgargaarsa Misoomaa Swiidin Idiladdunyaa |
| SLLC | Kenna Waraqaa Ragaa Sadarkaa Lammaffaa |
| SLMP | Piroojaktii Qabiinsa Lafaa Walittifufiinsa Qabu |
| SNNP | Saboota, Sablammoota fi Ummattoota Kibbaa |
| SRM | Karoora Agarsiistuu Tarsiimawaa |

| | |
|---|---|
| UN-Habitat | Sagantaa Qubannaa Namootaa Dhaabbata Biyyoota Gamtoomanii |
| UPIN | Lakoofsa Addaa Maasii tokkoof Kennamu |
| USAID | Eejansii Misooma Idil-addunyaa Ameerikaa |
| WB | Baankii Addunyaa |

**Hiika Jechootaa** (Glossary of Terms)

| | |
|---|---|
| Mirga abbuummaa qabiyyee lafaa mirkaneessuu(Adjudication) | Abummaa qabiyyee lafaa ilaalchisee murtee dhumaa fi seera qabeessa kennuu. Hojii kun karoora ykn kaka'umsa mootummaatii(Systematic Adjudication) ykn ammoo gaafii abbootii qabiyyee lafaa irraa dhufu(Sporadic Adjudication) irraa ka'uun raawwatamuu ni danda'a. |
| Kaadaastara(Cadastre) | Ragaalafaa sadarkaa maasiitti (fkn bakka itti argama maasii,bal'ina isaa,daangeessitoota isaa fi kkf )walitti qabuu,galmeessuu,qindeessuu |
| Dabarsa Mirga abbummaa Lafaa(Conveyancing system) | Sirna mirggi lafaa (Holding right) nama tokko irraa nama biraatti ittiin darbu |
| Galmee mirga dabarsuu (Deed Registration system) | Gosa galmee lafaa ta'ee ragaa jijjiirama ykn dabarsa lafaa taassiffame agarsiisuuf qindaa'uudha.Haata'u malee ragaan kun abbummaa qabiyyee maasii tokko hin agarsiisu.Kanaafis dabarsa lafaa raawwachuun dura abbaa qabiyyichaa adda baasuuf ragaa kanaan dura galmaa'ee jiru sakkatta'uun barbaachisaa ta'a. |
| Daangaa maasii adda baasuu(Demarcation) | Maasii tokko daangaa isaa adda baasanii galeessuu,qabachuu |
| Encumbrances | Abbaa qabiyyee lafaatiin ala miirga ykn fedhii namni biraa qabiyyee lafaa irraa qabu fi qabiyyeen sun nama biraatiif akka hindarbine dhoorkukan danda'u. |
| Daangaa Murtaa'e | Daangaa ogeesa qawwisa lafaatiin adda bahee galmaa'e(Murtaa'e) |
| Daangaa waliigalaa | Mallattoo uumamaa ykn namni tolchee fayyadamuun daangaa adda baasuu |
| GIS (Geographic Information System) | Meesha (Software) koompiitaraa fayyadamuun ragaa kaartaa waraqaarra jiru ragaa diijitaalaatti jijjiiruun sirreessuu, qindeessuu fi dhimma barbaadameef |

| | |
|---|---|
| | ittifayyadamuu |
| Bulchiinsa Lafaa | Sirna ragaa qabiyyee lafaa (abbaa qabiyyichaa,sadarkaa fi ittifayyadama isaa fi dhimmoota kan waliin walqabatn biroo) galmeessuu,qindeessuu,tamsaasuu,akkasumas murteewwan bulchiinsaa kennuu keessatti ittifayyadamuu |
| Lafa hoogganuu (Land Governance) | Sirna dhiyeessii fi ittifayyadma lafaa ilaalchisee murteen itti kennamu, adeemsa murteewwan kunniin hojiitti hiikaman akkasumas waldiddaan lafaa ittiin hiikamu. |
| Sirna Odeeffannoo Lafaa (Land Information System) | Sirna ykn sagantaa koompiitaraa odeeffannoo lafaa walitti qabuuf,qabachuuf,tamsaasuuf akkasumas yeroo barbaadametti baasanii ittifayyadamuuf gargaaru |
| Maanaajimeentii lafaa (Land Management) | Haala qabatamaa naannoo,dinagdee fi hawaasummaa akkasumas seerota irratti hundaa'uun adeemsa fi karoora kunuunsa,qabannaa fi ittifayyadama lafaa fooyya'aa ta'e diriirsuuf gargaaru |
| Land Register | Ragaa maasii akka barbaachisummaa isaatti koompiitara fi waraqaa irratti(Soft coppy and hard coppy)tiin galmeessuu ,qindeessuu fi qabachuu.Ragaan kun galmaa'ee waajiraalee bul.lafaa gandaa fi aanaatti kan taa'u dha. |
| Muudama Galmee lafaa (Land Registrar) | Nama ragaa dabarsa lafaa (Land Transaction) galmeessee qabachuuf akkasumas waraqaa ragaa kennuuf aangoo fi ittigaafatamummaa qabu.Ogeessi kun mootummaa bakka bu'ee hojicha waan hojjatuuf dogongora yoo raawwate itti gaafatama. |
| Land Registration | Adeemsa mirga abbummaa lafaa(Land Right) galmeessaa ,ragaa lafaa qabachaa fi jijjiirama yeroo yerootti uuamu qabachaa fi foyyeessaa(Updating) ittiin deemamu. |
| Qabiyyee Lafaa (Land Tenure) | Haala lafti dhuunfaanis ta'e gareen ittiin qabamuu danda'u yeroo ta'u kunis walitti dhufeenya kallattii namoonni lafa waliin qaban akkasumas dhimma lafaatiin walqabatee walitti dhufeenyi namoota dhuunfaa fi garee gidduu jiru |

| | |
|---|---|
| | kan ittiin ibsamuudha. |
| Dadabarsa lafa<br>(Land Transaction) | Fedhii abbootii qabiyyee lafaa irratti hundaa'uun akkaataa Mirga fi dirqama lafa waliin walqabatan hin jijjiirren dabarsa mirga ittifayyadama lafaa raawwachuu.Yeroo kun raawwatus ragaa kanaan dura galmaa'ee jiruttu sirreeffama malee dhimma mirgaa ilaalchisee wanti jijjiiramu hin jiru. |
| Carraa Gabaa harka qalleeyyiif (Market for the Poor) | Abbootii qabiyyee ykn qonnaan bultoota harka qalleeyyii ta'aniif gargaarsa addaddaa taassisuun akka isaan sirna gabaa keessatti fayyadamtoota ta'an carraa mijeessuu |
| Sirna Odeeffannoo Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Biyyaalessaa (NRLAIS) | Sirna waliigalaa Sooftiweerii biyyaalessaa ragaa dabarsa lafa baadiyyaa qindeessuuf tajaajilu. |
| Cittuu Lafaa(Object) | Lafa xiqqoo dheerina fi bal'ina qabdu(fkn maasii ta'uu ni danda'a) |
| 'Orthophoto' | Suuraa fi kaartaa xiyaara ykn ammoo saatalaayitii fayyadamuun asii gadee kaafame (aerial photograph) sirreefame. |
| Maasii(Parcel) | Lafa qabiyyummaan isaa kan nama dhuunfaa, kan garee,kan waliin ykn kan mootummaa ta'ee daangaa mataa isaa kan qabu fi walqabataa kan ta'e, kanaafis qabiyyee biraa irraa adda bahee qobaatti kan galmaa'u. |
| Kaarta Maasii(Parcel Map) | Kaartaa boca , daangeessitoota isaa akkasumas bakka maasiin tokko itti argamu agarsiisu. |
| Galmee lafaa gaafii abbootii qabiyyee irraa ka'uun raawwatamu( Sporadic Land Registration) | Fedhii fi gaafii abbooti qabiyyee irraa ka'uun dabarsa lafaa raawwachuf ykn mirga abbummaa qabiyyee mirkaneessuuf maasii tokko adda baasanii galmeessuu kan walitti hinaane, |
| Abbaa Mirgaa | Nama dhuunfaa,garee,dhaabbilee hawaasaa ykn dhaabbilee dhuunfaa bulchiinsa lafaatiin walqabatee beekamtii seeraa qabu |

| | |
|---|---|
| Galmee lafaa sagantaa mootummaatiin raawwatamu (Systematic Land Registration) | Galmee lafaa dabarsa lafaa raawwachuf ykn mirga abbummaa qabiyyee mirkaneessuuf jecha karoora mootummaatiin sadarkaa biyyaa,naannoo ykn magaalaatti raawwatamu ykn osoo walirraa hincitin , |
| Galmee abbummaa qabiyyee mirkaneessuuf raawwatamu(Title Registration system) | Yeroo mirgi itti fayyadama lafaa nama tokko irraa nama biraatti darbu akkaataa dabarsa isaa, haala maasii ,mirga fi daangaa qaamoleen qabiyyicha waliin walitti dhufeenya qaban galmessuu |
| Lakkoofsa addaa Maasii (Unique Parcel Identifier Number) | Mallattoo addaa galmee ragaa lafaa keessatti lakkoofsa addaa maasii tokko qofaaf addatti kennamu.(Maasii tokko maasii biroo irraa adda baasuuf kan gargaaru) |
| Dhaamsa Dhaalmaa Otoo abbaa qabiyyee lubbuun jiruu galmaa'u (Will or Will and Testament) | Sanada abbaan qabiyyee lafaa tokko , addunyaa kanarraa du'aan yeroo boqotutti, mirga isaa kamtu fi eenyuuf akka darbuuf fedhiin isaa gaafatamee ittiin galmaa'u.(Ragaan kun osoo abbaan qabiyyichaa lubbuun jiru kan galmaa'u dha.) |
| Waajira Bulchiinsa Lafaa Aanaa (Woreda Land Administration office) | Caasaa mootumaa ykn qaama sadarkaa aanaatti hojii bulchiinsa lafa baadiyyaa raawwachuuf aangoo fi ittigaafatamumman itti kenname |

# 2. YAADA WALIIGALAA WAA'EE BULCHIINSA LAFA BAADIYYAA NAANNOO OROMIYAA

## 2.1 Seenaa Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa

Rakkoo qabiyyee lafaa mirkaneesuu akkasumas fedhii lafaa bayina uummataa yeroodha gara yerootti dabalaa deemu waliin walqabatee jiruuuf fala kaa\uu fi dhaloonni itti qabeenya uumamaaa qusannoo fi seeraan itti fayyadamuuf , akkasumas dhalooni itti aanu qabeenya kana haala ittifufiinsa qabuun akka fayyadamuu danda'u gochuuf mootummaan Naannoo Oromiyaa rakkoolee qabiyyee lafa baadiyaa wajjin waqabatee jiru bara 1993 ogeessotaan qorachiisee, bu'aa qoranichaa irratti hundaa'ee bara 1994 labasii bulchiinsaa fi ittfayyadama lafa baadiyaa naannoo oromiyaa isa jalqabaa labsii Lakk: 56/94 labsee, haala labsii kanaan safarriin lafaa fi kenni warqaa raga sadarkaa tokkoffa yeroo jalqabaaf bara 1996 naannoo baadiyaa irratti eegalame. Labsiin kun qaawwota hojii irra oolmaa isaa irratti mul'atan yaada keessa galchuudhaan irra deebi'amee akka fooyya'u ta'ee bara 1999 keessa akka fooyya'u ta'ee labsii Lakka: 130/99 jedhamee yeroo amma hojii irra oolaa jira.

Hojiin Kun jalqaba irratti kana hojjetamaa ture haala aadaatiin yoo ta'u waraqaan kennamee tures waraqaa ragaa abbaa qabiyyummaa sadarkaa tokkoffaa jedhamee waamama. Hojiin haala aadaatiin hojjetame kun Teeknooloojiidhaan waan hindeggeraminif, haala ammaayaatiin raga kenname kana itti fayyadamuu fii hordofuu irratti hanqina waan qabuuf, adeemsa hojichi keessa darbu ammayyeesuun barbaachisaa ta'ee waan argameef haala ammayaatiin irra deebi'amee akka hojjetamu ta'ee jira. Ragaan haala ammaayaa kanaan hojjetamus, waraqaa raga kennamu irratti odeefannoo barbaachisan hunada kan qabau yoo ta' kaartaa iddoo sana agarsiisuu fi ragichaas yeroo barbaachisaa ta'et komputeeraan hordofuuf kan nama dandeesisuudha. Ragaan haala kanaan qindaa'ee kennamus waraqaa ragaa sadarkaa lammaffaa jedhamee waamama.

Akka Naannoo Oromyaatti haala adaatiin ykn waraqaa ragaa sadarkaa tokkoffaa abbootiin qabiyyee lafa baadiyyaa Naanichaa 99% ta'an (Horsiisee bultootaan alatti) waraqaa ragaa qabiyyee lafaa sadarkaa 1ffaa argatanii jiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa hojii kana caalmaatti milkeessuuf dhaabbilee gargaarsaa misoomaa waliin ta'uun hojiin kenna waraqaa ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa sadarkaa 2ffaa bal'inaan hojjatamaa turee jira. Yeroo ammaas gargaarsa maallaqaa Dhaabbata Gargaaraa Misomaa Biyya Ingiliiz DFID (Department for International Development) irraa argameen

karaa Sagantaa Invastimantii Lafaa Tiraansfoormeeshiniif **(Land Investment for Transformation)** tiin sirna bulchiinsa lafa baadiyyaa naannoo keenyaa ammayyeessuuf hojjatamaa jira.

### 2.2 Haala Caaseeffamaa (Institutional framework)

#### 2.2.1. Lafa Fi Heera Biyyaa Keeenyaa

Dhimmota Heera biyya keenyaa bara 1995 ragga'ee hojiirra oole keessatti xiyyeeffannaan addaa itti kenname keessaa tokko dhimma lafaati.Heerra kana keessattis qabeenyummaan lafa baadiyaa fi magaalaa kan mootummaa fi ummataa akka ta'e(Lafti qabeenya hingurguramne fi hijijjiiramne ta'uu isaa) ifatti taa'ee jia.Haaluma kanaanis lammiileen biyyattii lafa baadiyyaa ilaalchisee daangaa tokko malee mirga ittifayadamuu kan qaban yoo ta'u lafa magaalaa ilaalchisee ammoo daangaa yeroo irratti hundaa'ee seera liiziitiin kan hoogganamuu dha.Kana malees heerri biyyatti kun Mootummaa Feedaraalaa Gidduugaleessaa fi mootummoota naannolee sagal hundeessee jira.Kanaafis ,lafa bulchuu dabalatee (dhimmoota mootummaa feedaraalaatiif kennamaniin alatti) aangoon seera baasuu,hojiirra oolchuu fi murtii seeraa kennuu mootummoota naannoleef kennamee jira.

#### 2.2.2 Imaammatoota Lafa Waliin Walqabatan

Imaammanni lafaa biyya keenyaa bulchiinsa lafaa waliin walitti hidhamiinsa kallattii waan qabuuf imammatoota, tarsiimoowwan fi karoorawwan hiyyumaa hir'isuuf qophaa'an hunda keessatti ibsamee YKN hammatamee jira.Isaanis:-

- Imaammata fi Tarsiimoo Naannoo bara 1997 bahe, Karoora misooma ariifataa fi walitti fufaa fiduun hiyyummaa hir'isuuf bahe (2005-2010), Karora tarsiimawaa invastiimanti bulchiinsa lafaa walittifufiinsa qabu (2009-2024), akkasumas Karoora Guddinaa fiTiraansfoormeeshinii (2010-2015)
- Biyyi keenya Itiiyoophiyaan qajeelfamoota qabiyyee lafaa(Land Tenure),misooma Qurxummii fi bosonaa ilaachisee Dhaabbanni Nyaataa fi Qonnaa(FAO) baase fi fedhii biyyootaa irratti hundaa'ee ittigaafatamummaan hojiirra oolu fudhattee jirti.Haata'u malee qajeelfamoota kanneen waliin walsimsiisuuf imaammattoota fi seerota keenya irratti sirreeffamni hin taassiffamne.

### *2.2.3* Seerota fi Danbiiwwan Lafaa

**Seerota fi Danbiiwwan Naannooolee fi Feedaraalaa**

**1**. Labsii Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafaa Feedaraalaa Labsii.Lakk.89/1997 bara 1997 bahe.

Labsiin kun abbootii qabiyyeetiif mirga lafa kireessuu, kennaadhan dabarsuu akkasumas miseensa maatiif dhaalchiisuu kan kenneedha.Kana malees labsiin kun bulchiinsa fi ittifayyadama lafaa ilaalchisee mootummoonni naannolee, akkataa seerota mootummaa Feedaraalaa waliin walsimuun, seeroota mataa isaani akka baasaan fi hojiirra olchan akkasumas haala qabatamaa isaanii irratti hundaa'uun shallaggii lafaa akka raawwatan aangoo kennee jira.

**2**. Labsii Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafaa Feedaraalaa Labsii.Lakk.456/2005 bara 2005 bahe.

Labsiin kun Qabeenyumaan lafaa kan mootummaa fi ummataa ta'uu isaakan cimse ture.Kana malees mirga daangaa malee lafatti fayyadmuu abbootii qabiyyee( kan akka mirga qabeenya lafarratti misoome,mirga dhaalchisuu, kennaan dabarsuu,waljijjiirraa lafaa fi kireessuu) mirkaneessee jira,dhimmoota mirga lafatti fayyadmuu akkasumas galmee mirgoota lafaa mirkanneessuus ofkeessatti hammate jira.Bulchiinsa fi ittifayyadama lafaa ilaalchisee mootummoonni naannolee ,akkataa seerota mootummaa Feedaraalaa waliin walsimuun,seeroota mataa isaani akka baasaan fi hojiirra olchan aangoo kan kenne yoo ta'u gama biraatiin,haala addaatii yoo ta'e malee shallaggii lafaa dhoorkee jira.

Gama biraatiin mootummaan Naannoo Oromiyaa Labsii Bulchiinsa fiIttifayyadama Lafa Baadiyyaa Labsii .Lakko.130/2007 akkasumas dambii labsii kana hojiirra oolchuuf gargaaru Dambii Lakk. 151/2012 baasee hojiirra oolcheera.

Seeronni kunniin mirga daangaa yeroo malee lafatti fayyadamuu dabalatee mirgoota lafa baadiyyaa seerota feedaraalaa keessatti eegaman hunda kan akka mirga dhaalchisuu, kennaan dabarsuu, waljijjiirraa lafaa fi kireessuu) kan mirkaneesse, gurgurtaa lafaa fi lafa qabsiisanii liqeeffachuu garuu kan dhoorkeedha.

Mirgoonni armaan olitti mirkanaa'an akkuma jiruutti t'ee, haala addaattiin,lafa kiressuu,kennaan dabarsuu fi dhaalchisuu irratti daangaan kaa'amuu ni dnda'a.Kana malees mirgi lafa baadiyyaa akkuma jirutti ta'ee,dhiphinnii lafaa yeroo jirutti shallaggiin lafaa daanga'uu ni danda'a.

**Fooyya'iinsa Labsii Bulchiinsa fi Itti fayyadama Lafa Baadiyyaa Feedaraalaa**

- Labsiin Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Feedaraalaa bara 2005 bahee itiin hojjatamaa kan jiru (Labsii Lakk. 456/2005) irradeebi'amee fooyya'aa jira
- Wixineen labsii Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Feedaraalaa fooyya'aa jiru kun dhimmoota(Qabxiilee)armaan gadii ofkeessatti hammateejira:-

**1.** Sirnaadeemsa kenna waraqaa ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa walirraa hin ciccinne (Systemati) fi darbee darbee (sporadic) raawwatamu

**2.** Sirna galmee lafaa maasii bu'urreeffate (parcel-based) fi barbaachisummaa maasii tokko tokkoof lakkoofsa addaa keennu

**3.** Mirga lafaa dabarsuu ilaalchisee barbaachisummaa ragaa foyyeessuu (Up-dating)

**4.** Waa'ee Sadarkaa naannoo fi aanaatti ramaddi Ogeessota galmee ragaa akkasumas ittigaafatamummaa fi dirqama isaaniii

### *2.2.4.* Karoora Agarsiistuu Tarsiimawaa (SRM) Sirna Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Biyyaalessaa

Dhimmoota Labsii Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa keessatti taa'an qixa barbaadamuun hojiitti hiikuudhan sirna Bulchiinsa Lafa baadiyyaa fooyya'aa ta'ee diriirsuuf Karoora Agarsiistuu Tarsiimawaa (2012-2016) qophaa'ee jira.Kaayyooleegooree karoorichaas dhimmoota armaan gadii ni hammata:-

- **-**Sadarkaa biyyaatti sirna bulchiinsa lafaa bu'aa qabeessa, iftoomina qabu fi haqa qabeessa ta'e dirirsuun adeemsa mirkaneessuu mirga abbummaa qabiyyee lafaa foyyeessuu
- Sirnabulchiinsa lafaa fi Ittifayyadama lafaa fooyya'aa, seera qabeessa fi ittigaafatamummaa irratti hundaa'e hojiirra oolchuun bulchiinsa gaarii mirkaneessuu
- Ittifayyadama lafaa sirrii ta'e, kunuunsa naannoo fi ittifayyadamni qabeenya uuamaa walittittifufiinsa qabu akka jiraatu gochuu
- Sirna amansiisaa walittibu'iinsi lafaa ittiin hiikamu diriirsuun waldhabbii lafa waliin walqabate uumamu hir'isuu

**➡ Kaayyoowwan arfan armaan Olitti taa'an Milkeessuuf Tarsiimoowwan shan bocamanii jiru.Isaanis:-**

1. Sirna bulchiinsa lafa baadiyyaa baasii qusataa(Coast effective)fi walittifufiinsa qabu uumuu
2. Seerota qabxiiwwan ijoo labsiiwwan lafaa feedaraalaa fi naannoolee keessa taa'an hojiitti hiikuuf gargaaran baasuunhojiira oolchuu
3. karoora ittifayyadama lafaa hirmaachisaa ta'e qopheessuu fi toftaa baasii qusataa,salphaa ta'een Sadarkaa feedaraalaa kaasee hanga gandaatti hojiirra oolchuu
4. Sadarkaa feedaraalaa kaasee hanga gandaatti humna raawwachiisummaa caasaalee/dhaabbilee bulchiinsa fi ittiayyadama lafa baadiyyaa cimsuu

**Tooftaan Raawwii:-**

- Agarsiistuu daangaa maasii namtolchee (General Boundary) fi Suuraa qilleensaa fayyadamuun sadarkaa naannoo Oromiyaattikaartaa maasii Miiliyoona **23** qopheessuu fi abbootii qabiyyeef kennuu
- Sadarkaa naannootti sirna bulchiinsa Odeeffannoo lafaa qopheessuun hojiin galmee, qabannaa ragaa lafaa fi dabarsa lafaa (Transaction) foyyeessuu
- Karoora fi seerota ittifayyadama lafaa baasuun sadarkaa naannoo, aanaa fi gandaatti hojirra oolchuu
- Qabannaa fi bulchiinsa ragaa lafaa ilaalchisee dandeettii caasaalee (dhaabbilee) naannoo irraa kaasee hanga gandaa jirani guddisuu. Kana malees dandeettii human namaa hojii kana raawwatu guddisuu fi gahoomsuunis barbaachisaa dha.

## 2.3. Dhaabbilee Bulchiinsa Lafaa

Hojiin dhimma lafaa kan raawwatamu karaa qaamolee raawwachiiftuu/ manneen hojii sadarkaa feedaraalaa, naannoo, aanaa fi gandaatti hundeeffaaniitin. Haaluma kanaanis caaseeffama fi gahee manneen hojii sadarkaa sadarkaan jiran ilaaluuf:-

### 2.3.1. Sadarkaa Naannoo

Mootummaan Naannoo Oromiyaa sadarkaa naannootti mana hojii dhimoota lafaa raawwatu ***(Biiroo Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo Oromiyaa)*** hundeessee jra. Manni hojii kun miseensa kaabinee naannoo ta'ee ittiwaamamni isaa ammoo mana maree naannichaaf dha.Gama biraatiin manni hojii kun sadarkaa naannootti imaammattoota fi seerota (Labsiiwwan, dambiiwwan, qajeelfamoota) qopheessuu, hojii dandeettii cimsuu akkasumas raawwii hojii kanaa deeggaruu fi hordofuuf gahee fi ittigaafatamummaa qaba.*(Dambii 151/2012,Keewwata 25 keewwata xiqqaa1-18)*

### 2.3.2. Sadarkaa Godinaa

Sadarkaa godinaatti hojii dhimma lafaa abbummaan kan raawwatan godinaale hunda keessatti ***waajiraaleen Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo*** hundeeffamanii jiru.Manneen hojii kunniin miseensa kaabinee godinaa ta'ani itiiwaamamni isaanii ammoo mana maree godinaaleef dha.Gama biraatiin sadarkaa naannootti imaammattoota fi seerota (Labsiiwwan,dambiiwwan,qajeelfamoota) qopheessuu,hojii dandeettii cimsuu akkasumas raawwii hojii kanaa deeggaruu fi hordofuu keessatti qooda ni qabaatu. .*(Dambii 151/2012,Keewwata 26 keewwata xiqqaa 1-6)*

### 2.3.3. Sadarkaa Aanaatti

Waajiirri Lafa Baadiyyaa fi Eegumsa Naannoo sadarkaa aanaatti jiru humna namaa (ogeessota) bulchiinsa lafaa, Ittifayyadama lafaa akkasumas Eegumsa nannoo kan qabatuudha.

**Hojiiwwan gurguddoo waajirri Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Aanaa hojatu keessaa:-**

- Hojii galmee lafaa fi kenna waraqaa ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa, suuraalee iskaan gochuu, jii’ooriifaransiing, dijitaalaayziing, kaartaa maasii sirreesuu, ragaa lafaa galmeessuu qindeessuu fi qabachuu/bulchuu
- Dabarsa mirga lafaa (Transation) raawwachuu fi galmee lafaa fooyyeessuu (Updating)
- Waldhabbii lafa waliin walqabatee uumamu hiikuu
- Manni murtii aanaaadeemsa galmee lafaa keessatti gorsakennuu, dabarsimirga lafaa seraan alaa aka hin raawwatamne dhaabsisuu akkasumas deeggarsa gorsa seeraa fi murti kennuuf gahee qaba.*(Dambii 151/2012, Keewwata 27 keewwata xiqqaa 1-12)*

### 2.3.4. Sadarkaa Gandaatti

- Miseensonni Koree Bulchiinsa Lafa Gandaa hawaasa gandichaatiin kan filataman ta’ee kaffaltii malee fedhii isaaniitiin hojjatu
- KoreewwanBulchiinsa Lafa Gandaa adeemsa mirga abbummaa qabiyyee lafaa mirkaneessuu keessatti aangoo fi ittigaafatamummaa qabu.Miseensota korichaa keessaa miseensi tokko meseensa koree mirkaneessituu abbummaa qabiyyeeti.Kana malees miseensonni koree bulchinsa lafa gandaa aangoo lafa ganda isaanii bulchuu qabu.
- Bulchinsa aanaa jalatti waajirri bulchiinsa lafaa gandaa kan argamu yeroo ta’u waajrichi ogeessota bulchiinsa fi Ittifayyadama lafa gandaa qaba. *(Dambii 151/2012, Keewwata 28 keewwata xiqqaa 1-12)*

**Muudama I/A Galmee Lafaa (** deputy land registrar)

Ragaan lafaa ykn qabiyyee galmaa’ee jiru qaama sadaffatti darbee osoo hin kennamin dura sirrummaan isaa qaama aangoo qabuun mirkanaa’uu qaba.Kanaafis sadarkaa waajira bulchiinsa lafaa naannootti namni hojii kana raawwatu akkasumas dabarsa mirga lafaa galmeessuu fi tamsaasuuf aangoofi itti gaafatamummaa qabu jiraachuu qaba.Sadarkaa aanaatti ammoo hojiin kun I/A muudamaa galmee lafaatiin kan hojjatamu ta’a.

Gama biraatiin muudamaan galmee lafaa fi I/Aanaan galmee lafaa mootummaa naannootiin kan ramadaman ta’ee gaheen hojii, aangoon fi ittiwaamamni isaanii ibsa gahee hojii isaanii keessatti ifatti taa’uu qaba.

-Hanga muudamni fi I/Aanaan muudama galmee lafaa ramadamanittii hojichi Ittigaafatamtoota waajiraalee bulchiinsa lafaa anaaleetiin kan hojjatamu ta'a.

**Hojii dabarsa mirga Lafa Baadiyyaa Keessatti Geggeessitoonni Bulchiinsa Lafaa Aanaa fi Gandaa Gahee armaan gadii qabu.Isaanis:-**

Abbootiin qabiyyee lafaa tajaajila dabarsa lafaa raawwachuu barbaadan jalqaba kan isaan keessummeeffaman ogeessa bulchiinsa lafaa gandaatiin ta'a.Haaluma kanaanis ogeessii bulchiinsa lafaa gandaa hojiiwwan armaan gadii ni raawwata:-

**1.** Iyyata fi ragaalee hojii kanaaf barbaachisan abbootii dhimmaa harkaa ni fudhata

**2**. Ragaaleen abbootiin dhimmaa (Iyyattoonni) dhiyeessan guutuu fi sirrii ta'uu isaa ni mirkaneessa

**3.** Iyyata dhiyaate ummataaf dhiyyeessuun yaadni akka irratti kennamu taassisa,komiin yoo jiraatees qindeessee qaamolee fi geggeessitoota isaan ilaallatuf (fkn Mana murtiif,jaarsolii biyyaa)ni dhiyeessa

**4.** Iyyannoowwan fi gaafiilee seera waliin walqabatan qaama ilaallatuuf ni dhiyeessa (Koree maanguddootaa, Mana murtii aanaa)

**5.** Iyyata abbootii dhimmaa ilaalee guutuu miti yoo ta'e abbaa dhimmichaatti ni deebisa haala isaas ni ibsaaf

**6.** Iyyannoowwan fi ragaalee sirrii fi guutuu ta'anii dhiyaatan (fudhatama argatan) waajira Lafa Baadiyyaa aanichaaf dhiyeessuun hojiichi akka itti fufu ni taassisa (Uunkaalee iyyannoo, sanadoota barbaachisan, murtii maanguddootaa fi mana murtii)

**7.** Dhumarratti iyyannoowwan murtii argataniif waraqaan abbummaa qabiyyee lafaa haaraan koree bulchiinsa lafa baadiyyaa gandaatiin qophaa'ee iyyattootaf akka kennamu ni taassisa

**Hojii dabarsa mirga Lafa Baadiyyaa Keessatti ragaalee xiinxaluun murtii kan kennu Waajirri bulchinsa lafaa aanaati.Haaluma kanaanis waajirrichi hojiiwwan ijoo armaan gadii abbummaan ni raawwata:-**

1. Iyyannoowwan dhiyaatan ni xiinxala
2. Dhimmicharratti murtii ni kenna (karaa I/A muudama galmee lafaatiin)
3. Ragaa fi galmee ragaa lafaa ni haaromsa (Update),ni qindeessa,ni bulcha akkasumas galmee ragaa lama maxxansee tokko waajira gandaaf yoo ta'u tokko ammoo waajira aanaatiif
4. Waraqaa Ragaa haaraa ni qopheessa ni maxxansa
5. Waaqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa iyyattootaf akka qaqqabuuf koree bulchiinsa lafaatti ni dabarsa
6. Waraqaa ragaa haaraa ni kaa'a (kuusa)

**Barbaachisummaa waajjira fuunduraa/jalqabaa (Front Office) fi waajira Duubaa/Itti gaafatamaa (Back Offce)**

- Amannamummaa fi sirruummaa  ragaan lafaa eeguuf ragaan dabarsa mirga lafaa hundi ofeeggannoon fi qaulqaullinaan galmaa'uu qaba.Gama biraaiin ammooo gama kanaan tajaajila si'ataa fi fooyya'aa kennuuf tajaajilichi karaa caasaalee abbootii dhimmaaf(keeessumaa qonnaan bulatootaf)dhiyyeenyatti argamaniin(karaa koree bulchiinsa lafa gandaatiin) raawwachuun filatama dha.Sababni isaas koree kun tajaajilamtootaf dhiyeenyatti waan argamuuf akkasumas tajaajilamtoonni miseensota koree kanaa waliin waan walbeekaniifi.
- Gama biraatiin ammoo tajaajila kana ganda hunda keessatti kennuuf wantoota (dhiyeessii meeshaalee fi human namaa) bal'aa gaafata.Kun ammoo ganda keessatti lakkoofsi namoota tajaajila akkasii barbaadan xiqqaa ta'uu isaatiin walqabatee gandoota hunda keessatti baasii guddaa baasuun,qabeenya hojii birootiif ooluu danda'u qisaasuu ta'a.Kanarraa ka'uudhanis tajaajila dabarsa mirga lafaa haala baasii qusatuun raawwachuuf jecha sadarkaa waajira lafa baadiyyaa aanaatti akka keenamu ta'ee jira.
- Adeemsi kunis hojii walfakaataa sadarkaa addaddaattii irradeddeebin raawwachuu waan hir'isuuf tajaajilicha saffisiisuuf ni gargaara.

**2.4. Qabiinsa Lafa, Bulchiinsa Lafaa fi Mirga Qabiyyee Lafaa**

Qabiinsa Lafa jechuun adeemsa ykn toftaa qabeenya lafaa haala bu'aa qabeessa ta'e fi fooyya'aa ta'een faayidaarra oolchuuf nu gargaaruudha.Kunis akkataa ittifayyadama lafaa ilaalchisee karoorsuu, maloota qabiinsa lafaa bocuu,qajeeltoowwan akkasumas haala qabatamaa diinagdee fi hawaasummaa qindeessanii hojjachuu gaafata.Adeemsi kunis haala qisaasama fi manca'iinsa qabeenyaa hir'isuun  akkasumas haala bu'aa qabeessa ta'een oomiishtummaa lafaa guddisuuf waaan gargaaruuf  fedhii ummataa guutaa deemuu keessatti gahee guddaa qaba.

➡ Bulchiinsa lafaa jechuunimaammattoonni qabiinsa lafaa (Land Management Policies) hojiirra oolchuu keessatti adeemsa ragaalee mirgoota lafa waliin walqabatan,gatiilafaa akksumas odeeffannoo ittifayyadama lafaa beekuu,xiinxaluu,galmeessuu fi tamsaasuuti.

Akka muuxannoon addunyaarra jiruun, Sirni bulciinsa lafaa qindaa'aa hojiira oolchuun faayidaalee armaan gadi qaba:-

- Miira abbummaa lafaa ni jajjabeessa(Abbootii qabiyyee keessatti)
- Waldhabbii lafa waliin walqabatu ni hir'isa
- Abbootii qabiyyeef carraa liqii maallaqaa fooyya'aa ni uuma

- Adeemsa sassaabbii gibiraa ni deeggara
- Sirni gabaa fi dabarsa mirga lafaa foyya'aan akka jiraatu gochuu fi hordofuufis haala mijawaa ni uuma
- Lafa mootummaa salphaatti bulchuu fi eegumsa gochuuf ni gargaara
- Sirna bulchiinsa fi ittifayyadama lafaa foyeessuuf (Land Reform) ni gargaara
- Pilaanii magaalaa fi bu'uraalee misoomaa guutuuf ni gargaara
- Kunuunsi fi qabiinsi naannoo fi qabeenya lafaa fooyya'aa fi walittifufiinsa qabu akka jiraatu ni gargaara

Akka Seerra mootummaa naannoo Oromiyaatti, qabeenya lafaa gurguruun akkasumas lafa qabsiisanii liqeeffachuun hin danda'amu.Kun kanaan osoo jiruu kaayyoon fi faayidaan sirna bulchiinsa lafaa sirrii fi bu'aa qabeessa ta'e diriirsuu,mirga lafatti fayyadamuu abootii qabiyyee mirkaneessuu(keessumaa lammiilee human dhabeeyyiif xiyyeeffannaa addaa keennuun),waldhabbii abbummaa fi daangaa lafaa hir'isuu,namoota harka qalleeyyii ta'aniif carraa gabaa mijeessuu(Market for the Poor) akkasumas misooma fi kunuunsa qabeenya uumamaa deeggaruu dha.





Fig. 2: Global land management perspective; FIG Publication No.45

## 2.5. Haala Arganaa Lafa Baadiyyaa

Labsii Bulchiinsa fi Ittifayyadama LafaBaadiyyaa naannoo Oromiyaa keessatti lammiin hojii qonnaatti bobba'uu barbaadu ganda jiraatu keessatti lafa argachuu akka danda'u,lafa bulchuu fi ittifayyadamu ilaalchisee dubartoonnis dhiira waliin mirga walqixa ta'e akka qaban taa'ee jira.Gama biraatiin ammoo gandoota naannichaa heddu keessatti lakkoofsi namoota lafa qonnaa argachuuf gaafatan baay'ee waan ta'ee dhiphina lafaa jiru irraa kan ka'e lammiilee kanneen hundaaf lafa kennuun (hiruun) rakkisaa ta'a.

Akkaataa seerota lafaa mootummaa feedaraalaa fi naannoolee keessatti taa'ee jiruun abbummaa qabiyyee lafa baadiyyaa beekamtii seeraa qabu lafa dhuunfaa, lafa waliinii akkasumas lafa mootummaa dha.Gama biraatiin ammoo hiikkoo lafa baadiyyaa ilaalchisee, laftihaala seera qabeessa ta'een mana qopheessaa jala hin bulle ykn ammoo seera biraatiin (Related and relevant Law) lafa magaalaa jedhamee hin moggafamne hundi lafa baadiyyaa jedhamee beekama.

### 2.5.1 Qabiyye Dhuunfaa (Lafa Dhuunfaa)

Akka waliigalaatti lafti qonnaan bulaa dhuunfaan, qonnaan bultootan ykn qaamolee beekamtii seeraa qabaniin, dhaabbilee amantaatiin, abbootii qabiyyeetiin qabamee jiru hundi lafa/qabiyyee dhuunfaa jedhama.Lafti baadiyyaa nama dhuunfaatiin/namoota dhuunfaatiin ykn ammoo qonnaan bultoota lamaa ol ta'niin waliin qabamuu ni danda'a.

Qabiyyeen/ lafti waliiniin qabamee (Joint holding) jiru akka qabiyyee dhuunfaatti lakkaawama.Sababni isaas abbootiin qabiyyichaa qabiyyicha addaan hirachuuf mirga waan qabaniifi.Haata'u malee abbootiin qabiyyee kunniin qabiyyicha addaan yeroo hiratanitti/qooddatanitti bal'inni lafaa tokkoon tokkoo daangaa labsii bulchiinsa fi Ittifayyadama lafa baadiyyaa naannolee keessatti taa'een gadi taanaan hirachuu/qooddachuu hin danda'an.

Haaluma seerota bulchiinsa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa mootummaa feedaraalaa fi naannoolee keessatti mirgi abbotii qabiyyee daangaa yeroo malee lafatti fayyadamuu mirkanaa'ee jiruun, akkaataa armaan gadiitiin mirga lafatti fayyadamuu dabarsuun ni danda'ama:-

1. Mirgi abbaa qabiyyummaa osoo hin xuqamin Yeroo murtaa'eef kiraadhan dabarsuu(Bal'inni lafaa kireeffamu fi yeroo ammamiif akka kireeffamuu danda'u labsiiwwan/dambiiwwan naannooleetiin kan murtaa'u ta'a)

2. Mirga dhaalchisuu ,miseensota maatiif kennaadhaan dabarsuu ykn waljijjiirraa lafaa qonnaan bultoota gidduu raawwatamu

### 2.5.2 Qabiyyee/Lafa Waliinii

Akkaataa labsii bulchiinsa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa naannoo keenya keessatti taa'ee jiruun 'Lafti baadiyyaa hawaasni naannoo tokkotti jiraatu dheedichaaf, bosonaaf akkasumas tajaajilawwan hawaasummaa garaagaraatiif waliin akka ittifayyadamu mootummaadhan kenname lafa waliinii jedhama.

### 2.5.3. Lafa Mootummaa

Akkaataa labsii bulchiinsa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa naannoo keenya keessatti taa'ee jiruun,lafa mootummaa kan jedhamu lafa bosonaaf,dawoo bineensota bosonaaf,qonna mootummaaf,lafa albuudaaf,haroowwan,lageen fi kkf biroof adda bahee daanga'e ykn ammoo fuuladuraatti daa'ga'u dha.

## 2.6. Galmee Lafaa fi Kaadaastara

Galmeen lafaa fi kaadaastarri bulchiinsa lafaa keessatti dhimmoota/hojiiwwan isaan ijoodha.Dhimmoonni kun yeroo heddu walqabatanii fi waldeeggaruun qindoominaan hojiirra kan oolaniidha.Galmeen lafaa walittidhufeenya mirga fi abbaa mirgaa jidduu jiru kan agarsiisu yoo ta'u kaadaastarri ammoo walittihidhamiinsa mirga fi lafa/qabiyyee giduu jira irratti xiyyeeffata.Kana jechuunis galmeen lafaa qabiyyeen/lafti eenyuun qabamee akka jiru fi akkaata kamin akka qabame ykn argame kan ibsu yoo ta'u kaadaastarri ammoo laftichi eessatti akka argamu fi bal'ina isaa irratti xiyyeeffata.

### 2.6.1 Galmee Lafaa

Gahee mootummaan adeemsa dabarsa lafaa keessatti qabu irratti hundaa'uun sirni galme lafaa galmee mirga dabarsuu (Deed Registration) fi galmee abbummaa qabiyyee mirkaneessuuf raawwatamu (Title Registration) jechuun bakka lammatti qoodauun ni danda'ama.

### 2.6.2 Kaadaastara

Kaayyoon hojii kaadaastaraa inni guddaan maasii tokkoof lakkoofsa /koodii addaa kennuun maasichi kaartaa iskeeliin isaa guddaa ta'e irratti adda baasan agarsiisuudha.Lakkoofsi addaa maasiif kennamu kun maasii fi mirga maasicha waliin walqabatee jiru walitti fiduun (waliti hidhuun)maasii tokko haala salphaa ta'een adda baasanii ibsuuf ni gargaara.Kana malees

kaadaastarri odeeffannoo barreeffamaa lakkoofsa addaa maasii,bakka itti argama maasii,bal'ina isaa akkasumas haala ittifayyadama lafaa ibsu ofkeessatti ni qabata.Walumaa galatti qaamni ykn xiyyeeffannaan ijoo kaadaastaraa maasii dha.

**.**Maasii jechuun ofdanda'ee daangaa walirraa hinciccinne fi walitti qabataa ta'e kan qabu, abbaa qabiyyee seera qabeessa ta'e kan qabu akkasumas faayidaa adda bahee beekamuuf oolaa kan jiru jechuun ibsuun ni danda'ama.

**.** Maasiin haala guutuu ta'een kan qawwifame fi daangaan isaa kan cufame (Polygon) , lakkoofsi addaa kan itti kennamee akkasumas sirna

Odeeffannoo lafaa keessatti galmaa'ee kan argamuudha.

**.**Daangaan maasii mallattoowwan uumamaa (Genaral boundary system)ykn namtolchee(Fixed boundary system) ta'uu ni danda'u.

**Qawwisa Lafaa fi Qophii Kaartaa**

Hojiin qawwisa lafaa fi qophii kaartaa hojii teeknikaa bifa seera qabeessa ta'een dirreerratti argamuudhan daangaa lafaa abbootii qabiyyee adda baasanii beekuuf, bakka itti argama fi bal'ina maasii/qabiyyee agarsiisuuf akkasumas ragaa kana waliin walqabate qindeessuuf raawwatamuudha.

Toftaaleen qawwisa lafaa fiqophii kaartaa hedduun yoo jiraatanillee sadarkaa qulqullinaa fi baasii isaaniitiin gargara ni bahu.

- Lafti/maasiin qawwifamu samii irraa asii gadee haalaan ni mul'ata taanaan, suuraa qilleensaa/xiyaaraan ka'e ykn ammoo suuraa saatalaayitii sadarkaan qulqullina isaa olaanaa ta'e fayyadamuun mallattoowwan namtolchee (Fixed boundary system)fi mallattoolee uumamaa fi kan biroo (Genaral boundary system) adda baasuun ni danda'ama.
- Suuraa qillensa irraa ka'e irratti mallattoolee daangaa agarsiisan ifatti arguun hin danda'amu taanaan ammoo dirreerratti qaamaan argamuudhan qawwisuun barbaachisaa ta'a.

**2.7. Sirna Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa**

Sirni bulchiinsa lafa badiyyaa naannoo Oromiyaa toftaa galmee maasii bu'uura godhatee irratti kan hunda'e yeroo ta'u kunis galmee maasii haala walittifufaa ta'een ykn walirraa hincinneen (Systamatic Registration) fi galmee darbee darbee raawwatamu (Sporadic Registration) irratti xiyyeeffata.Haaluma kanaanis daangaan maasii mallattoowwan

namtolcheetiin adda bahee waan jiruuf sirnicha saffisaan diriirsuuf akkasumas hojii kanaaf haallii nageenyaa amansiisaa waan ta'eef suuraa qilleensaa fayyadamuudhan toftaan galmee walirraa hin cinne/haala walitti aanee raawwatamuu(Systematic Registration) hojiirra oolaa jira.

Adeemsa kana keessatti mirgi abbummaa qabiyyee lafaa sadarkaa maasiitti galmaa'ee daataa beeziidhan sadarkaa naannooo,aanaa fi gandaatti ni gurmaa'a.Sirna kana keessattis maasiin hundi lakkoofsa addaa itti kennamaa ragaan abbootii qabiyyee fkn mirgaaf dirqama isaanii akkasumas bal'ina maasichaa fi haala ittifayyadama isaa fi kkf tokkoo tokkoon ni glmaa'a.Sirni ragaa kun koompitaraan kan deeggaramu ta'ee dabalataanis 'haard kooppiidhan' maxxanfamee waajiraalee bulchiinsa lafaa aanaa fi gandaa keessatti akka taa'u ni taassiffama.

Waa'ee mirga lafa baadiyyaa dhaabbidhan dabarsuu ilaalchisee fkn dhaalchisuu,abbaa manaa fi haati manaa yeroo walhiikan,kennaa,waljijjiirraa,lafa tajaajila hawaasaa addaddaaf oolchuu akkasumas haalli mirga dabarsuu itti daanga'uu danda'u hundi sirna kana keessatti hammatamanii jiru.Carraan dabarsi mirga lafaa ittiin raawwatamu kan biraan ammoo yeroo abbootiin qabiyyee lafa walitti aansuuf jecha fedhii isaaniitiin qabiyyee lafaa waliijijjiiran,wantoota ragaa maasiitiin wanqabatan kan akka daangaa irratti jijjiirama uumamu sirreessuuf ykn ammoo dogongorri barreeffamaa yoo jiraate kana sirreessuuf fi kkf niin walqabateeti.Haata'u malee dabarsi mirga lafaa raawwatame kamiyyuu galmee irratti galmaa'ee ragichi hin haroomfamne taanaan seera biratti fudhatama hin qabaatu.

Kana malees sirni bulchiinsa lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa bifa haala qabatamaa naannichaa irratti hundaa'een sirna odeeffannoo bulchiinsa lafa baadiyyaa biyyaalessaatiin kan deeggaramu dha.

### 2.7.1. Odeeffannoo Lafaa fi Sirna Odeeffannoo Lafaa

1. **Odeeffannoo Lafaa**

Lafti qabeenya gatii(Value) guddaa qabu fi yeroo baay'ee sababa waldhabbii waan ta'eef ,bulchiinsa lafaa keessatti odeefffannoon iftoomina qabu,sirrii ta'ee fi amanamummaa qabu baay'ee murteessaa dha.Bakka odeeffannoon lafaa amansiisaa fi qulqulluu ta'e hin jiretti qabeenya kana haala ittigaafatamummaa qabu fi haqa qabeessa ta'een hoogganuun rakkisaa ta'a.

Kanaafis Odeeffannoon lafaa sirrii fi yeroo waliin deemu (Up-to-date) yoo jiraate faayidaa heddu qaba.Isaan keessaa:-

1. Hiyyummaa hir'isuu fi misooma amansiisaa ta'e fiduuf ni gargaara(lafa haala salphaa taeen bulchuuf,mirgoota lafa waliin walqabatan karaa haqa qabeessa ta'een eegsissuuf,kunuunsa qabeenya uumamaaf)

2. Guddina diiinagdee walitti fufiinsa qaba (mirgoota lafaa kabachiisuun misooma jajjabeessuu,carraa liqii maallaqaa mijeessuu)

3. Bulchiinsa gaarii fiduu fi fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf (Iftoomina, haqaqabeessummaa, waldhabbii lafaa karaa sirrii ta'een hiiku, ittigaafatamummaa, hirmaachisummaa, galii mootummaa guddisuu)

### 1. Sirna Odeeffannoo Lafaa

Sirni odeeffannoo lafaa qabeenya human namaa fi teeknikaa ofkeessatti hammatee kan qabatuu fi adeemsa sirri fi qindaa'aa ta'e hordofuun toftaa odeeffannoo lafa waliin walqabate kamiyyuu walitti qabuuf, kuusuuf, bulchuuf, tamsaasuuf akkasumas yeroo barbaadametti itti fayyadamuuf nu gargaaruudha.Sirni odeeffannoo qindaa'aa ta'e jiraachuun isaa dhimmoota seera , diinagdee bulchiinsa waliin walqabatan ilaalchisee murtee sirrii ta'e mureessuuf faayidaa olaanaa qaba.Misooma lafaa ilaalchisee karoorsuu keessattis akka galtee guddaatti tajaajila.Gama biraatiin bu'aa qabeessummaan sirna odeeffannoo lafaa akkaataa inni itti ijaarame irratti kan hundaa'uu ta'a.

Akka waliigalaatti sirni odeeffannoo lafaa koompiitaraan kan deeggaramu ta'ee sadarkaa/caasaa gajjallaatti hundeeffamuudha.

**Kutaan Odeeffannoo 'Ispaashaal' kan inni qabatu:-**

1. Daangaawwan bulchiinsaa, qabiyyee garee, bakkeewwan aadaa,maasii namoota dhuunfaatin qabaman kaartaarratti agarsiisuu(akka mul'atan gochuu)
2. Kutaaleen ispaashaal kunniin lakkoofsa maasiitiin/koodii addaatiin adda bahuu qabu,akkaataan lakoofsi/koodiin addaa ittiin kennamus walfakkaataa ta'uu qaba
3. Ibsa bakka maasiin tokko tokkoo itti argamu agarsiisu sirna saaphana to'annoo qawwisaa biyyalessaa waliin walqabsiisuu

**Kutaan Bareeffamaa (Discriptive) Odeeffannoowwan inni qabatu:-**

**1.** Karaa lakkoofsa addaa maasiitiin odeeffannoo ispaashaal waliin walitti ni hidhama

**2.** Abbaa qabiyyee lafaa fi mirga abbaa qabiyyee galmeessuu

**3.** Haala mirgi qabiyyee ittiin argame





Fig.3: Components of a Land Information System (LIS)

Teeknooloojiiwwan ammayyaa kan akka '**Web-based Network System'Odeeffannoo** lafaa kutaa addunyaa kamiyyuu irraa haala salphaa ta'een argachuu fi ittifayyadamuuf gahee murteessaa qabu.Sirni odeeffannoo teeknooloojiiwwan akkasii irratti hundaa'ee sirritti qindaa'e yoo jiraate ammoo qaamolee garaagaraa gidduutti odeeffannoo lafaa salphaatti fi yeroo gabaabaa keessatti waliif dabarsuuf ni dandeessisa.Kana malee hawwasni odeeffannoo lafaa akka argatu fi dhimmoota bulchiinsa lafaa ilaalchisee(Marii,murtii) keessatti hirmaannaan isaa akka guddatu gochuuf faayidaa olaanaa qaba.

### 2.8.Sirna Odeeffannoo Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Biyyaalessaa (SOBLBB)

Dhimmoota gurguddoo sirna bulchiinsa lafa baadiyyaa amansiisaa fi bu'aaqabeessa ta'e diriirsuuf murteessaa ta'an keessaa tokko ragaan lafaa guutuu ta'e, iftoomina qabu,fi yeroo waliin wal simu(Up-to-date)jiraachuu dha.Ragaan kunis dhimmoota dabarsa mirga lafaa waliin walqabatan hunda (dhaalmaa,kennaa,walii jijjiiruu)akkasumas dhimmoota mirga kanneen daangeessan ykn dhoorkisiisan hunda ofkeessatti qabachuu qaba.Kana malees ragaa ispaashal(digital maps)fi ragaa barreeffamaa(maqaa,eenyummaa,bakka itti argama,haala itti fayyadama lafaa) walitti qindeessee qabachuu qaba.Sirni bulchiinsa lafaa haala kanaatin ijaarame sadarkaa biyyaa fi naanootti odeeffannoo(statistical data) walitti qabuuf bu'uura ta'a. Sirni odeeffannoo bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Biyyalesaa sagantaa koompiitaraa (Software) bal'aa guutuu biyyaatti hojiirra ooluu dha. Haa ta'u malee sagantaan kun dhimmoota dabarsa mirga lafa baadiyyaa (Rural Land Transaction) qofa irratti kan hojjatuu dha.**Sirni kunis kutaalee gurguddoo shan batee jira:-**

#### 2.8.1. Galmee waliigalaa (Mass Registration)

Kutaan kun sadarkaa aanaatti waraqaan ragaa sadarkaa 2ffaa yeroo kennamu odeeffannoo hojii kanaaf barbaachisu ariitiin fi baay'inaan walitti qabuuf kan gargaaruudha.

1. **Sirna Odeeffannoo Bulchiinsa Lafa baadiyyaa Aanaa:-**

   Kutaan odeeffannoo kun kenni waraqaa ragaa sad 2$^{ffaa}$ erga raawwatamee booda dhimmoota itti aananii dhufan fkn dhaalmaa, waliigaltee kiraa galmeessuuf kan ooluudha.Odeeffannoon akkasii kun kan gurmaa'u sadarkaa aanaatti erga kenni waraqaa ragaa qabiyyee lafaa sadarkaa 2ffaa fi galmeen waliigalaa (Mass Registration) raawwatamee booda dha.

2. **Kutaa Sirna Odeeffannoo Godinaa:_**

   Kutaan kun ammoo qaamni mootummaa godinarra jiru (Hooggansa, Ogeessota) hojjicha deeggaruu fi hordofuuf kan isaan gargaaruudha.

3. **Kutaa Sirna Odeeffannoo Naannoo:-**

   kutaan sirna odeeffannoo sadarkaa naannootti gurmaa'u kun manneen hojii sadarkaa naannoorra jiran hojii bulchiinsa lafa baadiyyaa aanaa keessatti hojjatamu

hordofuu,deeggaruu fi qajeelchuuf kan dandeessisu fi xiinxala odeeffannoo gadifageenyangeggeessuuf kan gargaaru.Kutaan sirna odeeffannoo kunis humana cimaa kan qabuudha.Kana malees kutaan sirni odeeffannoo kun odeeffannoo barreeffamaa(Textual)fi Ispaashaal(Spatial) walitti qindeessee kan qabatee fi akkaataa haala qabatamaa naannichaa irratti hundaa'uun fi walsimuun hojiirra oolu danda'utti qophaa'ee(bocamee) dha.

#### 2.8.2. Galmee Lafaa Haaromsuu

**Galmee Lafaa**

Mirgoonnii lafaa kamiyyuu galmee ragaa lafaa irratti galmaa'uu qabu.Galmeen lafaa kunis haala 'Digital Database' ta'een maasii bu'uura godhatee sadarkaa naannoo, aanaa fi gandaatti kan gurmaa'u dha.Haaluma kanaanis maasiin hundi lakkoofsi addaa itti kennamee qabxiilee kan akka mirga maasicha walin walqabatu, bal'ina maasichaa, bakka itti agramu akkasumas dhimmoonni dabarsa mirga maasicha waliin walqabatan daangeessan (yoo jiraatan) qabatee haala guuutu ta'een ni galmaa'a.Ragaan kunis haard kooppiin maxxanfamee waajiraalee bulchiinsa lafaa aanaa fi gandaa keessatti akka taa'u ni godhama.

Galmeen odeeffannoo (Textual and Spatialwise) lafaa sirna koompiitaraan deeggarame kun dabarsa mirgoota lafaa yeroo yeroon raawwataman irratti hundaa'uun walitti fufiinsan haaroomfamuu qaba.Sadarkaa aanaatti hojiin haaromsa odeeffannoo lafaa qaama hojii kana raawwachuuf aangoon itta kenname (I/Aanaa Muudama Galmee Lafaa) tiin hojjatamа.Gama biraatiin hojii odeeffannoo lafaa haroomsuu raawwachuuf iyyannoon karaa koree bulchiinsa lafaa gandaa fi ogeessa bulchiinsa lafaa gandaatiin waajira bulchiinsa lafaa aanichaatiif dhiyaachuu qaba.

→ **Raawwiin Haaromsa Odeeffannoo Lafaa Tartiiba (Steps) Armaan Gadiitiin Raawwatama:**

1. Uunkaa Iyyannoo gaafii dabarsa mirga lafaa gutamee akkasumas ragaaleen barbaachisan hundi koree bulchiinsa lafaa gandaa fi ogeessa bulchiinsa lafaa gandaatiif dhiyaata
2. koreen bulchiinsa lafaa gandaa ogeessa bulchiinsa lafaa gandaa waliin ta'uun iyyannoo fi ragaalee dhiyaatan guutuu fi sirrii ta'uu isaa mirkaneessee waajira Bulchiinsa Lafaa aanaatiif ni dabarsa
3. Dhimmicha hawaasaf ifa gochuun(dhiyeessuun) yaadni akka irratti kennamu ni taassiffama,komiin fi mormiin yoo jiraatees yeroo kanatti akka dhiyyaatu ta'a

4. Mormiin/komiin hin dhiyaanne taanaan ykn ammoo erga karaa koree maanguddoo gandaa/mana murtiin murtii argate booda dhmmichi waajira bulchiinsa lafaa aanaatiin raawwatama
5. Erga kaffaltiin kanaaf barbaachisu raawwatamee booda, waajirri bulchiinsa lafaa aanaa karaa muudama I/Aanaa galmee lafaatiin jijjiirama dhufe galmee lafaarratti ni galmessa, barbaachisaa yeroo ta'uttis waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa ni qopheessa. Jijjiirama dhimma kanaan walqabatee dhufu irratti hundaa'uun ragaan galmee sadarkaa aanaa fi gandaatti (Hard copy fi soft copy)n ni haroomfama.
6. Waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa qophaa'e karaa koree bulchiinsa lafaa gandaa ykn ogeessa bulchiinsa lafaa gandaatiin abbootii qabiyyeef akka qaqqabu ni taassiffama.Kooppin isaas galmee waajira bulchiinsa lafaa aanaatti ni taa'a.

Yeroon adeemsi dabarsa mirga lafaa fudhate (yeroon ragaa walitti qabuuf,xiinxaluuf fi dhimmicha raawwachuuf fudhate)sa'atii fi guyyaan shallagamee taa'a ykn qabama.Kunis erga sirni bulchiinsa lafa baadiyyaa hojiirra ooluu jalqabe irraa kaasee waggaa tokkoof sadarkaa yaaliitti hojiirra ni oola.Dhumarrattis yeroon adeemsi tokko tokkoon isaa fudhatu qindaa'ee beekame booda adeemsota dabarsa lafaa hundaaf kan hojiirra oolu ta'a.Kunis hojii dabarsa mirga lafaa kamiyyuu haala fooyya'aa ta'een raawwachuuf akkasumas abbootiin qabiyyee yeroo tajaajilli kun fudhatu fi waraqaa ragaa yoom fudhachuu akka danda'an beekuuf isaan gargaara.

### 2.8.3. Osoo Waraqaan Ragaa Qabiyyee Lafaa Sad. 2ffaa Kennamaa Jiruu Dabarsa Mirga Lafaa Galmeessuu

Gaafii dabarsa mirga lafaa dhiyyeessuuf (fkn dhaalmaa fi yeroo abbaan manaa fi haati manaa walhiikan) dirqama hanga tajaajlli tokko xumuramutti eegamuu hin qabu. Otumma ganda tokko keessatti hojiin kenna waraqaa ragaa sadarkaa 2ffaa raawwachaa jiru ,jidduutti gaafiin akkasii dhiyaachuu ni danda'a.Haata'u malee ganda gaafiichi dhiyaate keessatti hanga hojiin kenna waraqaa ragaa sadarkaa 2ffaa xumuramutti galmeen dabarsa mirga lafaa hin raawwatamu.Kana jechuunis hanga qophiin waraqaan ragaa qabiyyee lafaa sadarkaa 2ffaa akka ganda sanaatti xumramutti (hanga waraqaaleen kunniin mallattaa'anii, chaappeeffamanii fi maxxanfamnii xumuramanitti) galmeen dabarsa mirga lafaa hin raawwatamu jechuudha.

## 2.9. Gosoota Dabarsa Mirga Lafa Baadiyyaa

Akkaataa Labsiin Bulchiinsa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa irratti taa'ee jiruun, lammiin hojii qonnaa irratti bobba'uu barbaadu lafa baadiyyaa argachuuf mirga qaba.Kana malees qabeenyummaan lafa baadiyyaa kan mootummaa fi kan

ummataa ta'ee lammiileen mirga lafa baadiyyaatti daangaa yeroo malee ittifayyadamuu kennameefii jira.

Gosti dabarsa mirgaa lafaa tokko tokko mirga qabiyyee lafaa nama dhuunfaa yookiin garee tokko irraa isa kaanitti dabarsuu kan ilaallatu ta'ee gama biraatiin ammoo dhimmoota mirgoota lafaadabarsuu daangeessan ykn dhoorkisiisanis ofkeessaatti kan qabateedha.Kana malees jijjiirama boca fi bal'ina maasii yookiin maasii walitti aansuutiin akkasumas dogongora ragaa sirreessuu waliin walqabate uumamu haaromsuuf hojii hojjatamuudha.Akka waliigalaatti Gosti dabarsa mirga lafaa bakka **Saditti** qooduun ni danda'ama :-

### 1.9.1. Mirgoota Qabiyyee Lafaa Dabarsuuf Kan Raawwatamu

Gosti dabarsa mirga lafaa kun namoonni dhuunfaa ykn garee mirga abbaa qabiyyumma (mirga daangaa yeroo malee lafatti fayyadamuu) mootummaa irraa argatan nama dhuunfaatti ykn gareetti kan ittiin dabarsanii dha.Yeroo dabarsi akkasii raawwatu, ragaan kanaan dura galmaa'ee jiru haqamee maqaa abbaa qabiyyee isa haaraatiin haaroomfamee galmaa'u qaba.Gama biraatiin yeroo dabarsi lafaa raawwatamu lafa qooduun hinbarbaachisu taanaa (fkn mirgi lafaa nama/qaama tokko qofaaf yoo dabarfame) galmeem haaraa raawwatamu tokkuma ta'a. Gama biraatiin garuu adeemsi kun lafa qooduu gaafata yoo ta'e (fkn.dhaaltota lama fi isaa ol ta'aniif yoo darbe) galmee tokkoo ol raawwachuun/gurmeessuun dirqama ta'a. Hojiin galmee mirga lafaa yeroo raawwatamu adeemi isaa ummataaf dhiyaachuu/ifa ta'uu qaba.Sababni isaas hojichi karaa iftoomina qabuu fi haqa qabeessa ta'een raawwachuu waan qabuuf akkasumas qaamni sadaffaa mormii ykn gaafii mirgaa kaasuu yoo jiraate keessummeeffamuu waan qabuufi.Dabarsi mirga lafaa mormiin ykn gaafiin mirgaa irraitti dhiyaate jira taanaan hanga dhimmichi qaamolee dhimmi ilaallatuun qulqullaa'ee murtii argatutti hin raawwatamu.

→ **Gosoonni Dabarsa Mirga Lafaa Isaan Armaan Gadiiti:**

**1.Dhaalmaa**-Yeroo abbaan qabiyyee ykn abbootii qabiyyee keessaa tokko du'aan addunyaa kanarraa boqotan mirgi lafatti fayyadamuu nama dhuunfaa ykn garee biraatti darbuu ni danda'a. Gama biraatiin namoonni qabiyyicha dhaaluuf mirga qaban ykn dhaaltonni (Dhaamsa dhaalaanis ta'e Dhaamsa dhaalaa malee) tokko ol taanaan qabiyyichi ni qoodama.

**2. Abbaan Warraa fi Haati Warraa Yeroo Walhiikan:-**Yeroo abbaan warraa fi haati warraa walhiikan, qabiyyeen lafaa qixxeeti ykn ammoo mirga jarri lamaan qabiyyicharraa qaban irratti hundaa'ee ni qoodama.

**3. Kennaa:-**Abbaan qabiyyee tokko ykn ammoo gareen tokko qabiyyee isaa/isaanii guutumaa guututtis ta'e gamisaan namoota birootiif ykn gareef kennaadhan dabarsuu ni danda'u.

**4. Walgeeddaruu:-**abbootiin qabiyyee lama fedhii isaaniitiin maasii isaan addadda qaban walgeeddaruu/jijjiiruu ni danda'u.Sababni waljijjiirraa qabiyyee akkasii raawwachuu barbaachisuuf maasiiwwan namni tokko qabu walirraa fagaatanii kan argaman yoo ta'e walittii dhiyeessuuf ykn fageenya maasii abbootii qabiyyee fi mana jireenyaa isaanii giddu jiru dheeraa yoo ta'e fageenya kana xiqqeessuuf akkasumas maasiiwwan walitti aanfachuufi.

**5. Mootummaan Misooma Ummataaf Lafa Yeroo Fudhatu:-** Gosti dabarsa mirga lafaa kun yeroo mootummaan lafa qabiyyummaan isaa kan nama dhuunfaa ta'e tokko misooma ummata fayyadu irratti geggeessuuf (fkn.misooma jallisii,bu'uraalee misooma addaddaa) guutumaa guututtis ta'e gamisaan yeroo fudhatu kan raawwatuudha.Qabeenyi lafaa nama dhuunfaa mootummaan yeroo fudhatamu beenyaa walmadaalaa ta'e ni kaffalama,lafti walfakkaataan aanaadhuma sana keessatti abbaa qabyyichaaf ni kennamaf.Qabiyyee lafaa namni tokko qabu irraa guutumaa guututti osoo hin ta'in hanggi ta'e(gamisaan) mootummaa yoo irraa fudhatame lafa qooduun kan barbaachisu ta'a.

**6.Lafa Hiruu:-**Abbaan qabiyyee lafaa tokko qabiyyee isaarratti miidhaa geessisuun ykn ammoo haala seerri isaaf eeyyamuun itti fayyadamnaa akka hinjirre yoo mirkanaa'e fi ofeeggannoo itti kennamee sirreessuu baate ,akkaataa seeraatiin mirgi isaa irraa fudhatamee qabiyyichi/lafti namoota lafa hin qabneef hirama.Kana malees hawaasni yoo irratti waliigale,lafti waliinii manca'e fi miidhame dargaggoota lafa hinqabneef hiramuu ni danda'a.

**7. Haala Addaatiin:-**akka qajeeltoo bulchiinsa lafa baadiyyaatti, galmeen odeeffannoo lafaa ragaalee adeemsa kenna waraqaa ragaa qabiyyee lafaa sadarkaa 2ffaa keessatti walittiqabaman (fkn.abbaa qabiyyee fi daangeessitoota maasii) ofkeessatti qabatee kan gurmaa'uu dha. Haata'u malee qabiyyeen galmee sad.2ffaa keessatti osoo hin galmaa'in bira darbame yoo jiraate (fkn yeroo sanattii abbaan qabiyyichaa kan hin beekamne yeroo booda dhiyaatee waraqaa ragaa yoo gaafate) qabiyyeen ykn maasiin sun akka haala addaatti fudhatamee fedhii fi gaafii abbaa qabiyyichaa irratti hundaa'uun ni galmaa'a.Galmeen haala addaa akkasiitiin raawwatamu kun (Special Case Registration) yeroo maasiin hundi galmaa'ee dhume kan dhaabatu ta'a.

### 2.9.2 Haala Mirgi Dabarsa Mirga Lafaa Ittiin Daangaa'u

Gosa dabarsa mirga lafaa kana keessatti abbaan qabiyyee lafaa mirga inni qabiyyee sana irratti qabu (mirga ittifayyadamuu daangaa malee) nama ykn gaaree namootaatti dabarsuu hindanda'u.Kana jechunis mirgi qabiyyee dabarsuu inni qabu ni daanga'aa jechuudha. Kun kan ta'u ammoo namni ykn qaamni biraa qabiyyicha ilaalchisee mormii ykn gaafii mirgaa qabiyyeen sun akka hin dabarfamne daangeessuu danda'u yoo qabaate mirga isaa eeguu fi.

Dhimmoonni dabarsa mirga lafaa dangeessan yeroo jiraatan mirgi abbaa qabiyyichaa fi haala maasichaa akkasumas sababni mirgi daanga'uuf galmee lafarratti galmaa'ee taa'uu qaba.Yeroo daangaan kun dhumu ammoo ibsisun haqamee ni sirraa'a.

Gosoonni dabarsa mirga lafaa haala kanaan daanga'uu danda'an:

**1. KiraaLafaa**:Abbaan qabiyyee tokkoo haala seerota lafaa naanniichaa eeggateen fi akkaataa buqqa'uuf isa saaxiluu hin dandeenyeen qabiyyee isaa nama biraa ykn abbaa qabeenyaa biraaf kiraadhan dabarsuu ni danda'a.Haata'u malee daangaa yeroo seerota lafaa naannichaa keessatti taa'e jiru darbuu hin qabu.

**2**. **Mirga Qabiyyee namaa keessa darbuu (Servitude):-**Inni Kun mirga qabiyyee nama biraa keessa seenuu ykn ammoo keessa darbuu kan ilaallatuudha.Mirgi akkasii kunhojiirra kan oolu yoo qabiyyeen nama tokkoo qabiyyee nama biraatiin marfamee argamu akkasumas bishaan lagaa fi jallisii fayyadamuu yeroo barbaadamuudha.

**3. Dhimmoota Biroo Mirgi Ittiin Daanga'uu danda'u:-**dhimmoonni kan biroon mirga dabarsa lafaa daangeessuu danda'an keessaa waliigaltee beekamtii seeraa qabu abbaan qabiyyichaatiin raawwatame ykn ammoo ajaja mana murtii(fkn gibirri lafaa kaffalamuu dhabuu iisaatiin,dhimmi/falmiin murtii seeraa hin arganne yoo jiraate fi kkf )ta'uu ni danda'a.

#### 2.9.3 Daangaa/boca Maasii Sirreessuu fi waraqaa Ragaa Jijjiiruu

Sirreeffamni akkasii boca maasii, bal'ina isaa akkasumas ragaa abbaa qabiyyee ilaalchisee jijjiiramni yeroo jiraatu kana sirreessuuf kan raawwatamuudha.Dabarsi maasii walitti aansuuf taassifamus kana keessatti kan hammatamuudha.Jijiiramni / haaromsa boca fi bal'ina maasii akkasumas ragaa abbaa qabiyyee irratti taassifamu kamiyyuu galmee lafaa irratti galmaa'uu qaba.

**-**Boca fi bal'ina maasii irratti jijjiiramni yeroo taassifamu akkasumas walitti dhufeenyi mirga abbaa qabiyyee fi maasii gidduu jiru yeroo jijjiiramu ragaan inni duraanii haqamee ragaa haaraatiin bakka ni buufama.Kun kan ta'u garuu sirreeffamni taassiffamu xiqqaa yoo ta'e qofa (fkn bal'ina maasii)

-Ragaa abbaa qabiyyee ilaalchisee jijjiiramni yeroo jiraatu (fkn dogongora maqaa) ragaan inni kanaan dura galmaa'ee jiru sirreeffamee barreeffamuu qaba.

### 2.9.4.Sirreeffamoota Boca Maasii Ilaalchisee Raawwataman Keessaa

.**Maasii walitti aanfachuuf/walitti dabaluuf** –Maasii walitti aansuun/dabaluun kan taassifamu maasii misoomsuuf carraa mijawaan uumuufi.Gama biraatiin maasiiwwan walittiaanfaman/dabalaman hundi isaanii kan abbaa qabiyyee nama tokkoo yoo ta'an qofa ta'ee kunis kan raawwachuu danda'u erga waljijjiirraan maasii taassiffamee booda dha.

.**Daangaa Maasii Sirreessuu**:-sirreeffama daangaa taassissuun kan barbaachisu adeemsa kenna waraqaa ragaa sadarkaa 2ffaa keessatti yeroo lafti qawwifamu dogongorrii daangaa yoo jiraate ykn sababa uumamaatiin daangaa irrattti jijjiiramni yeroo uumamuu dha.

**.Odeeffannoo Ispaashaal fi Barreeffamaa Sirreessuu:-**Bal'ina maasii fi odeeffannoo abbaa qabiyyee fkn barreeffama maqaa ilaalchisee dogongorri salphaan yeroo jiraatu sirreeffama akkasii gochuun barbaachisaa ta'uu ni danda'a.

**.Waraqaa Ragaa Qabiyyee Lafaa Jijjiiruu:-**Waraqaan ragaa qabiyyee lafaa abbootii qabiyyee jalaa yoo bade ykn ammoo sababa addaddaatiin faayidaan ala yoo ta'e(if damaged) waraqaa ragaa walfakkaataan irradeebiin maxxanfamee abbootii qabiyyeef ni keenama.

Gosoonni sirreeffamaa armaan olitti tarreeffaman fi jijjiirama boca maasii irratti uumamu sirreessuuf raawwataman kunniin qoodiinsa lafaa kan isaan barbaachisu miti.Dabarsa lafaatiin walqabatee lafa qooduun kan barbaachisu qabiyyeen nama tokkoo namoota tokkoo ol ta'aniif yeroo darbu(fkn dhaalaan,kennaan,haati warraa fi abbaan warraa yeroo walhiikan) ,mootummaan misoomaaf ykn saba biraatiin(eg.Partial Reallocation)qabiyyeen nama dhunfaa irraa hanga ta'e yeroo fudhatu (partial expropriation) dha.

Yeroo kanattis haalli mirgi abbootii qabiyyee adeemsi dabarsa lafaa kun isaan ilaallatu fi haalli qabiyyichaa seera qabeessummaan isaanii erga qulqullaa'e booda maasicha/qabiyyicha qooduudhan mirgi isaa abbootii qabiyyee isaan haaraatti ni darba.Dabarsi mirga lafaa akkasii kun gosa 'dabarsa mirga abbummaa qabiyyee lafaa'keessatti kan ramadamuudha.

### 2.10. Qajeeltooowwan Bu'uuraa Adeemsa Dabarsa Mirga Lafa Baadiyyaa

Gosoonni dabarsa mirga lafaa hundi amala mataa isaanii kan qaban ta'ullee, hundi isaanii garuu (haala qabatamaa garaagaraa keessati) adeemsa walfakkaataa ittiin raawwatan qabu.Kanaafis qajeeltoowwan fi adeemsa/tartiiba raawwii (Procedure) waliigalaa akkasumas ragaaleen dhimma kana raawwachuuf barbaachisan armaan gadi tarreeffamanii jiru:-

### 2.10.1 Waraqaa Ragaa Qabiyyee Lafaa

Abbaan qabiyyee lafaa hundi maasiiwwan qabiyyummaan isaanii kan isaa ta'e hundaaf waraqaan ragaa ni kennamaaf.Waraqaan ragaa qabiyyee lafaas odeeffannoo armaan gadi ni qabata:-

- ►Ibsa guutuu abbaa qabiyyee, kaartaa maasiicha fi maasiiwwaan isa daangeessan
- ►Abbootii qabiyyichaa tokkoo ol yoo ta'an maqaa tokko tokkoo isaanii

⇨Waraqaan ragaa bifa kanaan waajira Bulchiinsa Lafaa Aanaatiin qophaa'ee karaa koree bulchiinsa lafaa gandaatiin abbootii qabiyyeef kennama.

**Waraqaa Ragaa Qabiyyee Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa**


Lakk.____________
Guyyaa____________

BIIROO LAFA BAADIYYAA FI EEGUMSA NAANNOO OROMIYAA
WARAQAA RAGAA QABIYYEE LAFA BAADIYYAA
KAARTAA QABIYYEE LAFAA LAKKOOFSA ADDAA

Naannoo Oromiyaa Godina
Aanaa Ganda
Maqaa Abbaa Qabiyyee/ootaa
1.
2.
3.
4.

Bali`ina/hek/:

Foyyessuu/edition/____________

**Hubachiisa**

1.Labsii Bulchiinsa fi itti Fayyadama Lafa baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk.130/1999 raawwachisuuf aangoo BLBENO tiif kennameen waraqaa ragaa qabiyyee lafaa qopha`ee kennameera.
2.Abbaan qabiyyee lafaa kamiyyuu akkaataa labsii fi danbii bulchiinsa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa baheen dirqama irraa eegamuu bahuu yoo dhabee/de mirga itti fayyadama qabiyyee lafaa dhabuu ni danda`a/dandeesi.
3.Qabiyyee lafaa haalaan itti fayyadamuu dhabuun lafa ofi fi olloota irratti badii geessisuun seeraan gaafachisa.
4.Abbaan qabiyyee lafaa mirga itti fayyadama lafaa akka jalaa hafu kan itti murtaa`e kamiyyuu waraqaa ragaa qabiyyee lafaa WLBEN aanaaf deebisuuf ni dirqama.
5.Abbaa warraa fi haadha warraa waliin waraqaa ragaa argatan mirga itti fayyadama lafaa qixa qabu.
6.Namnii mirga itti fayyadamaa qabu akkaataa seeraatiinmirga itti fayyadamaa dabarsuu ni danda`a/dandeesi.
7.Qabiyyee lafaa yoo dabarfamu waraqaan ragaa kan foyya`u ta`a.

N

Iskeelii

**Ibsa**

Lafa W/Ragaa itti kenname
Daangesitoota

Kan Qopheesse:
Maqaa:
Mallattoo:
Guyyaa:

Kan Ragguasise:
Maqaa:
Mallattoo:
Guyyaa:

Datum:Adindan UTM Zone 37N

### 2.10.2 Qaqqabamummaa (Availability and Accessibility) Odeeffannoo Lafaa


Odeeffannoon lafaa waayitawaa, amansiisaa fi amanamaa ta'e jiraachuun bulchiinsa lafaa keessatti dhimma murteessaa dha.Sababni isaas lafti qabeenya gatii guddaa qabu (Highly Valued Resource) waan ta'ee fi yeroo baay'ee madda waldhabbii ta'aa waan jiruufi. Kanaafis odeeffannoon lafaa karoora ittifayyadama lafaa qopheessuuf, bu'uraalee misoomaa addaddaa ijaaruuf, hojii eegumsa naannoo fi misooma qabeenya uumamaa geggeessuuf,misooma hawaasummaaf,balaa tasa mudatu ittisuuf ,gibira murteessuu fi sassaabuuf akkasumas misooma gabaa lafaa foyyeessuu keessatti gahee bakka hin bu'amne qaba.Kanaafis odeeffannoon lafaa waayitawaa fi fayyadamtootaf qaqqabamaa akka ta'u gochuun baay'ee barbaachisaa dha.

Sadarkaa aanaatti Odeeffannoon lafaa sirna koompitaraan deeggaramee qindaa'e (databased) fi sirna odeeffannoo naannoo fi feedaraalaa waliin walitti hidhame yoo jiraate misooma walittifufaa ta'e fi bulchiinsa gaarii fiduuf bu'uura amansiisaa dha.Kana malees fuula duraatti madda galii ta'uun sirni bulchiinsa lafaa walittifufiinsa akka qabaatu gochuuf ni gargaara.

Haata'u malee akkaataa ittifayyadama fi bulchinsa isaa ilaalchisee fkn dhimmoota odeeffannoo kamtu, eenyuun/qaama kamiin,bifa akkamiin ,tajaajila akkamiif barbaadama akkasumas kaffaltii isaa ilaalchisee murteessuuf gadi fageenyaan qorannoo geggeessuu gaafata.Kana malees qorannoon gama kanaan taassiffamu haala sababoota dhuunfaas ta'e dirqisiisaa waliin walqabatee dhimmoota carraan odeeffannoo lafaa argachuu akka daanga'u taassisanis ofkeessatti hammachuu qaba.Erga sirni odeeffannoo bulchiinsa lafaa hojiirra ooluu jalqabe booda,qorannoon faayidaa waliigalaa odeeffannoo lafaa madaaluuf gargaaru kan geggeeffamu ta'a.

## 2.11. Ibsa Adeemsa Dabarsa Lafa Baadiyyaa

Akkuma armaan olitti ibsamettigosoonni dabarsa mirga lafaa hundi amala mataa isaanii kan qaban ta'ullee, isaan hundi garuu(haala qabataa garaagaraa keessatti) adeemsa fi yaa'insa walfakkaataa ittiin raawwatan qabu.Adeemsonni fi yaa'insi walfakkaataa kunniinis armaan gadi ibsamanii jiru:-




**Fak.4** Adeemsa / yaa'insa Dabarsa Mirga Lafaa

**Hubachiisa:-**

1.Hub.-5 Qoodinsi maasii yeroo godhamu, daangaan yeroo sirraa'u fi maasii walitti aansuun yeroo raawwatamu sirreeffamni boca maasii ni taassiffama

2.Hub.7- Maxxansi ykn qophiin waraqaa ragaa qabiyyee lafaa mallattoo eleektirooniiksii, chaappeessuu fi maxxansuu ilaallata

**Gabatee 1 Adeemsa / yaa'insa Dabarsi Mirga Lafaa Kamiyyuu ittiin Raawwatamu**

| Hojii Hajjatamu(Ibsa Hojii raawwatamu) | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1. Ragaalee Dabarsa Mirga lafaaf barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata geessuu | Iyyataa(Iyyattoota) | Uunkaalee fi ragaalee gosa dabarsa mirga lafaa gaafatame raawwachuuf barbaachisan qopheessuu |
| 2. Iyyanni fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhan iyyaticha fudhadhuu ykn fudhachuu dhabuuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaa(akkaataa barbaachisummaa isaatiin) | Iyyanni fudhatama argate fi ragaaleen barbaachisan waajira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu |
| 3. Dhimmicha/iyyaticha hawaasaaf ifa gochuun yaadni akka irratti kennamu taassisuu ,mormii fi komiin yoo jiraate fudhachuu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni sadarkaa gandaa fi aanaatti hawaasaf ifa godhamee yaadni akka irratti kennamu ta'a |
| 4. Mormii fi komiiwwan dhiyaatan yoo jiraatan ilaaluu,mari'achuu fi murtiii kennuu | Koree maanguddoota gandaa fi/ykn mana murtii aanaa(dhumarrattis ol iyyannoon mana murtii olaanaa) | • Komiin ykn mormiin jalqaba koree bulchiinsa gandaa itti aansee ammoo mana murtii aanaatiif dhiyaata<br>• Dhimmoonni murtii seeraa barbaadan biroo fkn dhimmi dhaalmaa kallattiidhaan mana murtii aanaaf dhiyaata<br>• Murtii ykn gorsi koree bul.lafaa gandaatiif ergamee koreen ammoo iyyataa(Applicant)biraan gaha |
| 5. Gaafii ykn iyyata dabarsa mirga lafaa keessummeessuu | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | • Iyyata fi ragaalee fi uunkaalee karaa koree bul.lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate ykn muurtii mana murtii irratti |

| Hojii Hajjatamu(Ibsa Hojii raawwatamu) | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| | | hundaa'uun<br>• lafa qawwisuu(Jijjiirama maasii qooduu ,walitti aanfachuu fi daangaa sirreessuu walin walqabate uumamusirreessuu )dabalachuu ni danda'a **(Haala irratti hundaa'ee)** |
| 6. Gaafii dabarsa mirga lafaa dhiyaate mirkaneessuu fi odeeffannoo galmee lafaa akka haroomfamu ajaja kennuu | I/A mudama galmee ragaa lafaa aanaa | Iyyanni dhiyaate fudhatama yoo dhabe karaa koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul.lafaa gandaatiin nama iyyannoo dhiyeesseetti(Applicant) itti himama. Akka barbaachisummaa isaattti hojiin kun akkaataa fakkii 4 lakk. 5 fi 6 irratti ibsamee jiruun raawwatama |
| 7. Galmee odeeffannoo lafaa haaroomsuun waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu)-**print** | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo lafaa eeleektirooniiksii 'Spatial' fi barreeffamaa haaroomsuudhan waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu).kunis mallattoo eleektirooniiksii irra kaa'uu,chaappaa I/A muudama galmee lafaa irra kaa'uu fi maxxansuu dabalata. |
| 8. Nama iyyata iyyateef(Applicant) waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa | Bu'aan iinni dhumaa waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa nama iyyannoo dhiyeessf kennamuudha.Haata'u malee wanti hojjatamu galmee lafaatti odeeffannoo muraasa/xiqqoo dabaluu taanaan waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennuun hin barbaachisu |
| 9. Odeeffannoo lafaa kaayyoo | Waajiraalee/biiroolee | Waajiraaleen/biirooleen Lafa |

| **Hojii Hajjatamu(Ibsa Hojii raawwatamu)** | **Qaama Raawwatu** | **Yaada/Ibsa** |
| --- | --- | --- |
| misoomaa fi bulchiinsa lafaatiif fayyadu walitti qabuu | Lafa Baadiyyaa Naannoo fi Feedaraalaa | Baadiyyaa Naannoo fi Feedaraalaa odeeffannoo dhimma lafaa xiinxaluu fi qindeessuuun fayyadamtootaf ni dhiyeessu |

Gabatee 1.Adeemsa /Yaa'insa Waliigalaa (Generic) Hojmaata Dabarsa Mirga Lafaa

## 3. ADEEMSA DABARSAA MIRGA LAFAA TOKKOO TOKKOON

Labsiin Bulchiinsa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa mootummaa Feedaraalaas ta'e kan noonnoolee lammiin baadiyyaa kessatti hojii qonnaarratti bobba'uu barbaadu mirga lafa argachuu akka qabu ni ibsa.Gama biraatiin ammoo lafti qabeenya mootummaa fi kan ummataa waan ta'eef mirgi lammiileen lafarratti qaban mirga daangaa yeroo malee ittifayyadamuudha.

Haaluma kanaanis dabarsa lafaa yeroo jennu mirga kana nama ykn garee biraatti dabarsuus kan dabalatuudha.Kun kanaan osoo jiruu mirgi mirga lafaa dabarsuu yeroo tokko tokko sababa addaddaatiin dangeeffamuu ni danda'a.Kunis kan ta'u wanta karaa seera qabeessa ta'een mirga akkasii kana dhoorkuu danda'u ykn ammoo qaama ykn nama komii fi mormii seeraan deeggarame qabu yeroo jiraatuudha.Isaan kaan ammoo mirga abbootiin qabiyyee qaban osoo hin ta'in qabiyyee fi ragaa maasii qofa irratti dhiibbaa kan qabaniidha.

Gosoonni Dabarsa Mirga lafaa sadan armaan gadi ibsamanii jiru:-

Gosti dabarsa mirga lafaa kun toftaa mirgi daangaa yeroo malee lafatti fayyadamuu nama tokkoof mootummaan kenname nama duunfaa ykn garee namootaatti itti darbuudha.Dabarsii akkasii kun yeroo raawwatamus odeeffannoon maasicha fi mirga abbaa qabiyyichaa ilaalchisee galmee lafaa keessatti kanaan dura galmaa'ee jiru haaroomfamee bifa haaraatiin galmaa'a.

Jijjiiramni dhufe lafa qooduu hin gaafatu taanaan galmeen bifa haaraatiin gurmaa'u tokko qofa ta'a.Gama biraatiin dhimmichi lafa qooduu ni gaafata yoo ta'a galmeen haaraan taassiffamu tokko ol ta'aa jechuudha.

**Dabarsi Mirga Lafaa Haala (Sababoota) Armaan Gadiitiin Raawwachuu Danda'a:-**

**1. Dhaalmaa** (dhaamsa dhaalaatiin ykn dhaamsaa dhaalaa malee, Maasii qooduu kan gaafatu ykn kan hin gaafanne)

**2.Abbaa manaa fi haatii manaa walhiikuu** (Maasii qooduu kan gaafatu ykn kan hin gaafanne)

**3. Kennaa** (Maasii qooduu kan gaafatu ykn kan hin gaafanne)

**4. Walii geeddaruu/jijjiiruu**

**5. Motummaan faayidaa hawaasaaf qabiyyee nama dhuunfaa yeroo fudhatu** (Maasii qooduu kan gaafatu ykn kan hin gaafanne)

**6. Lafti Yeroo Hiramu**

**7. Haala addaatiin** (Yeroo hojiin kenna waraqaa ragaa sad.2ffaa tti abbaan qabiyyee waan hinkeekamneef maasiin osoo hin galmaa'iin yoo bira darbame kana sirreessuuf)

### 3.1. Adeemsa Mirgi Lafaa Dhaalaan Ittii Darbu

Abban qabiyyee (abbotiin qabiyyee) lafaa yoo du'an qabiyyeen lafaa nama ykn garee namootaa biraatti ni darba.Yeroo akkassii haalli qabiyyeen ittiin darbu garaagara ta'uu danda'a.( dhalmaan,dhaamsa dhaalaa ykn ammoo dhaamsa dhaalaa malee,nama tokkoof ykn tokkoo oliif).Namoonni dhaalan tokkoo ol yoo ta'an lafa addadda qooduun barbaachisaa ta'a.

#### 3.1.1. Dhaamsa Dhaalaa Irratti Hundaa'uun Mirga Qabiyyee Dabarsuu

Inni kun toftaa mirgi qabiyyeen lafaa dhaalmaan miseensota maatiif ittiin darbu yeroo ta'u dursanii ragaa ykn sanada dhaaltonni eenyu fa'a akka ta'an,gaheen tokkoo tokoo isanii hangam akka ta'e agarsiisu qopheessuudhan kan raawwatamuudha.Sababni isaas qoodinsi maasii lakkoofsa daatotaa fi bal'ina maasii irratti hundaa'uun waan geggeeffamufi.

**Wantoota/ragaalee Mirga Lafaa Dhaalmaan Dabarsuuf Guutamuu Qaban**

- Miseensa maatii (jechuun abbaa qabiyyichaa waliin dhabbiin kan jiraatu fi jireenyi isaa galii abbaa qabiyichaa irraati kan hundaa'e)-*Labsii Lakk.130/2007*
- Bal'inni maasii ykn maasiiwwan dhaamsa dhaalaatiin darban daangaa bal'ina maasii seeraan murtaa'en gadi ta'uu hin qabu
- Dabarsi mirga lafaa dhaamsa dhaalaatiin osoo hin raawwatamin dura mormiin jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu isaa beekuuf, dhimmichi (iyyanni akkasii)karaa waajira lafaa gandaa fi aanaatiin hawaasaaf ifa godhamee yaadni irratti kennamuu qaba.Namni ykn qaamni mormu dhiyaannaan,akka barbaachisummaa isaatii ,dhimmichi koree maanguddoo gandaa ykn mana murtii aanaatti dhiyaatee hiikamuu qaba.
- Dabarsi Kun maasii qooduu gaafata taanaan qoodinsi kan raawwatu bal'inni maasii qoodamu daangaa seera keessatti taa'een gadi yoo hin taane qofa. Sanaan gadi taanaan garu maasicha qooduun waan hin danda'amneef dhaaltonni waliin ta'uun maasichatti fayyadamuuf mirga qabu.Yeroo hunda mirga lafaa dabarsuun kan raawwatu erga qoodinsi taassiffamee boodadha.

**Ragaalee (Sanadoota) Barbaachisan**

- ❖ Iyyata dhaaltootan guutamee mallattaa'e
- ❖ Iyyattoonni ykn ammoo bakka buutonni isaanii qaamaan dhiyaachu qabu
- ❖ Ragaa eenyummaa dhaaltootaa ibsu
- ❖ Ragaa haala fuudhaaf heeruma dhaaltotaa ibsu

- Ragaa abbaan qabiyyee duraanii du’aan addunyaa kanarraa boqochuu isaanii ibsu
- Murtii koree maanguddootaa ykn mana murtii aanaa(akka barbaachisummaa isaatti)
- Ragaa/sanada dhaamsa dhaalaa dhaaltonni eenyu fa’a akka ta’an fi miirga isaan qaban ibsu
- Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa

**Ragaalee/Sanadoota Dhuma Adeemsa Kanarratti Kennaman (Output Documents)**

→ Waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraan kaartaa maasii waliin abbootii qabiyyee haaraa/dhaaltota hundaaf ni kennama

**Mirga Lafatti Fayyadamuu Dhaalmaan Dabarsuu**

Haala 1(Case 1:-)Maasiin/Qabiyyeen Osoo Hinqoodamin Dhaaltotaaf Dabarsuu

Obbo Galataa Bultmeen qabiyee lafaa (Maasii) lakkoofsa addaa 00001 tiin galmaa’ee jiru qabu ture.Mucaa dubaraa tokko qofa kan qaban namni Kun qabiyyee kana bara 1995 yeroo lafti irradeebiin hirame ture kan argatan

.

Haata’u malee bara 1997 obbo Galataan addunyaa kanarraa du’aan waan boqotaniif mucaan isaanii (Bashaatuu Galataan) mirga dhaalmaa waan qabduuf qabiyyeen kun akkaataa seera dhaalmaatiin maqaa isheetti naanna’ee akka galmaa’uuf iyyata berreessitee murtii koree maanguddoo fi ajaja mana murtii dhaaltuu ta’uu ishee ibsu waliin qabsiisuudhan waajira bulchiinsa lafaa gandaatti iyyatte.

Ogeessi galmee lafaa waajira bulchiinsa lafaa gandichaa (Kebele Registration Officer) iyyanni fi ragaaleen barbaachisan sirrii fi guutuu ta’uu isaanii erga qulqulleesse booda lakkoofsa fi guyyaa iyyatichi dhiyaate irratti barreessee, ragaalee/dookmantoota waliin qabsiifaman hundaaf lakkoofsa itti kenne kaa’e.


Kana boodas odeeffannoo barbaachisu uunkaarratti galmeessee Bashaatuudhan ***(yeroo iyyanni ishee ummataaf ifa taassiffamu mormiinyoo irratti dhiyaateen alatti)*** torbee 4 booda dhuftee waraqaa ragaa fudhachuu akka dandeessu itti hime beellamaan geggeesse.

| Guyaaa Iyyyanni dhiyaate | Lakk. Dookmantii | Maqaa Iyyataa | Lakk.Waraqaa Eenummaa | Lakk. Maasii | Gosa Dabarsaa Mirga Lafaa |
|---|---|---|---|---|---|
| Hagayya 16/1997 | 1997/2 | Bashaatuu Galataa Bultumee | 245678 | 00001 | Dhaalmaa |
| | | | | | |
| | | | | | |

Ogeessi galmee gandaa erga ragaaleen dhiyatan sirrii ta'uu isaa mirkaneesse booda iyyata Bashaatuu gabatee beeksisaa waajiraalee gandaa fi aanaa irratti torbee sadiif maxxanfamee akka turu fi hawaasni akka yaada irratti kennu ni taassisa.

Torbee 3 booda ogeessi kun iyyaticha laalchisee mormiin ykn komiin dhiyaachuu isaa ni mirkaneessa, mormiin hin jiru taanaan, ragaa maasii lakk.00001 maqaa Oboo Galataa Bultumeetiin galmaa'e haqee maqaa Bashaatuu Galataa Bultumeetiin galmeessa (maqaan Obbo Galataa qalama diimaatiin sarara tokkoon ykn 'wavy' ni haqama).Kana boodas abbaan qabiyyee maasichaa Bashaatuu ta'a jechuudha.Haaluma kanaanis galmeen odeeffannoo lafaa ni haarawa,ogeessi galmee lafaa waraqaa ragaa haaraa ni qopheessa Bashaatunis torbee 4 booda beellamee isheetiin dhuftii kaffaltii tajaajila kanaaf barbaachisu(Registration Fee) raawwachuun waraqaa ragaa ni fudhatti.

**Ibsa Fakkii Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Dhaamsa Dhaalaarratti Hudaa'uun Raawwatamu**



**Ibsa Fakkii Adeemsa Dabarsi Mirga Lafaa Dhaamsa Dhaalaa Irratti Hundaa'uun Raawwatamu**

| Hojii Hajjatamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee Dabarsa Mirga lafaaf barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata geessuu | Dhaaltota | Uunkaalee fi ragaalee gosa dabarsa mirga lafaa dhaamsa dhaalaatiin raawwachuuf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyanni fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhan iyyaticha fudhadhuu ykn fudhachuu dhabuuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argate fi ragaaleen barbaachisan waajira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne dhaaltootaf ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa fakkii 5 lakk. 1fi 2 irratti ibsameen raawwatama |
| 3. Dhimmicha/iyyaticha hawaasaaf ifa gochuun yaadni akka irratti kennamu taassisuu ,mormii fi komiin yoo jiraate fudhachuu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni sadarkaa gandaa fi aanaatti hawaasaf ifa godhamee yaadni akka irratti kennamu ta'a .Komii fi mormiin dhiyaate koree bul.lafa baadiyyaa ykn Ogeessa bul. Lafaa gandaatiin ni galmaa'a |
| 4 Mormii fi komiiwwan dhiyaatan yoo jiraatan ilaaluu,mariisisuu fi murtiii kennuu | Koree maanguddoota gandaa fi/ykn mana murtii aanaa((dhumarrattis ol iyyannoon mana murtii olaanaa) | • Komiin ykn mormiin jalqaba koree bulchiinsa gandaa itti aansee ammoo mana murtii aanaatiif dhiyaata<br>• Murtii ykn gorsi koree bul.lafaa gandaatiif ergamee koreen ammoo dhaaltota biraan gaha<br>• |
| 5.Gaafii ykn iyyata dabarsa mirga lafaa keessummeessuu | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | • Iyyata fi ragaalee fi uunkaalee karaa koree bul.lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate irratti hundaa'uun keessummeessuu<br>• Dhaaltonni tokkoo ol yeroo ta'an lafa qooduun barbaachisaa ta'uu ni |

| Hojii Hajjatamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| | | danda'a(Haala irratti hundaa'ee ) |
| 6.Gaafii dabarsa mirga lafaa dhiyaate mirkaneessuu fi odeeffannoo galmee lafaa akka haroomfamu ajaja kennuu | I/A mudama galmee ragaa lafaa aanaa | Iyyanni dhiyaate fudhatama yoo dhabe karaa koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul.lafaa gandaatiin dhaaltoonni akka beekan ni taassiffama.Akka barbaachisummaa isaattti akkaataa fakkii 5lakk. 5 fi 6 tiin raawwatama |
| 7.Galmee odeeffannoo lafaa haaroomsuun waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu)-**print** | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo lafaa eeleektirooniiksii 'Spatial' fi barreeffamaa haaroomsuudhan waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu).kunis mallattoo eleektirooniiksii irra kaa'uu,chaappaa I/A muudama galmee lafaa irra kaa'uu fi maxxansuu dabalata. |
| 8.Dhaaltootaf waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa | Bu'aan iinni dhumaa waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa dhaaltootaf kennamuudha. |

**Uunkaa 1**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Mirga Lafaa Dhaamsa Dhaalaa**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate** ………………………………………

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| **Lakk. Addaa Maasii** | **00001** |
| **Naannoo** | **04** |
| **Godina** | **07** |
| **Aanaa** | **06** |
| **Ganda** | **015** |

**Odeeffannoo Nama Dhuunfaa**

**Maqaa Abbaa Qabiyyee Boqote/du'e**: …Obbo Galataa Bultume

| **Maqaa dhaalaa(dhaaltotaa)** | **Lakk. Waraqaa Eenyummaa** | **Haala Gaa'ilaa** | **Gahee dhaaltotaa (Maasii keessaa) (%)** | **Mallattoo dhaalaa (dhaaltotaa)** |
|---|---|---|---|---|
| Bashaatuu Galataa Bultume | **00001** | **Kan hin heerumne** | 245678 | |
| | | | | |
| | | | | |
| | | | | |

**Ragaalee /Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| Dhaaltonni ykn ammoo bakka buutonni isaanii(seera qabeessa) qaamaan dhiyaachu qabu | √__ |
| Ragaa eenyummaa dhaaltootaa ibsu | _√__ |
| Ragaa haala fuudhaaf heeruma dhaaltotaa ibsu | _√__ |
| Ragaa abbaan qabiyyee duraanii du'aan boqochuu isaa ibsu | _√__ |
| Mormii/komii iyyaticharratti dhiyaate irratti taaya/murtii maanguddootaa ykn ajaja/murtii mana murtii Aanaa | _√__ |
| Ragaa/sanada dhaamsa dhaalaa dhaaltonni eenyu fa'a akka ta'anii fi mirga isaan qaban ibsu | _√__ |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa | _√__ |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:**
…………………………………………………………..
…………………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa ……………………………………………………… Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………….

### 3.1.2. Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Dhaamsa Dhaalaa Malee (Inheritence without Will)

Gosti dabarsa mirga lafaa kun toftaa qabiyyeen lafaa dhaalmaan miseensota maatiif ittiin darbuu dha, garuu dursanii ragaa ykn sanada barreeffamaa dhaaltonni eenyu fa'a akka ta'an, maasicharraa gaheen tokkoo tokkoo isaanii hangam akka ta'e agarsiisu qopheessuun hin barbaachisu.Kanaafis dhaaltonni murtii ykn ajaja dhaaltota seera qabeessaa ta'uu isaanii ibsu mana murtii aanaa irraa qabaachuu qabu.

**Wantoota/haalawwan Guutamuu Qaban**

Dabrsa mirga lafaa dhaamsa dhaalaa malee raawwachuuf haala guutamuu qabu ilaalchisee, seeroota bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa naannichaa (Labsii fi Dambii) irratti hundaa'uun kan murtaa'u ta'a.Akka waliigalaatti garuu:-

- Miseensa maatii (jechuun abbaa qabiyyichaa waliin dhabbiin kan jiraatuu fi jireenyi isaa galii abbaa qabiyichaa irrati kan hundaa'e)-Dambii Lakk.150/2005 Keewwata 10 keewwata xiqqaa 1 fi 2/A,B,

- Bal'inni maasii ykn maasiiwwan dhaaltotatti darbu daangaa bal'ina maasii seeraan murtaa'en gadi ta'uu hin qabu,
- Dabarsi mirga lafaa dhaamsa dhaalaa malee osoo hin raawwatamin dura mormiin jiraachuu fi jiraachuu dhiisuu isaa beekuuf, dhimmichi (iyyanni akkasii)karaa waajjira lafaa gandaa fi aanaatiin hawaasaaf ifa godhamee yaadni irratti kennamuu qaba.Namni ykn qaamni mormu dhiyaannaan,akka barbaachisummaa isaatii ,dhimmichi koree maanguddoo gandaa ykn mana murtii aanaatti dhiyaatee hiikamuu qaba,
- Dabarsi Kun maasii qooduu gaafata taanaan qoodinsi kan raawwatu bal'inni maasii qoodamu daangaa seera keessatti taa'een gadi yoo hin taane qofa. Sanaan gadi taanaan garu maasicha qooduun waan hin danda'amneef dhaaltonni waliin ta'uun maasichatti fayyadamuuf mirga qabu.Yeroo hunda mirga lafaa dabarsuun kan raawwatu erga qoodinsi taasifamee booda.


**Ragaalee (Sanadoota) Barbaachisan**

- Iyyata dhaaltootaan guutamee mallattaa'e
- Dhaaltonni ykn ammoo, bakka buutonni isaanii qaamaan dhiyaachuu qabu
- Ragaa eenyummaa dhaaltootaa ibsu
- Ragaa haala fuudhaaf heeruma dhaaltotaa ibsu
- Ragaa abbaan qabiyyee duraanii du'aan addunyaa kanarraa boqochuu isaa ibsu
- Murtii koree maanguddootaa ykn mana murtii aanaa (akka barbaachisummaa isaatti)
- Ragaa/ajaja dhaalmaa mana murtii irraa kenname
- Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa

**Ragaalee/sanadoota dhuma adeemsa kana irratti Kennaman (Output Documents)**

Waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraan kaartaa maasii waliin abbootii qabiyyee haaraa/dhaaltota hundaaf ni kennama

## Ibsa Fakkii Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Dhaamsa Dhaalaa Malee



**Gabatee Adeemsa Dabarsi Mirga Lafaa Dhaamsa Dhaalaa Malee Tokkoo Tokkoon Agarsiisu**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee Dabarsa Mirga lafaaf barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata dhiyyeessuu | Dhaaltota | Uunkaalee fi ragaalee gosa dabarsa mirga lafaa **dhaamsa dhaalaa malee** raawwachuuf barbaachisan qopheessuu. |
| 2.Iyyannii fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakatta'uudhaan iyyaticha fudhachuu ykn fudhachuu dhabuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen barbaachisan waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne dhaaltootaf ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1fi 2 tiin raawwatamu. |
| 3.Dhimmicha/iyyaticha hawaasaaf ifa gochuun yaadni akka irratti kennamu taassisuu ,mormii fi komiin yoo jiraate fudhachuu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni sadarkaa gandaa fi aanaatti hawaasaf ifa godhamee yaadni akka irratti kennamu ta'a .Komii fi mormiin dhiyaate koree bul.lafa baadiyyaa ykn Ogeessa bul. Lafaa gandaatiin ni galmaa'a |
| 4Mormii ykn komiiwwan dhiyaatanii fi dhimma dhaalttonni eenyuu fa'a akka ta'anii fi mirga isaan qaban ilaalchisee qorachuu,mariisisuu fi murtii kennuu | Koree maanguddoota gandaa fi/ykn mana murtii aanaa((dhumarrattis ol'iyyannoon mana murtii ol'aanaa) | • Komiin ykn mormiin jalqaba koree bulchiinsa gandaa itti aansee ammoo mana murtii aanaatiif dhiyaata,<br>• Murtii ykn gorsi koree bul.lafaa gandaatiif ergamee koreen ammoo dhaaltota biraan gaha |
| 5.Gaaffii ykn iyyata dabarsa mirga lafaa keessummeessuu | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | • Iyyataa, ragaalee fi uunkaalee karaa koree bul.lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate irratti hundaa'uun keessummeessuu |

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| | | • Dhaaltonni tokkoo ol yeroo ta’an lafa qooduun barbaachisaa ta’uu ni danda’a(Haala irratti hundaa’ee ) |
| 6.Gaaffii dabarsa mirga lafaa dhiyaate mirkaneessuu fi odeeffannoon galmee lafaa akka haroomfamu ajaja kennuu | Galmeessaa ragaa lafaa Aanaa | Iyyanni dhiyaate fudhatama yoo dhabe karaa koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul.lafaa gandaatiin dhaaltoonni akka beekan ni taasifama.Akka barbaachisummaa isaatti akkaataa hojii lakk. 5 fi 6 tiin raawwatamu. |
| 7.Galmee odeeffannoo lafaa haaroomsuun waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu)-**print** | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo lafaa eleektirooniiksii ‘Spatial’ fi barreeffamaa haaroomsuudhaan waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu).kunis mallattoo eleektirooniiksii irra kaa’uu,chaappaa Galmeessaa ragaa lafaa irraa kaa’uu fi maxxansuu dabalata. |
| 8.Dhaaltootaf waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaatiin raawwatamaa | Bu’aan inni dhumaa waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa dhaaltootaaf kennamuudha. |

**Uunkaa 2**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Mirga Lafaa Dhaamsa Dhaalaa Malee**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate** ……………………………………………

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| Lakk.Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo Iyyataa/Dhaalaa**

**Maqaa Abbaa Qabiyyee boqote/du'e** : …………………………………….

| Maqaa dhaalaa(dhaaltotaa) | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Gahee dhaaltotaa (Maasii keessaa) (%) | Mallattoo dhaalaa /dhaaltotaa |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |
| | | | | |
| | | | | |

**Ragaalee /Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| Dhaaltonni ykn ammoo bakka buutonni isaanii(seera qabeessa ta'an) qaamaan dhiyaachu qabu | |
| Ragaa eenyummaa dhaaltotaa ibsu | |
| Ragaa haala fuudhaaf heeruma dhaaltotaa ibsu | |
| Ragaa abbaan qabiyyee duraanii du'aan boqochuu isaanii ibsu | |
| Dhaaltonni eenyu fa'a akka ta'anii fi mirga isaan qaban ilaalchisee Murtii koree maanguddootaa ykn ajaja mana murtii Aanaa | |
| Mormii/komii iyyaticharratti dhiyaate irratti taaya/murtii maanguddootaa ykn ajaja/murtii mana murtii Aanaa | |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:**
………………………………………………………..
…………………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa ………………………………………………………

Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………

**3.2.Adeemsa Jijjiirama Mirga Abbaa qabiyyummaa Lafaa sababa diigamuu gaa'ilaatiin**

Jijjiiramni mirga abbaa qabiyyummaa akkanaa diiggamuu gaa'ilaa irratti hundaa'ee raawwatamuu dha.Gama biraatiin dabarsa akkasii raawwachuuf jalqaba qabiyyicha irratti jarri lachuu (abbaa warraa fi haadha warraa) mirga qabu moo isaan keessaa tokko qofatu mirga qaba kan jedhu adda baasuun barbaachisaa dha.Kanarratti hundaa'udhaanis maasiin qoodamuu ykn qoodamuu dhabuu ni danda'a.

**Dabrsa akkasii Raawwachuuf Haala Guutamuu Qabu ilaalchisee seeroota bulchiinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa naannichaa (Labsii fi Dambii) irratti hundaa'uun kan murtaa'u ta'a.Akka waliigalaatti garuu:-**

- Mirga abbaan warraa fi haati warraa maasicharratti dhuunfaadhanis ta'e waliin qaban irratti hundaa'ee qabiyyeen/maasiin qoodamuu ni danda'a.Qabiyyeen lafaa abbaan warraa fi haati warraa waliin galmeessisan qabiyyummaan isaa garuu kan tokkoo isaanii taanaan

(fkn.dhaalaan,kennaadhaan kan argame) wal-hiikuun booda(After Divorce) guutumaa guututti abbaa qabiyyichaatti deebi'a.Haaluma kanaanis galmee lafaa irratti haaromsi taasifamu maqaa sirreessuuu qofa ta'a.

- Dabarsi osoo hin geggeeffamin dura namni ykn qaamni mormu jiraachuu isaa qulqulleessuuf dhimmichi karaa waajjira lafaa gandaa fi aanaatiin hawaasaaf ifa godhamuu, mormaan yoo jiraate akka barbaachisummaa isaatti koree maanguddoo ykn mana murtii aanaatiin ni ilaalama.
- Maasiin kan qoodamu daangaa bal'ina maasii seeraan kaa'amen gadi yoo ta'uu baate qofadha.Maasiin hin qoodamu taanaan abbaan warraa fi haati warraa wal-hiikan qabiyyicha waliin ittifayyadamuu qabu.Gama biraatiin maasiin ni qoodama taanaan mirgi abbaa qabiyyummaa namoota wal-hiikan kanneeniif kan darbu ta'a.


**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**

- ❖ Iyyata namoota wal-hikaniin guutamee mallattaa'e
- ❖ Iyyattoonni ykn ammoo bakka buutonni isaanii qaamaan dhiyaachu qabu
- ❖ Ragaa eenyummaa iyyattootaa ibsu
- ❖ Ragaa wal-hiikaa (wal-hiikuu isaanii kan ibsu)
- ❖ Mormii/komii iyyaticharratti dhiyaate ilaalchisee (yoo jiraate) murtii maanguddoo ykn mana murtii
- ❖ Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa.

**Ragaalee/sanadoota dhuma adeemsa kana irratti Kennaman (Output Documents)**

Waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraan kaartaa maasii waliin abbootii qabiyyee haaraa lachuuf ykn tokko qofaaf ni kennamaa.

## Ibsa Fakkii Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Wal-hiikaa (Divorce)



**Gabatee Adeemsa Dabarsi Mirga Lafaa Wal-hiikuudhaan (Through Divorce) Tokkoo Tokkoon Agarsiisu**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee Dabarsa Mirga lafaaf barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata geessuu | Namoota wal-hiikan | Uunkaalee fi ragaalee gosa dabarsa mirga lafaa wal-hiikuu raawwachuuf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyannii fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhaan iyyaticha fudhachuu ykn fudhachuu dhabuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen barbaachisan waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne dhaaltootaaf ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1fi 2 tiin raawwatama |
| 3.Dhimmicha/iyyaticha hawaasaaf ifa gochuun yaadni akka irratti kennamu taasisuu ,mormii fi komiin yoo jiraate fudhachuu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni sadarkaa gandaa fi aanaatti hawaasaaf ifa godhamee yaadni akka irratti kennamu ta'a .Komii fi mormiin dhiyaate koree bul.lafa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaatiin ni galmaa'a |
| 4 Mormii ykn komiiwwan dhiyaatanii fi dhimma dhaaltoonni eenyuu fa'a akka ta'anii fi mirga isaan qaban ilaalchisee qorachuu,mariisisuu fi murtiii kennuu | Koree maanguddoota gandaa fi/ykn mana murtii aanaa((dhumarrattis ol'iyyannoon mana murtii olaanaa) | • Komiin ykn mormiin jalqaba koree bulchiinsa gandaa itti aansee ammoo, mana murtii aanaatiif dhiyaata<br>• Murtii ykn gorsi koree bul.lafaa gandaatiif ergamee koreen ammoo namoota wal-hiikan biraan gaha |
| 5.Gaaffii ykn iyyata dabarsa mirga lafaa keessummeessuu | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | • Iyyataa fi ragaalee fi uunkaalee karaa koree bul.lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate irratti hundaa'uun |

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| | | keessummeessuu<br>• Maasii wal-hiiktonni waliin qaban yoo jiraate qooduu ni barbaachisa<br>• Maasiin waliin qaban hin jiru yoo ta'e qooduun hin barbaachisu-maqaa abbaa qabiyyee qofatu jijjiirama |
| 6.Gaaffii dabarsa mirga lafaa dhiyaate mirkaneessuu fi odeeffannoo galmee lafaa akka haaromfamu ajaja kennuu | Galmeessaa ragaa lafaa Aanaa | Iyyanni dhiyaate fudhatama yoo dhabe karaa koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul.lafaa gandaatiin wal-hiiktonni akka beekan ni taasifama.Akka barbaachisummaa isaatti akkaataa hojii lakk. 5 fi 6 tiin raawwatama |
| 7.Galmee odeeffannoo lafaa haaromsuun waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu)-**fi kennu** | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo lafaa eleektirooniiksii 'Spatial' fi barreeffamaa haaromsuudhaan waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu).kunis mallattoo eleektirooniiksii irra kaa'uu,chaappaa Galmeessaa ragaa lafaa irraa kaa'uu fi maxxansuu dabalata. |
| 8.Wal-hiiktotaaf waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennu | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa | Bu'aan inni dhumaa iyyattootaaf waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennamuudha. |

**Uunkaa 3**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Mirga Lafaa Namoota Wal-hiikanii**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate** ……………………………………………………

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| Lakk.Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo Nama Dhuunfaa**

| Maqaa Namoota Wal-hiikanii | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Gahee Maasii (%) | Mallattoo Namoota Wal-hiikanii |
|---|---|---|---|
| | | | |
| | | | |
| | | | |

**Ragaalee /Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| Iyyattoonni(Namoonni Wal-hiikan) ykn bakka buutonni isaanii qaamaan dhiyaachuu qabu | |
| Ragaa eenyummaa Iyyattootaa ibsu | |
| Ragaa wal-hiikuu isaanii ibsu | |
| Mormii/komii iyyaticharratti dhiyaate ilaalchisee murtii maanguddootaa ykn mana murtii aanaa | |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:**
……………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa ……………………………………………………

Mallattoo ………………………………………………

Chaappaa

### 3.3. Adeemsa Mirga Lafaa Kennaadhaan Dabarsuu

Gosti dabarsa mirga lafaa kun toftaa abbaan qabiyyeee lafaa tokko qabiyyee isaa guutumaa guutuutti ykn hanga tokko miseensa maatii isaa tokko ykn tokkoo ol ta'aniif kennaadhaan ittiin dabarsuudha.Qabiyyeen miseensa maatii tokkoo ol ta'aniif ni darba taanaan lafa qooduun barbaachisaa ta'a.

**Haalawwan Guutamuu Qaban**

Dabrsa akkasii raawwachuuf haala guutamuu qabu ilaalchisee, seeroota bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa naannichaa (Labsii fi Dambii) irratti hundaa'uun kan murtaa'u ta'a.Akka waliigalaatti garuu:-

- Miseensa maatii jechuun nama dhaabbiidhaan abbaa qabiyyichaa waliin jiraatuu fi jireenyi isaa galii abbaa qabiyyichaa irratti kan hundaa'e kamiyyuu jechuudha,
- Qabiyyeen /lafti kennaadhaan darbus ta'e, harka abbaa qabiyyichaatti hafu daangaa bal'ina qabiyyee seeraan murtaa'een gadi ta'uu hin qabu,
- Dabarsi osoo hin geggeeffamin dura namni ykn qaamni mormu jiraachuu isaa qulqulleessuuf dhimmichi karaa waajjira lafaa gandaa fi aanaatiin hawaasaaf ifa godhamuu, mormaan yoo jiraate akka barbaachisummaa isaatti koree maanguddoo ykn mana murtii aanaatiin ni ilaalama/hiikama,
- Kana malees, dhaaltonni (ijoollee isaa lafa hin qabnee fi ijoollee ijoollee isaa yoo ta'an) galii biraa kan hin qabne ta'uu isaanii karaa mana maree bulchiinsa gandaatiin mikanaa'ee ragaan dhiyaachuu qaba. *(Dambii bul. fi ittifayyadama lafa baadiyyaa naannoo Oromiyaa Lakk. 151/2005keewwata 10 , keewwata xiqqaa 2 )*
- Maasii qooduun barbaachisaa ta'ee yoo argame (maasiin yeroo qoodamu daangaa bal'ina qabiyyee seeraan kaa'ame gadi miti yoo ta'e,)erga qoodinsi raawwate booda itti aansee mirgi qabiyyee lafaa dabarsuu ni raawwata.


**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**

- ✓ Iyyata nama(abbaa qabiyyee) kennuu fi nama fudhatu ykn namoota fudhataniin (receivers)iin guutamee mallattaa'e
- ✓ Iyyattoonni ykn ammoo bakka buutonni isaanii qaamaan dhiyaachuu qabu
- ✓ Ragaa eenyummaa iyyattoota ibsu(nama kennuifi fudhatu)
- ✓ Ragaa haala gaa'ilaa iyyattootaa(nama kennu fi fudhatu) ibsu
- ✓ Mormii/komii iyyaticharratti dhiyaate ilaalchisee (yoo jiraate) murtii maanguddoo ykn ajaja mana murtii
- ✓ Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa

**Ragaalee/sanadoota dhuma adeemsa kanarratti Kennaman (Output Documents)**

Waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraan kaartaa maasii waliin abbootii qabiyyee haaraa lachuuf ykn tokko qofaaf ni kennamaa.

**Ibsa Fakkii Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Kennaan Dabarsuu**



**Gabatee Adeemsa Dabarsi Mirga Lafaa Kennaadhaan (Through Gift) Tokkoo Tokkoon Agarsiisu**

| Hojii Hojjotamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee Dabarsa Mirga lafaaf barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata geessuu | Nama kennuu fi fudhatu | Uunkaalee fi ragaalee gosa dabarsa mirga lafaa **kennaa** raawwachuuf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyannii fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakatta'uudhan iyyaticha fudhachuu ykn fudhachuu dhabuuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen barbaachisan waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne iyyattootaaf ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1fi 2 tiin raawwatama |
| 3.Dhimmicha/iyyaticha hawaasaaf ifa gochuun yaadni akka irratti kennamu taassisuu ,mormii fi komiin yoo jiraate fudhachuu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni sadarkaa gandaa fi aanaatti hawaasaaf ifa godhamee yaadni akka irratti kennamu ta'a .Komii fi mormiin dhiyaate koree bul.lafa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaatiin ni galmaa'a |
| 4 Mormii ykn komiiwwan dhiyaatanii fi dhimma dhaaltoonni eenyuu fa'a akka ta'anii fi mirga isaan qaban ilaalchisee qorachuu,mariisisuu fi murtii kennuu | Koree maanguddoota gandaa fi/ykn mana murtii aanaa(dhumarrattis ol'iyyannoon mana murtii ol'aanaa) | • Komiin ykn mormiin jalqaba koree bulchiinsa gandaa itti aansee ammoo mana murtii aanaatiif dhiyaata<br>• Murtii ykn gorsi koree bul.lafaa gandaatiif ergamee koreen ammoo iyyattoota biraan gaha |
| 5.Gaaffii ykn iyyata dabarsa mirga lafaa keessummeessuu | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | • Iyyataa fi ragaalee fi uunkaalee karaa koree bul.lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate irratti |

| Hojii Hojjotamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| | | hundaa'uun keessummeessuu<br>• Namoonni kennamuuf tokkoo ol yoo ta'an ykn abbaan qabiyyichaa qabiyyee isaa irraa kutee kenna yoo ta'e maasii qooduun barbaachisaa ta'a |
| 6.Gaaffii dabarsa mirga lafaa dhiyaate mirkaneessuu fi odeeffannoon galmeen lafaa akka haaromfamu ajaja kennuu | Galmeessaa ragaa lafaa aanaa | Iyyanni dhiyaate fudhatama yoo dhabe karaa koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul.lafaa gandaatiin iyyattoonni (kan kennu fi kan fudhatu)akka beekan ni taassiffama.Akka barbaachisummaa isaatti akkaataa hojii lakk. 5 fi 6 tiin raawwatama |
| 7.Galmee odeeffannoo lafaa haaroomsuun waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu)-**fi kennu** | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo lafaa eleektirooniiksii 'Spatial' fi barreeffamaa haaroomsuudhaan waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu).kunis mallattoo eleektirooniiksii irra kaa'uu,chaappaa Galmeessaa ragaa lafaa irraa kaa'uu fi maxxansuu dabalata. |
| 8.Nama kennu fi fudhatuf(niif) waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa | Bu'aan inni dhumaa waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa nama kennuu fi fudhatuuf kennamuudha. |

**Uunkaa 4**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Mirga Lafaa (Kennaan)**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate** ………………………………………………

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| **Lakk.Addaa Maasii** | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo nama dhuunfaa**

| Maqaa Nama kennaa Kennu(giver ) | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Gahee Maasii (Hamma kennamu) (%) | Mallattoo abbbaa qabiyyee |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |

| Maqaa Nama kennaa fudhatu(recipient) ) | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Gahee Maasii(Hamma fudhatu) (%) | Mallattoo nama kennaa fudhatu |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |

**Ragaalee /Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| Iyyattoonniykn bakka buutonni isaanii(seera qabeessa ta'an) qaamaan dhiyaachuu qabu | |
| Ragaa eenyummaa nama kennaa kennuu ibsu | |
| Ragaa haala gaa'ila nama kennaa kennuu ibsu | |
| Ragaa eenyummaa nama kennaa fudhatu ibsu | |
| Ragaa haala gaa'ila nama kennaa fudhatu ibsu | |
| Mormii/komii iyyaticharratti dhiyaate ilaalchisee murtii maanguddootaa ykn mana murtii aanaa | |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:**
……………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa ……………………………………………………

Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………

**3.4. Adeemsa Wal-jijiirraan Maasii Ittiin Raawwatamu**

Adeemsi dabarsa lafaa kun tooftaa abbootiin qabiyyee lafaa lama fedhii isaaniitiin maasii isaanii ittiin wal-jijiiranii/geeddaraniidha.Maasiiwwan geeddaraman lachuu aanaa tokko keessatti kan argaman ta'uu qabu.Wal-jijjiirraan maasiiwwanii kan taasifamu fageenya maasii fi mana jireenyaa abbootii qabiyyee lafaa hir'isuu ykn maasiiwwan qabeenyummaan isaanii kan nama tokko ta'an walitti aanfachuun ittifayyadama maasiif maasii isaa misoomsuuf haala mijataa uumuu.

**Haalawwan Guutamuu Qaban**

**Dabrsa mirga lafaa akkasii Raawwachuuf Haala Guutamuu Qabu ilaalchisee, seeroota bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa naannichaa (Labsii fi Dambii) irratti hundaa'uun kan murtaa'u ta'a.Akka walii-galaatti garuu:-**

- Maasiiwwan wal-jijjiiraman lachuu aanaa tokko keessatti kan argaman ta'uu qaba
- Sababni wal-jijjirraa ittifayyadama lafaa fooyyeessuuf ta'uu qaba
- Iyyanni wal-jijjiirraa mirga qabiyyee lafaa raawwachuuf dhiyaate waajjiraalee bulchiinsa lafaa gandaa fi aanaatti maxxanfamee hawaasaaf ifa ta'uu qaba


**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**

- Iyyata abbootii qabiyyee maasii isaanii wal-jijjiiruu barbaadan lachuun guutamee mallattaa'e,
- Iyyattoonni ykn ammoo bakka buutonni isaanii (bakka bu'ummaa seera qabeessa) qaamaan dhiyaachu qabu,
- Ragaa eenyummaa iyyattoota (abbootii qabiyyee maasii isaaniii wal-jijjiiruu barbaadanii lachuu) ibsu
- Ragaa haala gaa'ilaa iyyattootaa (abbootii qabiyyee maasii isaanii wal-jijjiiruu barbaadanii lachuu) ibsu
- Mormii/komii iyyaticharratti dhiyaate ilaalchisee, (yoo jiraate) murtii/yaada maanguddoo ykn mana murtii
- Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa

**Ragaalee/sanadoota dhuma adeemsa kanarratti kennaman (Output Documents)**

Waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraan kaartaa maasii waliin abbootii qabiyyee haaraa lachuuf ni kennamaa.

## Ibsa Fakkii Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Waljijjiirraa Maasii



**Gabatee Adeemsa Dabarsi Mirga Lafaa Wal-jijjiirraa Maasii Tokkoo Tokkoon Agarsiisu**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee Dabarsa Mirga lafaaf barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata geessuu | Abbootii qabiyyee maasii isaaniii wal-jijjiiruu barbaadan | Uunkaalee fi ragaalee gosa dabarsa mirga lafaa **Jijjirraa maasii** raawwachuuf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyanni fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhan iyyaticha fudhadhuu ykn fudhachuu dhabuuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen barbaachisan waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne iyyattootaf(abbootii qabiyyee maasii wal-jijjiiran) ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1 fi 2 tiin raawwatama |
| 3.Dhimmicha/iyyaticha hawaasaaf ifa gochuun yaadni akka irratti kennamu taassisuu ,mormii fi komiin yoo jiraate fudhachuu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni sadarkaa gandaa fi aanaatti hawaasaf ifa godhamee yaadni akka irratti kennamu ta'a .Komii fi mormiin dhiyaate koree bul.lafa baadiyyaa ykn Ogeessa bul. Lafaa gandaatiin ni galmaa'a |
| 4 Mormii ykn komiiwwan dhiyaatan fi dhimma dhaaltoonni eenyuu fa'a akka ta'an fi mirga isaan qaban ilaalchisee qorachuu,mariisisuu fi murtiii kennuu | Koree maanguddoota gandaa fi/ykn mana murtii aanaa((dhumarrattis ol iyyannoon mana murtii olaanaa) | • Komiin ykn mormiin jalqaba koree bulchiinsa gandaa itti aansee ammoo mana murtii aanaatiif dhiyaata<br>• Murtii ykn gorsi koree bul.lafaa gandaatiif ergamee koreen ammoo iyyattoota biraan gaha |
| 5.Gaafii ykn iyyata dabarsa mirga lafaa keessummeessuu | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | • Iyyataa fi ragaalee fi uunkaalee karaa koree bul.lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate irratti hundaa'uun |
| 6.Gaafii dabarsa mirga lafaa dhiyaate mirkaneessuu fi odeeffannoo galmee lafaa akka | Galmeessaa ragaa lafaa aanaa | Iyyanni fudhatama yoo dhabe karaa koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul.lafaa gandaatiin iyyattoonni (namoota wal-jijjiiruu |

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| haroomfamu ajaja kennuu | | barbaadan)akka beekan ni taassiffama.Akka barbaachisummaa isaattti akkaataa hojii lakk. 5 fi 6 tiin raawwatama |
| 7.Galmee odeeffannoo lafaa haaroomsuun waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu)-**fi kennu** | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo lafaa (barreeffamaa qofa 'non spatial') eleektirooniiksii haaroomsuudhaan waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu).kunis mallattoo eleektirooniiksii irra kaa'uu,chaappaa Galmeessaa ragaa lafaa irra kaa'uu fi maxxansuu dabalata. |
| 8.Abbootii qabiyyee maasii wal-jijjiiraniif waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa | Bu'aan inni dhumaa waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa Abbootii qabiyyee maasii wal-jijjiiraniif kennamuudha. |

**Uunkaa 5**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Mirga Lafaa Wal-jijjiirraa**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate** ……………………………………………

**Odeeffannoo Maasii 1**

| | |
|---|---|
| Lakk.Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo Nama 1(Iyyataa 1)**

| Maqaa abbaa qabiyyee Lafaa | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Gahee Maasii (%) | Mallattoo abbbaa qabiyyee |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |

**Odeeffannoo Maasii 2**

| | |
|---|---|
| Lakk.Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo Nama 2(Iyyataa 2)**

| Maqaa abbaa qabiyyee Lafaa | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Gahee Maasii (%) | Mallattoo abbbaa qabiyyee |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |

**Ragaalee /Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| Iyyattoonni ykn bakka buutonni isaanii(seera qabeessa ta'an) qaamaan dhiyaachuu qabu | |
| Ragaa eenyummaa namoota maasii wal-jijjiiruu barbaadan ibsu | |
| Ragaa haala gaa'ila namoota maasii wal-jijjiiruu barbaadan ibsu | |
| Mormii/komii iyyaticharratti dhiyaate ilaalchisee murtii maanguddootaa ykn mana murtii aanaa | |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa maasii lachuu | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:**
…………………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa …………………………………………………

Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………

### 3.5. Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Yeroo Mootummaan Misooma Hawaasaaf Qabiyyeen fudhatamu

Gosti dabarsa mirga lafaa kun kan raawwatu yeroo lafti misooma hawaasa fayyadu irratti hojjechuuf jecha bulchiinsa aanaatiin fudhatamuudha.Akkaataa labsii 455/1997 tiin,bulchiinsi aanaa ykn qaamni mootummaa naannoo fi feedaraalaa, faayidaa ummataaf qabiyyee lafa baadiyyaa fudhachuu ni danda'a (fkn jallisiif,sarara ibsaa diriirsuuf ,bu'uraalee misoomaa adda addaatiif).Yeroo lafti dhimma akkasiif fudhatamu,dursee kaffalttiin beenyaa raawwachuu qabuu fi /aanaa sana keessatti lafti biraan abbootii qabiyyee lafti isaanii jalaa fudhatameef kennamuu qaba.Lafti faayidaa ummataaf fudhatame maasii tokko irraa hanga ta'e qofa yoo ta'e,dabarsa mirga lafaa raawwachuun ni barbaachisa.

**Haalawwan Guutamuu Qaban**

**Akkataa Labsii Mootummaan Feedaralaa 'Labsii qabiyyee Lafaa Faayidaa Ummataaf oolchuu fi Kaffalttii Beenyaa' Labsii 455/2005 tiin ni raawwatama.**

- Qabiyyeen lafaa faayidaa ummataaf akka fudhatamu Bulchiinsa Aanaa ykn qaama mootummaa naannoo ykn feedaraalaa tiin murtii darbee fi karaa bulchiinsa aanaatiin hojiirra kan oolu ta'a.
- Kaffalttiin beenyaa dursee raawwatamuu qaba
- Raawwiin isaa qabiyyee qooduu ni gaafata yoo ta'e (daangaa bal'ina seeraan taa'en gadi mit taanaan) jalqaba lafti erga qoodame booda hojii mirga qabiyyee dabarsuu itti aanee raawwata.
- Lafti faayidaa ummataaf fudhatamuu isaatiin wal-qabatee iyyanni dabarsa mirga qabiyyee lafaa raawwachuuf dhiyaatu waajjiraalee bulchiinsa lafaa gandaa fi aanaatti maxxanfamee hawaasaaf ifa ta'uu qaba.


**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**

- Iyyata bakka bu'aa bulchiinsa aanaatiin guutamee mallattaa'e.
- Qabiyyeen lafaa fudhatamee faayidaa ummataaf akka oolu murtii waajjira Bulchiinsa Aanaa ykn qaama mootummaa naannoo ykn feedaraalaatiin murtii darbee fi karaa bulchiinsa aanaatii hojiirra kan oolu ta'a.
- Ragaa kaffalttiin beenyaa raawwachuusaa ibsu
- Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa

Dhumaa adeemsaa irratti sanadnii keennamuu qabuu

- Waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraan kaartaa maasii waliin bulchiinsa aanaa fi abbaa qabiyyee lafti isaa walakkaan duraa fudhatame (Yeroo qabiyyeen walakkaan fudhatamu) ni kennamaa.

**Ibsa Fakkii Adeemsa Raawwii Dabarsa Mirga Lafaa Faayidaa Ummataaf Yeroo Fudhatamu**



**Gabatee Adeemsa Dabarsi Mirga Lafaa Yeroo Lafti Faayidaa Ummataaf Fudhatamu Agarsiisu**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee Dabarsa Mirga lafaaf barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata geessuu | Bakka bu'aa bulchiinsa Aanaa | Uunkaalee fi ragaalee gosa dabarsa mirga lafaa **yeroo lafti faaydaa ummataaf fudhatamu** raawwachuuf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyanni fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhan iyyaticha fudhadhuu ykn fudhachuu dhabuuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argate fi ragaaleen barbaachisan waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne iyyattootaf(bakka bu'aa bulchiinsa Aanaa fi abbaa qabiyyee maasii isaaa walakkaan jalaa fudhatame) ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1 fi 2 tiin raawwatamu |
| 3.Dhimmicha/iyyaticha hawaasaaf ifa gochuun yaadni akka irratti kennamu taassisuu ,mormii fi komiin yoo jiraate fudhachuu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni sadarkaa gandaa fi aanaatti hawaasaf ifa godhamee yaadni akka irratti kennamu ta'a .Komii fi mormiin dhiyaate koree bul.lafa baadiyyaa ykn Ogeessa bul. Lafaa gandaatiin ni galmaa'a |
| 4 Mormii ykn komiiwwan dhiyaatan ilaaluu ,marii fi murtiii kennuu | Koree maanguddoota gandaa fi/ykn mana murtii aanaa(dhumarrattis ol iyyannoon mana murtii olaanaa) | • Komiin ykn mormiin jalqaba koree bulchiinsa gandaa itti aansee ammoo mana murtii aanaatiif dhiyaata<br>• Murtii ykn gorsi koree bul.lafaa gandaatiif ergamee koreen ammoo bulchinsa aanaa biraan gaha |
| 5.Gaafii ykn iyyata dabarsa mirga lafaa keessummeessuu | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | • Iyyata, ragaalee fi uunkaalee karaa koree bul.lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate irratti hundaa'uun |

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 6.Gaafii dabarsa mirga lafaa dhiyaate mirkaneessuu fi odeeffannoo galmee lafaa akka haroomfamu ajaja kennuu | Galmeessaa ragaa lafaa Aanaa | Iyyanni fudhatama yoo dhabe karaa koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul.lafaa gandaatiin (bulchiinsi aanaa fi abbaan qabiyyee qabiyyeen isaa walakkaan jalaa fudhatame ) akka beekan ni taasifama.Akka barbaachisummaa isaattti akkaataa hojii lakk. 5 fi 6 tiin raawwatama |
| 7.Galmee odeeffannoo lafaa haaroomsuun waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu)**-fi kennu** | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo lafaa (odeeffanno 'Ispaashaal 'fi barreeffamaa) eleektirooniiksii haaroomsuudhan waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu). |
| 8. Bulchiinsi aanaa fi abbaan qabiyyee qabiyyeen isaa walakkaan jalaa fudhatameef waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa | Bu'aan iinni dhumaa waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennamuudha. |

**Uunkaa 6**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Mirga Lafaa Yeroo Qabiyyeen Faayidaa Ummataaf Fudhatamu**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate** ……………………………………………

**Bulchiinsa Aanaatiin kan Dhiyaate**

**Maqaa Aanaa fi Naannooo------------------------------------------------------------**

**Mallattoo bakka bu'aa bulchiiinsa Aanaa------------------------------------------**

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| Lakk.Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo Iyyattootaa**

| Maqaa Abbaa qabiyyee Lafaa duraanii | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Gahee Maasii (%) | Mallattoo abbbaa qabiyyee |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |

| Maqaa abbaa qabiyyee Lafaa haaraa | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Gahee Maasii (%) | Mallattoo abbbaa qabiyyee |
|---|---|---|---|---|
| Bulchiinsa Aanaa | | | | |
| | | | | |

**Ragaalee /Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| Qabiyyeen lafaa fudhatamee faayidaa ummataaf akka oolu murtii waajjira Bulchiinsa Aanaa ykn qaama mootummaa naannoo ykn feedaraalaatiin murtii darbee fi karaa bulchiinsa aanaatii hojiirra kan oolu ta'a. | |
| Ragaa kaffalttiin beenyaa raawwachuusaa ibsu | |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa maasii lachuu | |
| | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:** ……………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa ………………………………………………………

Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………

**3.6.Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Yeroo Lafti Hiramu (Reallocation) Raawwatamu**

Dabarsi mirga lafaa kun murtii bulchinsa aanaa irratti hundaa'ee bulchiinsa gandaatiin kan raawwatamuudha.Seerota bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa mootummaa feedaraalaa fi naannoo irratti hundaa'uun ,abbootiin qabiyyee nama isaan dhaalu hin qabne yeroo du'an,abbootiin qabiyyee yeroo dheeraaf bakkatti argamuu dhabuutiin,ykn ammoo, bakka jireenya isaanii gad-dhiisanii iddoo biraatti yoo qubatan,yeroo dheeraaf qabiyyee isaanii osoo itti hin fayyadamin hafan ykn akkaataa seera ittifayyadama lafaatiin qabiyyee isaanii kunuunsuu baatan(akeekkachiisni itti kennamee yoo sirreessuu didan) qamni mootummaa dhimmi ilaallatu qabiyyee isaanii irraa fudhachuuf aangoo qaba.Akka filannootti hawaasa wajjin mariin taasifamee yoo irratti walii-galame,qaamni mootummaa(namni aangoo mootummaa qabu) dhimmi ilaallatu qabiyyee waliinii (fkn lafa miidhame ykn manca'e hiruu nidanda'a.Haaluma kanaanis laftichi qonnaan bultoota ykn horsiisee bultoota lafa hin qabneef ni hirama.

**Haalawwan Guutamuu Qaban**


Akkataa labsii lakk.130/1999 keewwata 9, keewwata xiqqaa 4 fi keewwata 14, keewwata xiqqaa 2 tiin kan raawwatamu ta'a.

- Qabiyyeen dhaalaa hin qabne, abbaan qabiyyee yeroo dheeraaf bakkatti argamuu yoo baate, bakka jireenya isaa gad-dhiisee bakka biraatti yoo qubate, qabiyyee isaa haalaan yoo kunuunsuu baate,qaamni dhimmi ilaallatu laficha fudhatee hiruuf murteessuu ni danda'a.Kana malees, hawaasa waliin mariin taasifamee yoo irratti walii-galame, qaamni mootummaa dhimmi ilaallatu qabiyyee waliinii (fkn lafa miidhame ykn manca'e) hiruuf angoo ni qaba.
- Koreen bulchiinsa lafa gandaa dhimma lafa hiruu irratti qorannoo geggeessuun bu'aa isaa bulchiinsa gandaaf nidhiyeessa, bulchiinsi gandaa ammoo, bulchiinsa aanaa waliin mari'atee dhimmicha irratti murtii kenna.Kana boodas, murtiin kun waajjiraalee lafa baadiyyaa gandaa fi aanaatti maxxanfamee hawaasni akka beeku taasifama.
- Lafa qooduun yoo barbaachise (fkn qabiyyeen kan waliinii ture yeroo walakkaan isaa qoodamu lafti qoodame daangaa, bal'ina qabiyyee/maasiii gadi miti taanaan) jalqaba qoodiinsi taasifamee hojii mirga lafaa dabarsuu ammoo, itti aanee raawwatama.

**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**

- Uunkaa Iyyata bulchiinsa gandaatiin guutamee mallattaa'e
- Ragaa/sanada murtii bulchiinsa gandaa (murtii qabyyicha akka hiramu darbe)
- Komii dhiyaate irratti murtii/yaada koreen maanguddoo/jaarsolii ykn manni murtii aanaa kenne (akka barbaachisummaa isaatti),
- Ragaa eenyumaa fi haala gaa'ilaa namoota lafti hirameef (abbootii qabiyyee haaraa) ibsu
- Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa
- Waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraan kaartaa maasii waliin namoota lafti hirameef (abbootii qabiyyee haaraaf) ni kenname.

**Ibsa Fakkii 11 Adeemsa Raawwii Dabarsa Mirga Lafaa Lafa Hiruutiin**



**Gabatee Adeemsa Dabarsa Mirga Lafa Hiruu**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee Dabarsa Mirga lafaaf barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata dhiheessuu | Bakka bu'aa bulchiinsa Gandaa | Uunkaalee fi ragaalee gosa dabarsa mirga lafaa yeroo lafti hiramu raawwachuuf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyannii fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhan iyyaticha fudhachuu ykn fudhachuu dhabuuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen barbaachisan waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne iyyattootaf(bakka bu'aa bulchiinsa gandaatiif) ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1 fi 2 tiin raawwatamu |
| 3.Dhimmicha/iyyaticha hawaasaaf ifa gochuun yaadni akka irratti kennamu taasisuu ,mormii fi komiin yoo jiraate fudhachuu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni sadarkaa gandaa fi aanaatti hawaasaaf ifa godhamee yaadni akka irratti kennamu ta'a. Komii fi mormiin dhiyaate koree bul.lafaa gandaa ykn Ogeessa bul. Lafaa gandaatiin ni galmaa'a |
| 4 Mormii ykn komiiwwan dhiyaatan ilaaluu,marii fi murtiii kennuu | Koree maanguddoota gandaa fi/ykn mana murtii aanaa((dhumarrattis ol iyyannoon mana murtii olaanaa) | • Komiin ykn mormiin jalqaba koree bulchiinsa gandaa itti aansee ammoo mana murtii aanaatiif dhiyaata<br>• Murtii ykn gorsi koree bul.lafaa gandaatiif ergamee koreen ammoo bakka bu'aa bulchiinsa gandaa biraan gaha/beeksisa |
| 5.Gaafii ykn iyyata dabarsa mirga lafaa keessummeessuu | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | • Iyyata, ragaalee fi uunkaalee karaa koree bul.lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate irratti hundaa'uun |

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| | | • Qabiyyeen walii irra walakkaa(irraa hanga ta'etu) hirama taanaan qoodinsa lafaa raawwachuun barbaachisaa ta'a |
| 6.Gaafii dabarsa mirga lafaa dhiyaate mirkaneessuu fi odeeffannoo galmee lafaa akka haroomfamu ajaja kennuu | Galmeessaa ragaa lafaa aanaa | Iyyanni fudhatama yoo dhabe karaa koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul.lafaa gandaatiin bakka bu'aan bulchiinsa gandaakka beekan ni taassiffama.Akka barbaachisummaa isaattti akkaataa hojii lakk. 5 fi 6 tiin raawwatama |
| 7.Galmee odeeffannoo lafaa haaroomsuun waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu)-**fi kennu** | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo lafaa (odeeffanno 'Ispaashaal 'fi barreeffamaa) eleektirooniiksii haaroomsuudhaan waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu). |
| 8. Abbootii qabiyyee haaraaf waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennu | Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa | Bu'aan iinni dhumaa waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennamuudha. |

**Uunkaa 7**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Mirga Lafaa Yeroo Qabiyyen Hiramuu**

Guyyaa Iyyanni Dhiyaate ……………………………………………

Bulchiinsa Aanaatiin kan Dhiyaate

Maqaa Gandaa,Aanaa ,Naannooo---------------------------------------------------------

Mallattoo bakka bu'aa bulchiiinsa gandaa-------------------------------------------

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| Lakk.Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo Nama dhuunfaa**

| Maqaa Abbaa qabiyyee Lafaa duraanii | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Gahee Maasii (%) | Mallattoo bakka bu'aa abbaa taayitaa(bakka bu'iinsa seera qabeessa ta'e) |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |

| Maqaa abbaa qabiyyee Lafaa haaraa | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Gahee Maasii (%) | Mallattoo abbbaa qabiyyee |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |

**Ragaalee /Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| Ragaa/sanada murtii bulchiinsa gandaa (murtii qabyyicha akka hiramumu darbe) | |
| Komii dhiyaate irratti murtii/yaada koreen maanguddoo/jaarsolii ykn manni murtii aanaa kenne | |
| Ragaa eenyumaa fi haala gaa'ilaa namoota lafti hirameef (abbootii qabiyyee haaraa) ibsu | |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:**
……………………………………………………….
………………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa ……………………………………………………

Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………

**3.7.** ***Hojimaata Raawwii Dabarsa Mirga Lafaa Haala Addaatiin***

Akka qajeelfama hojii kenna waraqaa ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa sadarkaa 2ffaatti abbootiin qabiyyee fi daangaan maasii hunda adda bahee (osoo irra hin darbamin)galmeen lafaa bifa guutuu ta'een qindaa'uu qaba.Haa ta'u malee, adeemsa kenna waraqaa ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa sadarkaa 2ffaatti yeroo tokko tokko sababa adda addaatiin maasiin osoo hin galmaa'iin bira darbamuu ni danda'a.

Kanaafis hojiin dabarsa mirga lafaa kun maasiiwwan kanneen haala addaatiin darbee darbee (Sporadic) galmeessuuf kan raawwatamuudha.Hojmaanni kun yeroo maasiin hundi galmaa'ee dhume kan dhaabatuudha.

**Gosoota Dabarsa Mirga Lafa baadiyyaa**

Yeroo waraqaan ragaa qabiyyee lafaa sadarkaa 2ffaa kennamu sababa abbaan qabiyyee hin dhiyaanneef maasiin osoo hin galmaa'in bira darbamuu ni danda'a.Maasiin akkasii daangaan isaa yoo qawwifamellee abbaan qabiyyichaa waan hin dhiyaanneef osoo hin galmaa'iin kan hafuudha.

Akkaataan raawwii dabarsa mirga lafaa akkasii labsiiwwanii fi dambiiwwan bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa mootummaa feedaraalaa fi naannoo irratti hundaa'uun kan raawwatamuudha.

**Dhimma kana ilaalchisee haalawwan lama mudachuu ni danda'u:-**

**1.**Yeroon booda abbaan qabiyyee dogongora raawwachuu isaa hubachuun waraqaan ragaa qabiyyee lafaa akka kennamuuf gaafachuu danda'a.Yeroo haalli akkasii umamu mirga qabiyyee mirkaneessuun maasiin akka galmaa'u ni taasifama.Adeemsi kun adeemsa kenna waraqaa ragaa qabiyyee lafa baadiyyaa sadarkaa 2ffaa waliin wal-fakkaata.Haa ta'u malee, daangaa qawwisuunii fi maasii qooduun dursee waan hojjetameef irra deebi'uun hin barbaachisu.*(Dambii Lakk.151/2005 keewwata 14,keewwata xiqqaa 5)*


**2.**Namni kemiyyuu maasicha irratti gaafii abbaa qabiyyummaa hin dhiyeessine taanaan maasicha gara baankii lafaa moootummaatti deebisuun yeroo lafti hiramu namoota haaraa lafa gaafataniif akka kennamu ta'a.

Dabarsi mirga lafaa haala addaatiin raawwatamu isa lakkoofsa jalatti kan ibsameedha. Inni lakkoofsa 2 jalatti ibsame garuu dhimma yeroo lafti hiramu raawwatamuudha.Dabarsi mirga lafaa haala addaatiin osoo hin raawwatamin dura mormii fi komiin jiraachuu fi jiraachuu dhabuu isaa adda baasuuf dhimmichi waajjiraalee bulchiinsa lafa baadiyyaa gandaa fi aanaatti maxxanfamuu qaba.

**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**

- ✓ Uunkaa Iyyata abbaa qabiyyee gaaficha dhiyeesseen (Nama waraqaan ragaa akka kennamuuf gaafaten) guutamee mallattaa'ee dhihaata,
- ✓ Iyyataan (ykn bakka bu'aan seeraa qabeessa ta'e) qaamaan dhiyaachuu qaba
- ✓ Komii dhiyaate irratti murtii/yaada koreen maanguddoo/jaarsolii ykn manni murtii aanaa kenne (akka barbaachisummaa isaatti)
- ✓ Ragaa eenyumaa fi haala gaa'ilaa iyyataa (abbaa qabiyyee) ibsu
- ✓ Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa sadarkaa **1**ffaa
- ✓ Waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraan kaartaa maasii waliin abbaa qabiyyeef gaafii kana dhiyeesseef ni kennama

## Ibsa Fakkii Adeemsa Raawwii Dabarsa Mirga Lafaa Lafaa haala Addaatiin



**Gabatee 12 Adeemsa Dabarsa Mirga Haala Addaatiin**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee Dabarsa Mirga lafaaf barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata dhiheessuu | Abbaa qabiyyee gaafii dhiyeesse | Uunkaalee fi ragaalee gosa dabarsa mirga lafaa galmee lafaa haala addaa raawwachuuf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyanni fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhan iyyaticha fudhadhuu ykn fudhachuu dhabuuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen barbaachisan waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne nama gaafii dhiyeesseef ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1 fi 2 tiin raawwatamu |
| 3.Maasii gaafiin irraatti dhiyaate qawwisuuu | Koree qawwisa lafaa | Abbaan qabiyyee fi dangeesstoonni argamuu qabu.Gabaasni qawwisa maasichaa ni qindaa'a(galmaa'a) |
| 4.Iyyanni ummataaf ifa gochuu,mormii fi komii walittiqabuu | Koree bul. lafaa gandaa fi/ykn ogeessa bul. lafaa gandaa | • Iyyata sadarkaa gandaa fi aanaatti ummataaf ifa gochuuu,<br>Komiin dhiyaatu Koree bul. lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaatiin ni galmaa'a |
| 5.Komii dhiyaate ilaaluu,mari'acuu murtii kennuu | Koree maanguddoo gandaa fi mana murtii aanaa(dhumarratti ol'iyyannoon mana murtii ol'aanaa) | • Komiin jalqaba Koree maanguddoo gandaa fi mana murtii aanaatiin ilaaluu<br>• Murteen koree bul. Lafaa tiif ni beeksifama,koreen ammoo abbaa qabiyyee biraan ni gaha |
| 6.Gaaffii dabarsa mirga lafaa dhiyaate keessummeessuu | Ogeessa bul.lafaa gandaa | Iyyata fi ragaalee ,gabaasa qawwisa maasii,fi murtii koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa irratti |

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| | | hundaa'uun |
| 7.Gaafii dabarsa mirga lafaa mirkaneessuu fi Galmee odeeffannoo lafaa haaroomsuun | Galmeessaa ragaa lafaa aanaa | Gaafiin iyyanni fudhatama yoo dhabe karaa Koree bul. Lafa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaatiin iyyataatti beeksifama |
| 8. Galmee odeeffannoo lafaa haaromsuu fi waraqaa ragaa qabiyyee lafaa maxxansuu | Ogeessa bul. Lafaa gandaa | Odeeffannoo lafaa(Spatial and non spatial) eleektrooniiksii haaromsuu fi waraqaa ragaa qabiyyee lafaa maxxansuu |
| 9.Abbaa qabiyyee lafaa tiif waraqaa ragaa qabiyyee lafaa kennuu | Koree bul. lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa | Bu'aan inni dhumaa abbaa qabiyeef waraqaa ragaa qabiyyee lafaa kennuu |

**Uunkaa 8**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Mirga Lafaa Haala Addaatiin**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate** ……………………………………………

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| Lakk.Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo Nama dhuunfaa**

| Maqaa Abbaa qabiyyee Gaafiii Dhiyeesse | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Gahee Maasii (%) | Mallattoo Abbaa qabiyyee Gaafiii Dhiyeesse |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |
| | | | | |

**Ragaalee /Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| Iyyataan(abbaan qabiyyee gaaffii dhiyeesse) ykn bakka bu'aan( seera qabeessa ta'e) qaamaan argamuu | |
| Yaada/murtii koree maanguddoo ykn Mana murtii aanaa | |
| Ragaa eenyummaa,haala gaa'ilaa abbaa qabiyyee haaraa (nama qabiyyeen hirameef) ibsu | |
| Ragaa eenyumaa fi haala gaa'ilaa namoota lafti hirameef (abbootii qabiyyee haaraa) ibsu | |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa sadarkaa 1ffaa | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:**
…………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa …………………………………………………

Chaappaa

Mallattoo-------------------------------------------

### 3.8. Dabarsa Mirga Lafaa Daangaa (restrictions) Qabu

Gosa dabarsa mirga lafaa akkaasii keessatti mirgi namni dhuunfaa ykn garee daangaa yeroo malee qabiyyee isaatti fayyadamuu mootummaa irraa argame ni daanga'a malee nama dhuunfaa ykn garee biraatti hin dabarfamu. Daangaawwan mirga abbaa qabiyyee irratti kaa'aman haala walitti dhufeenya qabiyyee fi mirga gidduu jiru haala ibsuu danda'uun galmee lafaa eleektirooniiksiitii galmaa'uu qaba.Daangaan mirga qabiyyee irratti kaa'amu dabarsa mirgaa ykn wal-jijjiirraa ta'uu baatanillee,hawaasni hundi daangaa qabiyyeerratti kaa'ame akka beekuu fi gochaawwan seeraan alaa ittisuuf jecha dhimmichi hawaasaaf ifa godhamuu qaba.Kana malees, dabarsa akkasii keessatti waraqaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuun hinbarbaachisu.Daangaan mirga irratti haala kanaan kaa'ame yeroo xumuramu,waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennuun osoo hin barbaachisin barreeffamni daangaa ibsu galmee keessaa haqamee sirraa'a ykn haroomfama.

**Gosti Dabarsaa Akkasii kun isaan armaan gadii dabalata:-**

- Kiraa lafaa
- Mirga Daandii/karaa darban argachuu
- Waliigalteewwan mirga daangessan biro

#### *3.8.1Adeemsa Dabarsa Lafaa Kiraa/Liizii*

Maanuwaalii Sirna Bulchiinsa Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa kana keessatti kiraan (qonnaan bultoota lama gidduu)fi liiziin( qonnaan bulaa irraa gara abbaa qabeenyaatti ykn mootummaa irraa gara abbaa qabeenyaatti)hundi haaluma wal-fakkaataa ta'een seera dabarsa mirga lafaa daangaan irratti kaa'amuutiin raawwatamu.Haa ta'u malee, kiraa fi liiziin maanuwaalii naannichaa keessatti haala garaagara ta'een raawwatamuu ni danda'a.

Akka waliigalaatti gosa dabarsa kana keessatti abbaan qabiyyee tokko akkaataa seera bulchiinsaa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa naannichaatiin akkasumas, haala qabiyyee isaa irraa isa buqqisuu hin dandeenyeen qabiyyee isaa qonnaan bulaa biraaf ykn abbaa qabeenyaaf kiraan ykn liiziidhaan dabarsuu ni danda'a.

***Haalawwan Guutamuu Qaban :( Labsii lakk.130/1999 keewwata 10 fi Dambii 151/2005 keewwata 8 keewwata xiqqaa 1-6 Naannoo Oromiyaa irrattti hundaa'ee raawwatama)***

- Waliiglteen Kiraan ykn liizii sadarkaa gandaa ykn aanaatti raawwatamee maasiin daangaa mirgaa irratti kaa'ame galmee lafaa irrattti galmaa'uu qaba.
- Turtiin walii-galtee qonna aadaaf waggaa 3, qonna ammayyaaf ammoo waggaa 15 darbuu hin qabu.(Labsii 130/1999 keewwata 2)

- Bal'inni lafaa kiraan/liiziin darbau midhaaniif nyaataaf heek.0.5 biqiltuu dhaabbiifheek.0.25, qonna jallisiif heek.0.25 ol ta'uu qaba.
- Namoonni hir'ina qaamaa qaban, human dabeeyyii ta'an, fi dhukkubsatan murtii bulchiinsa gandaatiin qabiyyee isaanii hundumasaa kereessuuuf mirga qabu.(Labsii lakk.130/1999 keewwata 10 keewwata xiqqaa 1 Dambii lakk.151/2005 keewwata 7, keewwa xiqqaa 1fi 2)
- Abbootiin qabiyyee, qabiyyee isaanii kiraa/liiziin dabarsuu kan danda'an qonnaan bultoota biroof ykn abbaa qabiyyeef qofa.
- Maasii qooduun ni barbaachisa taanaan direerratti argamanii lafa qawwisuun osoo hin barbaachisin odeeffannoo qofatu galmee lafaa keessatti galmaa'a.
- Kiraa/liizii keessattti mirgi darbuuu baatullee (ni daanga'a malee) gochaawwan seeraan alaa ta'an ittisuuf fi hawaasni dhimmicha akka beekuuf adeemsi isaa hawaasaf ifa godhamuu qaba.(fkn yeroo kiraan ragga'ee jrutti gaaffiin dhaalmaa yoo dhiyaate)
- Yeroo walii-galtee kiraa/liizii yeroo dhumu galmee irraa haqamuu qaba.


**Ragaalee/Sanadoota barbaachisan**

- Iyyata kireessaa fi kireeffataatiin guutamee mallattaa'e
- Namoonni walii-galtee uuman ykn bakka bultonni isaanii qaamaan argamuu qabu
- Ragaa eenyummaa kireessaa fi kireeffataatti ibsu
- Ragaa haala gaa'ilaa kireessaa fi kireeffataa ibsu
- Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa

**Ragaalee ykn sanadoota dhumarratti kennaman:-**

Kiraa/liizii lafaatiin walqabatee daangaan mirga qabiyyee lafaa irrratti kaa'ame galmee lafaa irratti gamaa'uu qaba.Adeemsa kana keessatti lafa galmaa'ee qabama.

## Ibsa Fakkii 13.Adeemsa Raawwii Dabarsa Mirga Lafaa Kiraa/Liizii



**Gabatee Adeemsa Dabarsa Lafaa Kiraa/Liiziitiin**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee Dabarsa lafaaf barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata dhiheessuu | Kireessaa | Uunkaalee iyyataa fi ragaalee gosa dabarsa lafaa kiraa/liiziif barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyanni fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhan iyyaticha fudhadhuu ykn fudhachuu dhabuuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen barbaachisan waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne kireessaaf ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1 fi 2tiin raawwatamu |
| 3.Iyyata hawaasaa maxxansuu,komii walitti qabuu | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Sadarkaa gandaa fi aanaatti iyyanni hawaasaaf maxxansuu.Komiin koree bul.lafaa gandaa fi ogeessa bul.lafaa gandaatiin komii galmeessuu |
| 4 komii dhiyaate ilaaluu,murtii kennuu | Koree maanguddoo gandaafi mana murtiii aanaa (dhumarratti ol iyyannoo mana murtii olaanaa) | • Komiin jaqaba Koree maanguddoo gandaaf, itti aanee mana murtiii aanaaf dhiyaata<br>• Murteen koree bul. Lafaatiif ni beeksifama,koreen ammoo bakka bu'aa bul. gandaa biraan ni gaha |
| 5.Iyyata keessummeessuu | Ogeessa bul.lafaa gandaa | • Iyyata fi ragaalee karaa koree bul lafaa gandaa/ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate irratti hundaa'uun |
| 6.Gaafii dabarsa lafaa dhiyaate mirkaneessuu fi ragaan akka haaroomfamu ajajuu | Galmeessaa ragaa lafaa Aanaa | Iyyanni fudhatama yoo argates, yoo dhabes, kireessaanii fi kireeffataan karaa koree bul.lafaa gandaa/ogeessa bul.lafaa tiin beeksisuu(haala lakk.5 fi 6 tiin |

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| | | raawwatama) |
| 7.Ragaa dabarsa lafaa galmee lafaa irratti galmeessuu | Ogeessa bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo lafaa galmee eleektrooniksii irratti haaroomsu,odeeffannoo walii-galtee kiraa lafaa (turmaata,yeroo eegalu,yeroo walii-galteen xumuramu) |

**Uunkaa 9**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Lafaa Kiraa/Liiziin**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate** …………………………………………

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| Lakk.Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo Kiraa/Liizii**

**-kutaa Maasii Kireeffamu fi bal'ina isaa-----------------------------------------**

**-Yeroo Kiraan/Liiziin eegaluu fi xumuramu--------------------------------------**

**Odeeffannoo Nama Dhuunfaa**

| Maqaa Kireessaa | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Mallattoo Kireessaa |
|---|---|---|---|
| | | | |
| | | | |

| Maqaa Kireeffataa | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Mallattoo Kireeffataa |
|---|---|---|---|
| | | | |
| | | | |

**Ragaalee /Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| Ragaa eenyummaa kireessaa fi kireeffataa ibsu | |
| Ragaa haala gaa'ilaa kireessaa fi kireeffataa ibsu | |
| Ragaa eenyummaa,haala gaa'ilaa abbaa qabiyyee haaraa (nama qabiyyeen hirameef) ibsu | |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:**
……………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa ……………………………………………………

Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………

### 3.8.2. Hojimaata Dabarsa Mirga Lafaa Karaa Darbaa (Servitudes/Easement)

Mirgi kun mirga namni tokko maasii/qabiyyee nama biraatiin qabame keessa darbuuf ykn bu'uraalee misoomaa ijaaruuf qabu kan agarsiisuudha.Inni kun yeroo baay'ee maasiiwwan walitti aananii argamanii fi karaa darban hin qabne akkasumas, mirga bishaan yaa'u/jallisii argachuu kan ilaallatuudha.

Haalawwan Guutamuu Qaban:-(akkaataa labsii fi dambii bulchiinsa fi ittifayyadama lafa baadiyyaa naannichaa irratti hundaa'uun raawwatama)

- Gaaffiin mirga karaa darbanii koree bulchiinsa lafaa gandaaf dhiyaatee galmee lafaa irratti akka daangaa qabiyyeetti galmaa'uu qaba,
- Mirgi karaa darbanii of-danda'ee dabarsa mirga qabiyyee osoo hin ta'in daangaa mirga lafaa kan kaa'u ta'us hawaasni akka beekuu fi komii keessummeessuuf jecha dhimmi isaa hawaasaaf ni dhiyaata,
- Mirgi karaa darbaa hojii daangaa qawwisuu barbaaduu ni danda'a,
- Mirgi karaa darbaa dangaan yeroo isaa yammuu dhumu odeeffannoon isaa galmee irraa haqamuu qaba.


**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**

- Uunkaa iyyannoo qaama sadaffaa mirga karaa darbaa gaafatuun(nama dhuunfaa,qaama/dhaabbata hawaasaa ykn mootummaa) fi abbaa qabiyyee maasii daangaan irratti kaa'ameen guutame fi mallattaa'e,
- Namooonni waliigaltee uuman ykn bakka buutonni isaanii qaamaan argamuu qabu,
- Ragaa eenyummaa nama/qaama miirga karaa darbuu gaafatu fi abbaa qabiyyee maasii daangaan irratti kaa'amee ibsu,
- Ragaa haala gaa'ilaa qaama lamaanuu ibsu,
- Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa.

**Ragaalee/sanadoota Dhuma Adeemsaa irratti Kennaman**

Mirga karaa darbaatiin wal-qabatee daangaan mirga qabiyyee lafaa irratti kaa'amu (gosa daangaa, ibsa gooree qaama sadaffaa fi yeroo daangaan eegaluu fi xumuramu)galmee lafaa irratti akka galmaa'u gochuudha.

## Ibsa Fakkii 12.Adeemsa Raawwii Dabarsa Mirga Karaa Darbaa



**Gabatee Adeemsa Dabarsa Lafaa Mirga Karaa Darbaa**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Iyyataa fi Ragaalee walitti qabuun Koree Bul. Lafaaf iyyata dhiheessuu | Qaama sadaffaa fi abbaa qabiyyee | Uunkaalee iyyataa fi ragaalee mirga karaa darbaaf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyanni fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhan iyyaticha fudhadhuu ykn fudhachuu dhabuuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen barbaachisan waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne qaama sadaffaa fi abbaa qabiyyeef ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1 fi 2 tiin raawwatamu |
| 3.Iyyata hawaasaa maxxansuu,komii walitti qabuu | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Sadarkaa gandaa fi aanaatti iyyanni hawaasaaf maxxansuu. Komiin koree bul.lafaa gandaa fi ogeessa bul.lafaa gandaatiin komii galmeessuu |
| 4 komii dhiyaate ilaaluu,murtii kennuu | Koree maanguddoo gandaafi mana murtiii aanaa (dhumarratti ol iyyannoo mana murtii ol'aanaa) | • Komiin jaqaba Koree maanguddoo gandaaf itti aanee mana murtiii aanaaf dhiyaata<br>• Murteen koree bul. Lafaa tiif ni beeksifama,koreen ammoo bakka bu'aa bul. gandaa biraan ni gaha |
| 5.Iyyata keessummeessuu | Ogeessa bul.lafaa gandaa | • Iyyataa fi ragaalee karaa koree bul. lafaa gandaa/ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate irratti hundaa'uun<br>• Kun maasii qawwisuu barbaachisuu danda'a |
| 6.Gaafii dabarsa lafaa dhiyaate mirkaneessuu fi ragaan akka | Galmeessaa ragaa lafaa aanaa | Iyyanni fudhatama yoo argates yoo dhabes, qaamni 3ffaa fi abbaa qabiyyee karaa koree bul.lafaa gandaa/ogeessa bul.lafaa tiin |

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| haaroomfamu ajajuu | | beeksisuu(haala lakk.5 fi 6 tiin raawwatama) |
| 7.Ragaa dabarsa lafaa galmee lafaarratti galmeessuu | Ogeessa bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo lafaa galmee eleektrooniksii irratti haaroomsu,odeeffannoo walii-galtee kiraa lafaa (ragaa qaama 3ffaa,yeroo daangaan eegaluu fi turmaata isaa) |

**Uunkaa10**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Lafaa Mirga Karaa Darbaa**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate** ………………………………………………

**Odeeffannoo Maasii (Servient Parcel)**

| | |
|---|---|
| Lakk.Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo Mirga Karaa Darbaa**

**Gosa Mirga Karaa Darbaa-----------------------------------------**

**Guyyaa Mirgi Karaa darbaa eegalu fi xumuramu--------------------------------------**

**Odeeffannoo Nama Dhuunfaa**

| Maqaa abbaa qabiyyee | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Mallattoo abbaa qabiyyee |
|---|---|---|---|
| | | | |
| | | | |

| Maqaa qaama sadaffaa | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa’ilaa | Mallattoo qaama sadaffaa |
|---|---|---|---|
| | | | |
| | | | |

**Ragaalee /Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| - Ragaa eenyummaa qaama sadaffaa fi abbaa qabiyyee ibsu | |
| Ragaa haala gaa’ilaa qaama sadaffaa fi abbaa qabiyyichaa ibsu | |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:**
……………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa ……………………………………………………

Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………

### 3.8.3. Adeemsa Dabarsa Mirga Lafaa Daangaawwan Birootiin

Gosti dabarsa lafaa inni Kun waliigalee abbaa qabiyyeetiin (seeraan deeggaramee ykn ajaja/murtii mana murtiitiin) toftaa mirga dabarsa lafaa irrattti daangaan ykn dhorki kaa'amuudha,fakkeenyaaf gibira kafalamuu dhabuu ykn yeroo dhimmoonn murtii mana murtii barbaadan jiraatan).

**Haalawwan Guutamuu Qaban**

*(Labsii fi dambiii bulchiinsaa fi ittifayyadama baadiyyaa mootummaa naannoo oromiyaa keessati wanti kallattiidhaan dhimma kana ilaalchsee taa'e jiraachuu yoo baatellee qabatamaadhaan garuu haalli mirgi itti danga'u jira.)*

- Gaaffiin daangaa mirgaa akkasii koree bulchiinsa lafaa gandaaf dhiyaatee odeeffannoon isaa galmee lafaarratti galmaa'uu qaba,
- Daangaaleen qabiyyee irratti kaa'aman kan akkasii kunniin dabarsa qabiyyee lafaa osoo hin ta'in mirga qofa kan daangeessan hawaasni akka beekuu fi komii keessummeessuuf jecha dhimma isaa hawaasaaf ni dhiyaata,
- Yeroo daangaan addaa xumuramu,galmee lafaa irraa odeeffannoo haquudha.


**Ragaalee Barbaachsan**

Iyyannoo qaama sadaffaa daangan akka kaa'amu gafate(nama dhuunfaa ykn nama uumamaa ,dhaabbata dhuunfaa /mootummaa) fi abbaa qabiyyeetiin guutame fi mallattaa'e

- Abbootiin dhimmaa ykn bakka buutonni isaanii qaamaan argamuu qabu,
- Ragaa qaama sadaffaa daangaan akka kaa'amu gaafate ibsu,
- Ragaa haala gaa'ilaa qaama lamaanuu(yeroo ajajni mana murtii hin jiranneti),
- Daangaa kaa'ame ilaalchisee,walii-galtee abbootii dhimma lamaan gidduu taasifame ykn murtii mana murtii,
- Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa.

**Ragaa dhumarratti kennamu**

Daangaalee mirga qabiyyee lafaarratti kaa'aman(gosa daangaa,ragaa qaama sadaffaa fi guyyaa daangaan eegaluu fi xumuramu) galmee lafaa keessatti akka galmaa'an ni taasifama. ( Lafa qooduu waan hin barbaachifneef galmeen barreeffamaan qofa ta'a.)


Iyyataa
Koree Bul.Lafaa Gandaa
Qaama Alaa (Koree Maanguddoo Gandaa,Mana Murtii Aanaa
Waj.Bul.Lafa Baad.Aanaa fi Galmeessaa ragaa lafaa aanaa
Qaama 3ffaa
Iyyata fudhatama argate/ dhabe
2.Ragaan dhiyaate fi iyyanni sirri fi guutuu ta'uusaa mirkaneessuu + Iyyanni fudhatama argachuu/dhabuu
Iyyata
Sirrummaa Ragaa mirga abbaa qabiyyee qulqulleessuu
Iyyata fudhatama argate
5. IyyataKeessummeessuu (qawwisa dabalatee,yoo barbaachise
Murtii
Iyyata
Adeemsa Iyyataaf deebii kennuu
Iyyata fi Komiin
4. Iyyata ummataaf ifa Gochuu fi komii fudhachuu
4.Irra debi'anii ilaaluu, Gorsuu fi Murteessuu
6. Iyyata Fudhachuu/kuffisuu
Iyyata fudhatama argate/ dhabe
Odeeffannoo akka haroomfamu ajajuu (iyyata fudhatama argateef)
7. Daataabeezii fi galmee lafaa Haaromsaa,

**Gabatee Adeemsa Dabarsa Lafaa Mirga Daangeessu**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Iyyataa fi Ragaalee walitti qabuun Koree Bul. Lafaaf iyyata dhiheessuu | Qaama sadaffaa | Uunkaalee iyyataa fi ragaalee daangaa mirgaaf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyanni fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakatta'uudhaan(waajjira lafaa aanaatiin) iyyaticha fudhachuu ykn fudhachuu dhabuuu(Accept /reject) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen barbaachisan waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne qaama sadaffaaf Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1 fi 2 tiin raawwatama |
| 3.Iyyata hawaasaa maxxansuu,komii walitti qabuu | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Sadarkaa gandaa fi aanaatti iyyanni hawaasaaf maxxansuu.Komiin koree bul.lafaa gandaa fi ogeessa bul.lafaa gandaatiin komii galmeessuu |
| 4 komii dhiyaate ilaaluu,murtii kennuu | Koree maanguddoo gandaafi mana murtiii aanaa (dhumarratti ol iyyannoo mana murtii olaanaa) | • Komiin jaqaba Koree maanguddoo gandaaf itti aanee mana murtiii aanaaf dhiyaata,<br>• Murteen koree bul. Lafaatiif ni beeksifama,koreen ammoo bakka bu'aa bul. gandaa biraan ni gaha |
| 5.Iyyata keessummeessuu | Ogeessa bul.lafaa gandaa | • Iyyataa fi ragaalee karaa koree bul. lafaa gandaa/ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate irratti hundaa'uun |
| 6.Gaafii dabarsa lafaa dhiyaate | Galmeessaa ragaa | Iyyanni fudhatama yoo argates yoo dhabes, |

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| mirkaneessuu fi ragaan akka haaroomfamu ajajuu | lafaa aanaa | qaamni 3ffaa fi abbaa qabiyyee karaa koree bul.lafaa gandaa/ogeessa bul.lafaatiin beeksisuu(haala lakk.5 fi 6 tiin raawwatama) |
| 7.Ragaa dabarsa lafaa galmee lafaarratti galmeessuu | Ogeessa bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo lafaa galmee eleektrooniksii irratti haaroomsu,odeeffannoo walii-galtee kiraa lafaa (ragaa qaama 3ffaa,yeroo daangaan eegaluu fi turmaata isaa) |

**Uunkaa11**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Lafaa Mirga Daangeessu**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate** ……………………………………………………

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| Lakk.Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo Mirga daangeeffamu**

**Gosa Daangaa Kaa'ame ------------------------------------------**

**Guyyaa Daangan eegaluu fi xumuramu--------------------------------------**

**Odeeffannoo Nama Dhuunfaa**

| Maqaa abbaa qabiyyee | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Mallattoo abbaa qabiyyee |
|---|---|---|---|
| | | | |
| | | | |

| Maqaa qaama sadaffaa | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Mallattoo qaama sadaffaa |
|---|---|---|---|
| | | | |
| | | | |

**Ragaalee /Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| - Ragaa eenyummaa qaama sadaffaa fi abbaa qabiyyee ibsu | |
| Ragaa haala gaa'ilaa qaama sadaffaa fi abbaa qabiyyee ibsu(Murtii mana murtii ykn qaama seerummaa qabuun yoo ta'e malee) | |
| Walii-galtee daangaan akka kaa'amu qaamolee lamaan gidduu taasifame | |
| Murtii mana murtii | |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhate fi mirkaneesse itti argamu:**
……………………………………………………………………………………………………………………
Guyyaa ………………………………………………………
Chaappaa
Mallattoo ………………………………………………

### 3.9. Adeemsa jijjiirama galmee boca maasii fi kan biroo sirreessuuf taasifamu

Gosti dabarsa jijjiirama bocaa fi bal'ina maasii akkasumas, odeeffannoo abbaa qabiyyee irratti uumamu sirreessuu kan dabalatuudha.Haa ta'u malee dabarsi ykn jijjiirraan maasii walitii aanfachuuf taassifamu dabarsa mirga qabiyyee lafaa waliin walitti qindaa'ee kan raawwatamu ta'us adeemsa dabarsa qabiyyee mirga lafaa keessatti daangaa maasii sirreessuun jiraachuu ni danda'a.

Sirreeffamni bocaa fi bal'ina maasii akkasumas, odeeffannoo gooree abbaa qabiyyee irratti taassiffamu galmee lafarratti galmaa'uu qaba.

Bocaa fi bal'ina maasii irratti garaagarummaan yeroo uumamu odeeffannoo walitti dhufeenya nama dhunfaa, mirgaa fi maasii gidduu jiru ilaalchisee galmeerratti galmaa'ee jiru haqamee sirreeffama salphaa tokkoo fi isaa ol sirreessuu (fkn bal'ina maasii).

Jalqaba odeeffannoon gooree abbaa qabiyyee walitti dhufeenya nama dhuunfaa,mirgaa fi maasii gidduu jiru ilaalchisee galma'e jiru sirreeffamuu qaba. (Dogongora maqaa)

Hojiin adeemsa Bocaa fi Bal'ina Maasii akkasumas, odeeffannoo ibsa abbaa qabiyyee Sirreessuu isaan armaan gadii ni dabalata

- Maasiiwwan walitti aansuu
- Daangaa maasii sirreeffamu
- Odeeffannoo Ispaashaalii fi bareeffamaa sirreessuu
- Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa bade haaraan bakka buusuu

#### 3.9.1. Adeemsi Galmee Jijjiirama Maasii Waliti aanfachuun Uumame

Maasiin kan waliitti aanfamu ittifayyadama fi misooma qabiyyee miijawaa uumuuf,Maasiiwwan Walitti aanfaman bal'inni isaanii wal-qixa akkasumas, ittifayyadamni isaanis wal-fakkataa kan ta'e yeroo ta'u, erga walitti aanfaman booda qabiyyee nama tokkoo ta'u,Yeroo baay'ee maasiiwwan walitti aansuun dabarsa qabiyyeetiin wal-qabatee dha.Haa ta'u malee, yeroo qabiyyeen dhaalaan, kennaadhaan,ykn abbaa warraaf haadha warraa wal-hiikuutiin darbu,Qabiyyeen/maasiin darbu maasii abbaan qabiyyee (Recepient) kanaan dura qabuun daangeeffamee jira yoo ta'e walitti aansuun/walitti dabaluun(Merge) jiraachuu ni danda'a.

,

**Haalawwan /Ragaaleen Guutamuu Qaban**

(Labsii lakk.130/1999 keewwata 11ykn Dambii Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa irratti hundaa'ee raawwatama).

- Hojiin maasii walitti aansuuf raawwatamu hojii daangaa maasii qawwisuu hin gaafatu. Haa ta'u malee, boca kaartaa maasichaa bifa haaraatiin qopheessuu fi maasii walitti aanfameef/walitti dabalameef lakkoofsa maasii addaa kennuun odeeffannoon isaa galmee lafaa irratti ni galmaa'a,
- Gaafiin maasii walitti aanfachuuf dhiyaatu gaaffii dabarsa mirga lafaa waan hin taa'neef iyyaticha hawaasaaf beeksiisuu fi yaada ummataa walitti qabuun hin barbaachisu.


**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**

- Iyyata abbootii qabiyyee maasii walitti aanfachuu barbaadaniin ykn bakka buutota isaaniitiin guutamee mallattaa'e,
- Iyyattaan ykn bakka buu'aan isaa qaamaan argamuu,
- Ragaa eenyummaa abbaa qabiyyee maasii walitti aanfachuuf gaaffii dhiyeesse ibsu,
- Ragaa haala gaa'ilaa abbootii qabiyyee maasii walitti aanfachuu barbaadan ibsu,
- Waraqaa Ragaa Qabiyyee Lafaa dhihaachuu qaba.

**Ragaa dhumarratti kennamu**

- Kaartaa haaraa maasiin walitti aanfamuu isaa agarsiisu waliin waraqaan ragaa qabiyyee lafaa ni kennama.

## Ibsa Fakkii Adeemsa Raawwii Dabarsa Mirga Lafaa Maasii Walitti Aanfachuu



**Gabatee Adeemsa Mirga Dabarsa Maasii Walitti Aanfachuu**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee Dabarsa Mirga lafaaf barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata dhiheessuu | Abbootii qabiyyee Maasiiwwan Wal-daangeessan fi Walitti aanfaman/walitti dabalaman | Uunkaalee fi ragaalee Maasii walitti aanfachuuf/dabaluu barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyannii fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakatta'uudhaan iyyaticha fudhadhuu ykn fudhachuu dhiisuu (waajjira Bul. Lafaa Aanaatiin) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | • Iyyataa fi ragaalee Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa irratti hundaa'uun boca maasii haaraa uumame galmee lafaa keessatti galmeessuu dabalata,<br>• Dhumarratti maasii walttiaanfachuun/dabaluun uumameef lakk. Maasii addaa kennuu dabalata |
| 3.Iyyata maasii walitti aanfachuuf dhiyaate keessummeessuu | Ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | |
| 4 .Iyyata dhiyaate mirkaneessuu fi galmee odeeffannoo lafaa haaroomsuun | Galmeessaa ragaa lafaa aanaa | Iyyanni fudhatama yoo dhabe karaa koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul.lafaa gandaatiin abbaan qabiyyee akka beekan ni taassiffama.Akka barbaachisummaa isaattti akkaataa hojii lakk. 3 fi 4 tiin raawwatama |
| 5. Galmee odeeffannoo lafaa haaroomsuun waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu(maxxansuu)- | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | • Odeeffannoo lafaa (odeeffanno 'Ispaashaal 'fi barreeffamaa) eeleektirooniiksii haaroomsuudhan waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa qopheessuu (maxxansuu). |
| 6. Abbootii qabiyyee waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. | • Bu'aan iinni dhumaa waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa dha |

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| kennu | Lafaa gandaa(yoo jiraate) | |

**Uunkaa 12**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Mirga Lafaa Maasii Walitti Aanfachuu**

**GuyyaaIyyanniDhiyaate**…………………………………………………

**Odeeffannooo Maasii 1**

| | |
|---|---|
| Lakk. Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

| | |
|---|---|
| Ganda | |

**Odeeffannooo Maasii 2**

| | |
|---|---|
| **UPIN** | |
| **Region** | |
| **Zone** | |
| **Woreda** | |
| **Kebele** | |

**Odeeffannooo Maasii 3**

| | |
|---|---|
| Lakk. Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannooo Maasii 4**

| | |
|---|---|
| Lakk. Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |

**Sababa Walitti aansuun Barbaachiseef:**…………………………………………

…………………………………………………………………………………………………..

**Odeeffannoo Nama Dhuunfaa**

| **Maqaa Abbaa Qabiyyee** | **Lakk. Waraqaa Eenyummaa** | **Haala Gaa'ilaa** | **MallattooAbbaa Qabiyyee** |
|---|---|---|---|
| | | | |
| | | | |

**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**

| | |
|---|---|
| Ragaa Eenyummaa Abbaa qabiyyee ykn bakka bu'aa isaa ibsu | |
| Ragaa haala gaa'ilaa abbaa qabiyyee | |
| Waraqaa Ragaa Qabiyyee Lafaa(Kan maasiiwwan walitti aanfaman/dabalaman) | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:**
………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa ………………………………………………………

Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………

### 3.9.2. Hojimaata Sirreefamni daangaa maasii ittiin raawwatu

Hojii kenna waraqaa ragaa qabiyyee lafaa sadarkaa 2ffaa keessatti yeroo maasiin qawwifamu dogongorri yoo jiraate,ykn ammoo, sababa uumamaatiin (fkn lagni maasii keessa bahee kutuu isaatiin jijjiiramni daangaa yoo uumame) irra deebi'anii daangaa maasii sirreessuun barbaachisaa ta'a.Daangaa maasii sirreessuun bal'ina maasii irratti garaagarummaa ni fida.Kana malees, daangaa maasiwwan isa daangeessanii jiran irrattis garaagarummaa fiduu ni *danda'a.Yeroo akkasii gamisa maasiii/maasiiwwan jijjiirraan mirga qabiyyee lafaa raawwatamuu danda'a.*

**Haalawwan Guutamuu Qaban**

( Labsii fi Dambii Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a.)

- Hojiin daangaa sirreessuu hojimaata fi teeknooloojii hojiin kenna waraqaa ragaa qabiyyee lafaa baadiyyaa sadarkaa 2ffaa keessatti ittin raawwatamuun (wal-fakkaataa ta'een) raawwatamuu qaba.
- Hojiin daangaa sirreessuu qawwisa maasii/daangaa murteessuu darbee darbee (Sporadic) haaraa geggeessuu akkasumas, odeeffannoo maasii 'Ispashaal' galmee lafaa sirreessuu/haaromsuu gaafata.Haa ta'u malee maasichaaf lakkoofsa addaa haaraa kennuun hin barbaachisu.
- Iyyanni sirreeffama daangaaf dhiyaatu daangaa maasiiwwan daangeessanii jiran baay'ee irratti garaagarummaa/jijjiirama fiduu waan danda'uuf gaafiin akkasii waajjira bulchiinsa gandaatiin murtaa'ee bakka hawaasni arguu danda'utti maxxanfamuu qaba.

**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**


- Abbaan qabiyyee iyyata daangaan maasii akka sirraa'uuf barbaadu isa kam akka ta'e agarsiisu guutuun mallatteessee dhiyeesuu qaba.
- Iyyataan ykn bakka buu'aan isaa qaamaan argamuu
- Ragaa eenyummaa abbaa qabiyyee daangaa sirreeffachuu barbaadu (abbaa qabiyyee maasii daangaan isaa sirreeffama barbaaduu) ykn bakka bu'aa isaa ibsu
- Ragaa haala gaa'ilaa abbaa qabiyyee daangaa sirreeffachuu barbaadu ibsu
- Waraqaa Ragaa Qabiyyee Lafaa

**Hubachiisa:-**yeroo hojiin daangaa sirreessuu dirree irratti hojjetamu daangeessitoonni ykn bakka buutonni isaanii waraqaa ragaa qabiyyee lafaa qabatanii argamuu qabu.

**Ragaa Dhumarratti Kennamu**

- Abbaa qabiyyee daangaan sirraa'eef Kaartaa haaraa ykn kan sirreeffame waliin waraqaan ragaa qabiyyee lafaaharaan ni kenname,
- Daangaa sirreessuu keessatti dabarsi mirga lafaa/qabiyyee hin jiru waan ta'eef, maqaa abbaa qabiyyee isuma duraatiin waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraan qophaa'ee ni kenname,
- Abbootii qabiyyee maasiwwan daangeessanii jraniif, akka barbaachisummaa isaatti, waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa ykn kan sirreeffame ni kennamaaf

**Ibsa Fakkii Adeemsa Raawwii Dabarsa Mirga Lafaa Daangaa Maasii Sirreessuu**



**Gabatee Adeemsa Mirga Dabarsa Daangaa Maasii Sirreessuu**

| | | |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata dhiheessuu | Abbaa qabiyyee | Uunkaalee fi ragaalee daangaa Maasii sirreessuuf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyanni fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhan iyyaticha fudhadhuu ykn fudhachuu dhiisuu(waajira Bul. Lafaa Aanaatiin) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne abbootii qabiyyeef ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1 fi 2 tiin raawwatamu |
| 3.Iyyata daangaa maasii sirreeffachuuf dhiyaate keessummeessuu | Koree bul. Lafaa gandaa ,ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyanni sadarkaa gandaa fi aanaatti maxxansuu,komiin Koree bul. Lafaa gandaa ogeessa bul. Lafaa gandaatii galmaa'a. |
| 4 .komii ilaaluu,murtii kennuu | Koree maanguddoo gandaa fi mana murtii aanaa(dhumarratti ol' iyyannoon mana murtii olaanaa) | • Komiin yoo jiraate jalqaba Koree maanguddoo gandaa tiin itti aanee mana murtii aanaatti ni dhihaata,<br>• Murtiin Koree bul. Lafaa gandaatti koreen ammoo,bakka bu'aa bul. Gandaa biraan gaha |
| 1. Iyyata Keessummeessuu | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | • Iyyataa fi ragaalaa /sanadoota Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaatan irratti hundaa'uun<br>• Maasii daangaan isaa sirraa'uu fi daangeessitoota isaa ogeessa qawwisa lafaa aanaatiin qawwisuu dabalata<br>• Odeeffanoo galmee lafaa Maasii daangaan isaa sirraa'uu fi daangeessitoota isaa haaromsuu |

| | | |
|---|---|---|
| | | gaafata(odeefannoo ‘Ispaashaalii’) |
| 6. Gaafii dhiyaate/iyyata mikkaneessuu fi galmeen lafaa akka haarawu ajaja dabarsuu | Galmeessaa ragaa lafaa aanaa | Iyyanni fudhatama yoo dhabe karaa koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul.lafaa gandaatiin abbaan qabiyyee /iyyataan akka beekan ni taassiffama.Akka barbaachisummaa isaattti akkaataa hojii lakk. 3 fi 4 tiin raawwatama |
| 7.Odeeffannoo lafaa haaromsuu fi Waraqaa Ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennuu | ogeessa bul.lafaa gandaa | Odeeffannoo eleektiraaniiksii lafaa Ispaashaal fi barreeffamaa haaromsuu akkasumas Waraqaa Ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennuu |
| 8. Abbaa/tii qabiyyeef Waraqaa Ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennuu | koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul.lafaa gandaa | Bu’aan iinni dhumaa waraqaan ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennuudha |

**Uunkaa 13**

**Uunkaa Iyyannoo Dabarsa Mirga Lafaa Daangaa Siirreessuu**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate** ……………………………………………………

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| **Lakk Addaa Maasii** | |
| **Naannoo** | |
| **Godina** | |
| **Aanaa** | |
| **Ganda** | |

**Adjacent parcels**

| **UPI number of adjacent parcels** |
|---|
| |
| |
| |
| |

**Sababa daangaa maasii sirreessuun barbaachiseef:** …………………………………….

………………………………………………………………………………………………

………………………………………………………………………………………………

…………………………………………………………………………………

**Odeeffannoo Nama Dhuunfaa**

| Maqaa Abbaa Qabiyyee | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Mallattoo abbaa qabiyyee |
|---|---|---|---|
| | | | |
| | | | |

**Ragaalee/sanadoota barbaachisan**

| | |
|---|---|
| Ragaa eenyummaa abbaa qabiyyee ykn bakka bu'aa isaa ibsu | |
| Ragaa haala gaa'ilaa abbaa qabiyyee ibsu | |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa | |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti arga**
………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa ……………………………………………………

Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………

**3.9.3. Hojimaata Sirreeffama Salphaa Ilaallatu**

Gosti dabarsa mirga lafaa kun galmee lafaa irratti sirreeffama salphaa ta'e qofa taasisuuf fkn kan bal'ina maasii ykn odeeffannoo abbaa qabiyyee (fkn dogongora maqaa) yoo jiraate sirreessuuf kan raawwatamuudha.

**Haalawwan Guutamuu Qaban**

**(** *Labsii fi Dambiii Bulchiinsaa fi Ittifayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a.)*

- Gaaffiin Sirreffama odeeffannoo maasii ykn abbaa qabiyyee koree bulchiinsa lafaa gandaatiif dhiyaachuu qaba,
- Hojii odeeffannoo galmee ragaa keessaa sirreessuun mirga qabiyyee lafaa dabarsuu waan hin taaneef iyyata/gaaffii akkasii hawaasaaf maxxansuu fi komii fudhachuun hin barbaachisu.


**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**

- Uunkaa iyyataan (Nama odeeffannoon akka sirreeffammuuf barbadu) guutamee fi mallattaa'e,
- Iyyataan ykn bakka bu'aan isaa qaamaan argamuu qaba,
- Ragaa eenyummaa abbaa qabiyyee ibsu,
- Ragaa haala gaa'ilaa abbaa qabiyyee ibsu,
- Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa.

**Ragaan Dhumarratti kennamu**

Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa kennuudha.

## Ibsa Fakkii Adeemsa Raawwii Sirreeffama Salphaa



**Gabatee Adeemsa Sirreeffama Salphaa**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata dhiheessuu. | Abbaa qabiyyee | Uunkaalee fi ragaalee dogongora salphaa sirreessuuf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyanni fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhan iyyaticha fudhadhuu ykn fudhachuu dhiisuu(waajira Bul. Lafaa Aanaatiin) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne abbootii qabiyyeef ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1 fi 2 tiin raawwatama |
| 3.Iyyata odeeffannoo sirreeffachuuf dhiyaate keessummeessuu | ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | Iyyataa fi ragaalaa /sanadoota Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaatan irratti hundaa'uun |
| 4.Gaafii/iyyata dhiyaate mikkaneessuu fi galmeen lafaa akka haarawu ajaja dabarsuu | Galmeessaa ragaa lafaa Aanaa | Gaafiin fudhatama yoo argates yoo dhabes karaa koree bul. Lafaa gandaatiin /ogeessa bul. Lafaatiin abbaa dhimmaaf/abbaa qabiyyeef deebiin ni kenname. |
| 5.Galmee lafaa irraa odeeffannoo sirreessuu fi waraqaa ragaa qabiyyee lafaa maxxansuu | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | Odeeffannoo eleektiraaniiksii lafaa haaromsuu/sirreessuu(fkn dogongora maqaa,bal'ina maasii) fi waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa maxxansuu |
| 6. Abbaa/ootii qabiyyee lafaaf waraqaa ragaa haaraa kennu | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Bu'aan inni dhumaa(Ragaan inni dhumaa)waraqaa ragaa qabiyyee lafaa kennuudha. |

**Uunkaa 14**

**Uunkaa Iyyannoo Sirreeffama Salphaa**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate**.................................................................................

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| Lakk Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Gosa Sirreeffama Salphaa Gaafatame**

| Gosa Sirreeffama Salphaa Gaafatame | Odeeffannoo isa Sirrii |
|---|---|
| Sirreeffama maqaa | |
| Sirreeffama bal'ina maasii | |
| Kan biro | |

**Odeeffannoo Nama Dhuunfaa**

| Maqaa Abbaa Qabiyyee | Lakk. Addaa Maasii | Haala Gaa'ilaa | Gahee Maasii(%) | Mallattoo Abbaa Qabiyyee |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |

**Ragaalee Barbaachisan**

| |
|---|
| Ragaa Eenyummaa Abbaa Qabiyyee ykn bakka bu'aa isaa ibsu |
| Ragaa haala gaa'ilaa abbaa qabiyyee |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu**
……………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa …………………………………………………… Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………

**3.10. Adeemsa Waraqaa Ragaa Qabiyyee Lafaa Jijjiiruu**

Adeemsi kun yeroo waraqaan ragaa abbaa qabiyyee jalaa bade ykn gar-malee miidhame (Seriously damaged) waraqaa ragaa haaraa maxxansuu fi kennuu qofa kan ilaallatuudha.

**Haalawwan Guutamuu Qaban**

**(** *Labsii fi Dambiii Bulchiinsaa fi Itti fayyadama Lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa irrattti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a.)*

- Waraqaa haaraa argachuuf gaaffiin abbaa qabiyyee irraa koree bulchiinsa lafaa gandaatiif dhiyaachuu qaba,
- Gaaffiin waraqaa ragaa qabiyyee lafaa haaraa argachuuf (bakka buusuuf) dhiyaatu mirga qabiyyee lafaa dabarsuu ta'uu baatus komii keessummeessuu fi gochaawwan seeran alaa to'achuuf dhimmicha hawaasaaf maxxansuu fi yaadni akka irratti kennamu gochuun barbaachisaa dha.


**Ragaalee/Sanadoota Barbaachisan**

- Uunkaa iyyannoo abbaa qabiyyeetiin guutamee fi mallattaa'e
- Iyyataan ykn bakka bu'aan isaa qaamaan argamuu qaba
- Ragaa eenyummaa abbaa qabiyyee ibsu
- Ragaa haala gaa'ilaa abbaa qabiyyee ibsu
- Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa

**Ragaan Dhumarratti kennamu**

Kooppii Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa isa duraa dhihaachuu qaba.

**Ibsa Fakkii Adeemsa Waraqaa Ragaa Jijjiiruu**



**Gabatee Adeemsa Waraqaa Ragaa Jijjiiruu**

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| 1.Ragaalee barbaachisan walitti qabuu fi Koree Bul. Lafaaf iyyata dhiheessuu | Abbaa qabiyyee | Uunkaalee fi ragaalee Waraqaa Ragaa jijjiiruuf barbaachisan qopheessuu |
| 2.Iyyanni fi ragaalee dhiyaatan sirrii fi guutuu ta'uu isaanii sakkatta'uudhan iyyaticha fudhadhuu ykn fudhachuu dhiisuu(waajjira Bul. Lafaa Aanaatiin) | Koree bul. Lafaa gandaa fi ogeessa bul. Lafaa gandaa(yoo jiraate) | Iyyanni fudhatama argatee fi ragaaleen waajjira bul. Lafaa aanaatti ni ergamu. Ragaaleen fudhatama hin arganne abbootii qabiyyeef ni deebi'u.Haala irratti hundaa'ee akkaataa lakk.1 fi 2 tiin raawwatamu |
| 3.Iyyata/gaaffii hawaasaaf maxxansuu fi komiimfudhachuu | Koree bul. Lafaa gandaa ogeessa bul. Lafaa gandaa (yoo jiraate) | • Iyyanni sadarkaa gandaa fi aanaatti hawaasaaf maxxansuu.<br>• Komii karaa Koree bul. Lafaa gandaa ogeessa bul. Lafaa gandaatiin galmeessuu |
| 4.Komii dhiyaate ilaaluu, yaada i murtii kennuu | Koree maanguddoo gandaa fi mana murtii aanaa(dhumarratti ol iyyannoo mana murtii olaanaa) | -Komiin yoo jiraate jalqaba koree maanguddoo gandaaf itti aanee ammoo mana murtii aanaaf dhiyaata<br>-Murtiin/yaadni karaa koree bul. Lafaa gandaatiin abbaa qabiyyeef ergama |
| 5. Gaafii waraqaa ragaa jijjiiruu keessummeessuu, | Ogeessa Bul. Lafaa Aanaa | • Gaaffii jijjiirraa waraqaa ragaa karaa koree bul.lafaa gandaa/ogeessa bul. Lafaa gandaatiin dhiyaate irratti hundaa'uun |
| 6.Gaaffii mirkaneessuu,kooppiin | Galmeessaa ragaa lafaa aanaa | Iyyanni fudhatama yoo dhabe karaa koree bul. Lafaa gandaa/ogeessa bul. Lafaa |

| Hojii Hojjetamu | Qaama Raawwatu | Yaada/Ibsa |
|---|---|---|
| waraqaa ragaa akka maxxanfamu ajajuu fi kanas galmee lafaarratti ibsu | | gandaatiin abbaa qabiyyeetti beeksifamahimama |
| 7.Galmee lafaarratti waraqaan ragaa irradeebiin maxxanfamuu isaa ibsuu fi kooppii waraqaa ragaa maxxansuu | Ogeessa bul. Lafaa gandaa | Galmee lafaarratti odeeffannoo eleektirooniiksii haaraomsuu fi kooppii waraqaa ragaa maxxansuu |
| 8.Kooppii waraqaa ragaa abbaa qabiyyeetti kennuu | Koree bul. Lafaa gandaa ykn ogeessa bul. Lafaa gandaa (akka barbaachisummaa isaatti)) | Ragaan dhumarratti abbaa qabiyyeef kennamu kooppii waraqaa ragaa qabiyyee lafaati |

**Uunkaa 15**

**Uunkaa Iyyannoo Jijjiirraa Waraqaa Ragaa Qabiyyee Lafaa**

**Guyyaa Iyyanni Dhiyaate**……………………………………………………………………

**Odeeffannoo Maasii**

| | |
|---|---|
| Lakk Addaa Maasii | |
| Naannoo | |
| Godina | |
| Aanaa | |
| Ganda | |

**Odeeffannoo Nama Dhuunfaa**

| Maqaa Abbaa Qabiyyee | Lakk. Waraqaa Eenyummaa | Haala Gaa'ilaa | Gahee Maasii | Mallattoo Abbaa Qaiyyee |
|---|---|---|---|---|
| | | | | |
| | | | | |

**Ragaalee Barbaachisan**

| |
|---|
| Abbaan qabiyyee ykn bakka bu'aan isaa(Seera qabeessa) qaamaan dhiyaachuu qaba |
| Ragaa Eenyummaa Abbaa Qabiyyee ykn bakka bu'aa isaa ibsu |
| Ragaa haala gaa'ilaa abbaa qabiyyee |
| Mormiim fi komii dhiyaatan ilalchisee yaada/murtii koree maanguddoo ykn mana murtii Aanaa |
| Waraqaa ragaa qabiyyee lafaa(Waraqaan ragaa yoo miidhame) |

**Maqaa gandaa koreen bulchiinsa lafaa gandaa iyyaticha fudhatee fi mirkaneesse itti argamu:**
……………………………………………………………………………………………………………………

Guyyaa ……………………………………………………

Chaappaa

Mallattoo ………………………………………………

## 4. REFERANCES


1. Environment Policy and Strategy, 1997
2. Plan for Accelerated and Sustained Development to End Poverty, 2005-2010
3. Ethiopia Strategic Investment Framework for Sustainable Land Management, 2009-2024
4. Growth and Transformation Programme, 2010-2015
5. Federal Rural Lands Administration and Use Proclamation No.456/2005
6. Federal Expropriation of Landholdings for Public Purposes and Payment of Compensation Proclamation No. 455/2005
7. The National Information and Communication Technology Policy and Strategies, 2009
8. Oromia National Regional State Rural Lands Administration and Use Proclamation No.130/1999 and implementing Regulation No.151/2012
9. Draft Federal Rural Land Registration Regulation, 2012
10. Draft Strategic Road Map for National Rural Land Administration and Use System, 2012-2016
11. Agricultural Investment Land Administration Agency Establishment, Council of Ministers Regulation nr. 283/2013
12. Basic principles of the main cadastral systems in the world, J. Henssen, FIG Commission 7 Seminar, Delft May 1995
13. Land Administration Guidelines with Special Reference to Countries in Transition, Economic Commission for Europe, United Nations, 1996
14. Review of tenure terminology, J. Bruce, Tenure Brief nr. 1, Land Tenure Centre, University of Wisconsin, July 1998
15. Land Administration, P. Dale and J. Mc Laughin, Oxford Press, 1999
16. Secure Land Rights for All, GLTN-UN-Habitat, 2008
17. Land Governance in Support of the Millennium Development Goals, FIG Publication Nr. 45, 2009
18. Framework and Guidelines on Land Policy in Africa, AUC-ECA-AfDB Consortium, 2010
19. Innovation in land rights, recognition, administration and governance, K. Deininger, C. Augustinus, S. Enemark and P. Munro-Faure, WB, GLTN, FIG and FAO, April 2010
20. Land Administration for Sustainable Development, I. Williamson, S. Enemark, J. Wallace, A. Rajabifar, 2010

21. The Land Governance Assessment Framework, K,.Deininger, H. Selod, T. Burns; WB, 2012
22. Voluntary Guidelines on the Responsible Governance of Tenure of Land, Fisheries and Forests in the Context of Food Security, FAO, 2012
23. Supporting Land Policy Development and Implementation in Africa, AU-ECA-AfDB, 2012
24. Land Administration Domain Model (LADM), ISO Standard 19152:2012, ISO, 2012
25. Securing Africa's Land for Shared Prosperity, F. Byamigisha, WB, 2013

**26.** Fit-for-Purpose Land Administration, FIG Publication Nr. 60, 2014